# XIINXALA HAALA ITTI FAYYADAAMA AFAANII MANA MURTII OLAANAA GODINA WALLAAGGA BAHAA

MANGISTUU WUBNEE MUCEE

YUUNVERSIITII ADDIS ABABAA

KOOLLEJJII NAMOOMA, QO' ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII

HAGAYYA 2011/2019

FINFINNEE

# XIINXALA HAALA ITTI FAYYADAAMA AFAANII MANA MURTII OLAANAA GODIINA WALLAAGGA BAHAA

MANGISTUU WUBNEE MUCEE

GORSAAN: Dr. AMAANU'EEL ALAMAAYYOO

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA)
AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIYAATE

YUUNVERSIITII ADDIS ABABAA KOOLLEJJII NAMOOMAA
, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO ,
OGBARRUUFI FOOKLOORII

HAGAAYYA 2011/2019

FINFINNEE

**Yuuniversiitii Addis Ababaa**

**Dhaabbata digirii duraatiin Booddee**

Waraqaa qorannoo ulaagaa Digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii barsiisuun guuttachuuf, Mangistuu Wubnee Mucee mata duree: "Xiinxala haala Ittifayyadaama afaanii Mana Murtii Olaanaa Godina Wallaagga Bahaa" jedhuun qophaa'e sadarkaa Yuunivarsiitiin kaa'e guutera.

## Koree Qormaataa

Qoraa alaa ______________________ Mallattoo __________Guyyaa ________________

Qoraa keessaa ___________________ Mallattoo __________Guyyaa ________________

Gorsaa ________________________ Mallattoo ___________Guyyaa ________________

______________________________________________________________________

Itti gaafatamaa muummee yookaan walitti qabaa sagantaa digirii lammaffaa (MA)

## Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo kanaan dura yuunvarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif kan hindhiyaanne ta'uusaafi wabiileee qorannoo kanaaf dubbisee irraa fayyadame hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa: ______________________________________

Mallattoo ____________________________________

Guyyaa _____________________________________

## ***Axereera***

*Kaayyoon qorannoo kanaa haala itti fayyadama afaanii mana murtii olaanaa Godiina Wallaagga Bahaa xiinxaluun dhiyyeessuu yommuu ta'u, kaayyoo kana galmaan gahuuf qorataan mala qorannoo akkamtaafi ammaamtaatti gargaarameera. Odeeffannoo haqa qabeessa funaanuuf qorataan malleen idattoo carraa sirnaawaafi akkayyootti haalaan fayyadameera. Meeshaaleen funaansa ragaalee : bargaaffiin, afgaaffiin, daawwannaaniifi sakattaa'i dookomentii waliinta'anii qindaa'uun odeeffannoo qabatamaafi haqa qabeessa ta'e otuu hinharca'iin waliitti qabuun milkaa'ina qorannichaa keessaa gahee olaanaa akka fudhatan isaan taasiseera. Odeeffannoowwan meeshaalee funaansa ragaaleen funaanaman immoo, tarsiimoowwan akkamtaafi hammamtaan qaaceffamuun rakkoowwan gama fayyadaama afaaniin walqabatanii mana murtii olaanaa Godiina Wallaagga Bahaa keessaatti mul'atan adda baasuu irraatti gahee olaanaa taphataniiru. Malleen qaacceeffama kanaanis argannoowwan ijoo ta'an: fayyadaama afaanii walqixxummaa koorniyaa hineegne, qulquullina kitaabileefi dookomentiiwwanii, rakkoo jijjiirraa, hanqiina fooyya'uu dhabuu labsiiwwaniifi kkf.dha. Kanaafis qorataan yaada furmaataa yookan faloo: Fayyadaama afaanii mana murtii ogeessoota afaanii hirmaachisuun akkaataa walqixummaa koorniyaa eeguu dandaa'uutti waaltessuun fayyadamuu, kitaabilee seeraa sirna durii keessa bara Afaan Oromoo cunqursaa jala ture maxxanfamaniifi lakkoofsa gi'iiziin barreeffamanii jiran gara afaan Oromootti jijjiiruu, jijjiirraan afaanii ogeessoota afaaniin akka raawwatu irraatti hojechuu, Inistituyiitiin qorannoo seeraa Oromiyaa labsiiwwaniifi dambiiwwan haaraa hawwaasni keenya gama fayyadaama afaanii mana murtii Oromiyaan irraa fayyadamoo akka ta'aniitti fooyyessuurraatti hojechuu, qaamoleen haqaa fayyadamni afaanii murtii haqaa dabarsuufi kennuu irraatti gahee olaanaa qabaachuusaa bekanii hawwaasaaf hubannoo kennuurraatti xiyyeeffachuun hojechuu qabu;kanneen jedhaniidha.*

# Galata

Duraan dursee waaqaayyo Waan hundaa keessa ana dabarsee hojii guddaa akkasii akkaan hoojeedhu fedhaafi jaalalasaa kananaaf baayyise Waaqayyo Gooftaan galatasaa haafudhaatu. Itti aansee, gorsaa Koo Amaanu'eel Alammaayyoo(PhD) qorannoon kun akka milkoomina argaatu ogummaafi yeroosaanii osoo hinqusatiin deeggarsa walirraa hinciinne naa taasisaniif galanni isaanii yoomiiyyuu na biratti guddaadha.

Akkasumas adeemsa funaansa ragaa keessatti fuula ifaafi haamlee guutuun hamma dhumaatti obsa guutuun deeggarsa walirraa hinciinne kan naaf godhan hojjatoota waajjiraa mana murtii, haqaafi poolisii Godiina wallaagga Bahaafi Bulchiinsa Magaalaa Naqamteef galanni koo guddaadha. Kanamalees, ragaan barbaadu hunda anaaf qindeessuun yeroo fi ogummaa isaanii arsaa godhanii kan na deeggaran Abbaaseeraa Alamuu Guutaa fi Abbaa alangaa Fiqaaduu Tasfaaf galannikoo daangaa oli. Itti aansuun galmaan ga'iinsa qorannoo kanaaf yaadaafi gorsaan nadeeggaraa kantuurtaani hiriyyootakoof galanni kiyyaa daangaa hinqaabu.

Dhumarrattis haadha manaa koo aadde Salaam Tafarraafi ilma koo Kennaa Mangistuu hundumaa dandeessanii nuffii tokko malee obsaan na barsiisuu keessaniif galanni keesan madaala hinqabu.

## Baafata

Qabiyyee Fuula


Axereera ........................................................................................................................i

Baafata…......................................................................................................................iii

Jechoota Gabaajeefi Kottoonfachiiftuu ................................................................................vii

Tarreeffama Gabateewwanii.................................................................................................viii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

1.1. Ariirrata Qorannichaa..................................................................................................1

1.2. Ka’umsa Qorannichaa ..................................................................................................3

1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa...........................................................................................5

1.3.1. Kaayyoo Gooroo.........................................................................................................5

1.3.2. Kaayyoowwan Gooree...................................................................................................5

1.4. Faayidaa Qorannichaa ..................................................................................................6

1.5. Daangaa Qorannichaa....................................................................................................6

1.6. Hanqina Qorannichaa. ..................................................................................................7

BOQONNAA LAMA: SAKATTAA’A BARRUU

2.1. Yaadrimee Fayyadama Afaanii ......................................................................................8

2.2. Fayyadaama Afaan dubbiifi Haas-Barruu ......................................................................12

2.3. Maalummaa haas-barruu (Discourse)..............................................................................13

2.4. Hanqinoota Barreessuu Mana murtii Keessatti Mul`achuu danda`an ................................14

2.4.1. Jabeessuufi Laaffisuu Sagalee.....................................................................................15

2.4.2. Dheeressuufi Gabaabsuu Sagalee..................................................................................15

2.5. Afaaniifi Seera..............................................................................................................16

2.6. Walitti Dhufeenya Afaaniifi Hojiilee Seeraa...................................................................18

2.7. Hiikkaafi Ibsa Jechoota Dirree Hojii .............................................................................19

2.8. Ibsaafi Dubbiiwwan Seeraa............................................................................................19

2.9. Gahee Afaan Ittigaafatamummaa hojii Ibsuu Keessatti Qabu ....... 20
2.10. Fayyadama Afaanii Haala Manneen Murtii Itoophiyaa ....... 21
2.11. Labsiiwwan Afaan Mana Murtii Itoophyaa Isa Duriifi Ammaa ....... 23
2.12. Afaan Oromoofi Afaan Mana Murtii ....... 24
2.12.1. Seeraafi Hojiiwwan Mana Murtii Oromiyaa ....... 27
2.12.2. Dhimma Hariiroo Hawaasaa ....... 28
2.12.3. Dhimmoota Yakkaa ....... 28
2.12.4. Haala Himata Mana Murtii ....... 28
2.12.5. Haala Ragaa Mana Murtii ....... 30
2.12.6. Murtii, Raawwiifi Oliyyannoo ....... 30
2.13. Afaaniifi Aangoo ....... 30
2.14. Waliitti dhufeenya Jijjiirraa Afaaniifi Seeraa ....... 31
2.14.1. Maalummaa Jijjiirraa ....... 31
2.14.2. Jijjiirraa Raawwachuuf Seerota Hordofamuu Qaban ....... 32
2.14.3. Kaayyoofi Yaaxina Jijjiirraa ....... 34
2.14.4. Jijjiirraa Gama Ogummaatiin ....... 34
2.14.5. Jijjiirraa Gama Seeraatiin Raawwatu ....... 34
2.15. Yaaxina Xiinqooqa hawwaasummaa (Socio linguistics Theory) ....... 35
2.16. Sakatta’a Barruu walfakii ....... 36
2.16.1. Qorannoowwan Digirii Jalqabaa ....... 36
2.16.2. Qorannoowwan Eebba Boodaa ....... 39
BOQONNAA SADII(3)
MALA QORANNICHAA ....... 42
3.1. Mala Iddatoofi Iddatteessuu ....... 42
3.2. Saxaaxa Qorannichaa ....... 45
3.3. Madda Ragaa ....... 45
3.3.1. Odeeffannoo dhuunfaa Hirmaattotaa ....... 46

3.3.2. Odeeffannoo Abbootii Dhimmaa Qorannicha Keessatti Hirmaatan ............................47
3.3.3. Odeeffannoo Ittigaafatamtoota Waajjiraa Qorannicha Keessatti Hirmaatan ................47
3.4. Meeshaalee Odeeffannoon Ittiin Funaanamu ....................................................................48
3.4.1. Bargaaffii ...........................................................................................................................48
3.4.2. Afgaaffii .............................................................................................................................49
3.4.3. Daawwannaa Dhaddachaa ...............................................................................................49
3.4.4. Sakatta’a Dokomeentii ......................................................................................................50
3.5. Haala Qophii Gaaffilee ........................................................................................................50
3.6. Mala Qaaccessa Ragaalee.....................................................................................................51
BOQONNAA AFUR(4)
ODEEFFANNOO HIKUUFI QAACCESSUU ............................................................................52
4.1.Xiinxala Haala Fayyadama Afaan Dubbii Mana Murtii Olaanaa Godiina Wallaagga Bahaa ……………………………………………………………………………………………53
4.1.1. Fayyadama Afaan Dubbii Agarsiifannaa Ragaa ...........................................................53
4.1.2. Fayyadama Afaan Dubbii Kabaja Abbaa Seeraa ykn Ulfiina seerri qabu mul’isu ........55
4.1.3. Fayyadama Afaan Dubbii Falmii Dhaddachaarratti ....................................................57
4.1.3.1.Fayyadaama Afaan Dubbii Kakaa (DhugaBaatii) Mana murtii ................................57
4.1.3.2.Fayyadama Afaanii kakuu Yookaan Dhuga baatii ragoolee falmii dhaddachaarratti ……………………………………………………………………………………58
4.2. Xiinxaala Fayyadama Afaan Barreeffamaa Mana Murtii ..................................................59
4.2.1. Madda Rakkoo Fayyadaama afaan dubbiifi barruu mana murtii ...................................60
4.2.1.1. Rakkoo Jijjiirraan Afaanii taasiisu. .......................................................................60
4.2.1.2. Dhiibbaa Ilaalchaa Dhuunfaa ....................................................................................63
4.2.1.3. Dhiibbaa fayyadaama afaan barreeffamaa Kitaabilee Seeraafi danbiiwwanii .......63
4.2.1.4. Dhiibbaa Aadaa (Barsiifataa) ...................................................................................65
4.2.1.5. Dhiibbaa Miiraa..........................................................................................................65
4.2.1.6. Dhiibbaa Koorniyaa Agarsiisan.................................................................................67

4.3. Kallattii fala rakkoolee gama Afaan dubbii mana murtiin adda bahan ...............................67

4.3.1.Kallattii fala rakkoo ilaalcha hawwaasaa agarsiifannaa raga ilaalchisee.........................67

4.3.2.Kallattii fala rakkoo fayyadaama afaan dubbii dhuga baatii kan aadaa...........................68

4.3.3.Kallattii wantoonni fayyadaama afaan dubbii mana murtiitiirraatti dhiibbaa taasisan fala ittiargatani .......................................................................................................................68

4.3.3.1.Kallattii fala rakkoolee fayyadaama afaanii kitaabilee seeraan walqabatan.................68

4.4. Qaaceessa Ragaalee Abbootii Seeraa, Abbaa Alangaa, Poolisiifi Abukaatootaan dhiyaatan ……………………………………………………………………………………………..71

4.5. Qaaccessa odeeffannoo Abbootii dhimmaarraa argamee...................................................85

BOQONNAA SHAN (5)

CUNFAAFI YAADA FURMAATAA ..........................................................................................90

5.1. Cuunfaa ....................................................................................................................................90

5.2. Argannoo qorannichaa.............................................................................................................92

5.3. Yaada Furmaataa .....................................................................................................................95

Wabiiwwan......................................................................................................................................97

DABALEEWWAN .......................................................................................................................106

Dabalee A106

Dabalee B

Dabalee C

Dabalee D

Dabalee E

Dabalee F

Dabalee G

**Jechoota Gabaajeefi Kottoonfachiiftuu**

Gabaajeefi kottoonfachiiftuun armaan gadii kun jechoota qorannoo kana keessatti dhimma itti bahamaniidha.

- Fkn ------------ fakkeenya
- ILQSO ---------- Institiyutii Leenjiifi Qorannoo Seeraa Oromiyaa
- S/D/F ----------- Sirna deemsa falmii
- KKF ------------- Kan kana fakkaatan
- KTAS ----------- Karoora tajaajila abbaa seerummaa
- S/A/F/S --------- Sirna adeemsa falmii sivilii
- S/A/F/Y----------Sirna adeemsa falmii yakkaa
- Q/p ---------------Qorannoo pooliisii
- Ykn ------------- Yookaan
- CDA------------- Critical Discourse Analysis
- S/H/H…………..Seera Hariiroo Hawwaasaa
- S/A/Y…………..Seera AdAbbii Yakkaa

**Tarreeffama Gabateewwanii**

Gabatee 1A. Ibsa Ragaa Abbootii Seeraa, Abbaa Alangan Poolisiifi Abukatootaa ………46

Gabatee (1B) Ibsa ragaa Abbootii Dhimmaa…………………………………………...47

Gabatee 2. Qaacessa fayyadama Afaanii Qaamolee Haqaa………………………………..71

Gabatee 3. Gahumsa Afaanii ………………………………………………………..72

Gabatee 4. Fayyadama kitaabolee seeraa…………………………………………….73

Gabatee 5. Madaallii haala ittifayyadama afaan naannoo mana murtii……………………75

Gabatee 6. Haala itti fayyadaama hiika Jechootaa…………………………………………77

Gabatee 7. Haalaa Jijjirraa Afaanii haqa mirkaneessuu Keessatti………………………..78

Gabatee 8. Haaloota fayyadaama afaan dubbii mana murtiirraatti dhiibbaa taasisanii……80

Gabatee 9. Fayyadaama afaanii waliin dubbii daangeessan………………………………81

Gabatee 10. Haala hubannoon jechoota seeraa hawwaasaaf kennaamu…………………...82

Gabatee 11. Qajeelfama heera mootummaa haala fayyadaama afaan oromoo mana murtii keessaatti ……………………………………………………………………………..84

Gabate 12 A- C. Itti Fayyadama Afaanii abbootii dhimmaa……………………………...85

Gabatee 13. Madaallii hubannoo jechoota Seeraa odeffannoo bargaaffiirraa argamee……87

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Boqonnaa kana jalaatti seenduubee, ka'uumsa, kaayyoo, faayidaa, daangaa fi hanqiina qorannichaatu dhiyyaatee jira.

## 1.1. Ariirrata Qorannichaa

Ittifayyadamni afaanii, gaaffilee bu'uura xiinqooqa hawaasaa kan deebisudha. Dhimma kana ilaalchisee Wolff (2000:298) yaadasaa akka ibsutti, fayyadamni afaanii gaaffilee ijoo xinqooqa hawaasaa irratti kan ka`an kan akka eenyutu eenyuuf maal dubbata? yoomiifi eessatti dubbata? maaliif akkamitti dubbata? kan jedhu haala itti fayyadama afaaniirratti bu`uureffata. Gaaffileen bu`uuraa xiinqooqa hawaasaa kun, kan hubachiisan eenyutu, eenyuuf maal dubbata kan jedhu haala hirmaattootaa waliin dubbii sana irratti argaman kan agarsiisu yeroo ta'u, yoomiifi eessatti dubbanna inni jedhu bakka waliin dubbiin sun itti dubbatamuufi haala hawaasa waliin dubbii sana irratti hirmaatan kan ilaallatudha. Maaliifi akkam kan jedhummoo, afaan dubbatamu sun haala qabatamaan tajaajila maaliif akka oolu kan agarsiisudha. Kana irraa kan hubannu, afaan tokkotti namoonni fayyadaman mata dureen irratti dubbatan, bakkaafi iddoo itti dubbataniifi namoota itti dubbatan irratti hundaa'un haala itti fayyadama afaaniifi sirni dubbii keenyas haaloota kana faana kan jijjiramu ta'u isaati

Afaan dhimmoota hawaasaa keessatti gahee olaanaa qaba. Dhimmoonni hawaasaa immoo bakkaafi haala garaagaraatiin raawwatu. Kunis, ittifayyadamni afaanii garaagaraa jiraachuu agarsiisa. Afaan bakka daldalaa, mana murtii, mana yaalaa, bakka taphaa, dirree siyaasaafi kan kana fakkaatan maqaa dhahuun nidanda'ama. Bakkeewwaniifi haallan afaan keessatti dhimma ittibaanu beekuufi beekuu dhabuun walhubachuufi walqunnamtii irratti dhibbaa geessiisa. Namoonni haala galumsa haawaasa adda addaa keessatti maaliif bifa garaagaraatiin akka dubbatan,afaan tajaajila hawaasummaa akkamii akka kennuu, kutaa hawaasa adda addaa biratti ergaa akkamii akka qabu baruuf immoo gaaffilee bu'uraa xinqooqa hawaasa kan ta'an eenyutu, eessatti, maaliif, haala akkamii keessatti akka dubbatamu beekuun barbaachisadha (Clark,1996; Fishman,1971; Wolff,2000).

Afaan Oromoo, Naannoo Oromiyaa keessatti, afaan hojii mootummaa naannoofi Manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa hanga sadarkaa lamaffaatti ta'ee akka tajaajilu Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa labsii lakkoofsa 46/1994 keewwata 5 irratti tumamee jira. Kana malees, yeroo ammaa kana dhaabbilee barnoota olaanoo keessatti, akka gosa barnoota tokkotti kennamaa jira. Haala kana faana ittifayyadama afaanii irratti yaadrimeewwan faloo barbaadan kallattiiwwan addaddaatiin mul'achuu danda'u. Kanaaf ammoo, dirreewwan hojii afaanichaan tajaajilaman rakkoolee ittifayyadama afaaniirratti isaan mudatu haala xiinqooqa hawaasaatiin maal akka fakkaatu ilaaluun barbaachisaadha. Haaluma kanaan, qorannoon kuniis manneen hojii mootummaa Afaan Oromootiin hojjatan keessaa isaan tokko kan ta'an Manneen Murtii Nannoo Oromiyaa keessaa haala mana murtii olaanaa Godiina Wallaaga Bahaa irratti hundaa'uun ittifayyadamni afaan dubbii maal akka fakkaatu sakatta'uun rakkoolee kanaan walqabatanii mul'atan addaan baasuun qaaceessuun kallattii itti fala argatan ibsuun  kan gaggeefameedha.

Godiinni Wallaagga Bahaa Godinaalee Oromiyaa keessaatti argaman keessaa isa tokkoodha. Magaalaa guddoo biyyattii kantaate Finfinnee irraa kiiloomeetiira 338 kara Oromiyaa lixaatti fagaattee argamti.Karaa bahaa Godiina showwaa lixaafi Godiina Horroo Guduruu Wallaggaa, karaa Lixaa Goodiina Wallaaga lixaafi Godiina Horroo Guduruu Wallaggaa, Karaa kaabaa Godiina Horroo Guduruu Wallaggaa, karaa kibbaa Godiina Jimmaan kan daangeeffamtuudha. Magaalaan guddoo Godinichaas Magaalaa Naqamtee yommuu ta'u, magaalaan Naqamtee baayyina uummataa dhiira 65,002 dubaara 62,378 waliigaala 127,380 kanqabdu yommuu ta'u, kanneen keessaa uummaatni 123,484 magaaluma sana keessa yommuu ta'an, uummaatni 3,896 baadiyaarraa godaananii magaalaa keessa kanjiraataniidha. Manni murtii olaanaa Godiina Wallaagga Bahaas magaalittii keessaatti kan argamuudha. Qorannoon kuniis rakkoo fayyaadaama afaan dubbiin walqabatee hawwaasarraan dhiibbaa geessisaa jiru nifura jedhamee amanaama.

## 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Manneen murtii, mirgi walabummaafi dantaa dhunfaa Heera Mootummaa Feederaalaafi naannootin mirkana'an kabachiisuun, sirni siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaa naannichaa mirkaneessuu,seeraafi sirni eegamee olaantummaan seeraa akka mirkanaa'u qaamolee taasiisan keessaa isa tokkoodha. Manneen murtii, bakka seeroonni, danbiilee, labsiiwwaniifi qajeelfamoonni akka biyyaatti bahan bakka hojiirra oolun isaanii itti mirkanaa'udha. Seeroonifi labsiiwwan bahan kunhojjiira kan oolan afaaniini. Afaaniifi seerri walitti dhufeenya cimaa qabu. seerri afaanitti fayyadamuun dhimma dhiyaate tokkoof kan faloon ittiin kennamudha (Labsii lakka. 46/1995). Kana irraammoo, bakka kamiittuu taanaan sabaafi sab-lammootni adda addaa ittis fayyadamaa irraas fayyadamaa ta'uun isaanii hinoolu. Kana jechuun barbaachisummaan afaanii mana murtii keessaatti haala kamiin hawwaasa abbaa afaanichaa ta'eefis ta'e, sabaafi sablammoota naannichaa Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti fayyadaman biraatti hojiirra ooluufi murtee dabarsuufi fudhachuu irraatti qaamolee haqaa biraatti haala gaariin akka hojiirra ooluutu abdataama.

Haata'u malee, wayiita dhimma isaa qabatee mana murtii dhaqu immoo, dhimma isaa barreeffamaanis ta'e afaaniin bareechee dhiyyeeffachuu kandandaa'u afaaniitti fayyadamuuni. Fayyadama afaanii kanarraatti immoo, dandeettiifi hubannoo waan hinqabneef yeroo baayyee otuu dhugaa qabanii dhugaan isaanii kan awwaalamu, abukaatoo bituuf baasii hintaaneef kanneen saaxilamaniifi humna dhabuun immoo rakkoo ulfaataa baatanii kanjiraatan baayyeen jiraachuun beekamaadha. Kanaafuu qorataan naannoo jiraatu keessaatti rakkoon kun jiraachuu hubachuun mata duree kana filachuuf dirqameera. Haaluma kanaan rakkoon kun kan itti fufu yoota'e, hawwaasni: wabii nageenyaa dhabuu, olaantummaan seeraa gaaffii keessa seenuu, namoonni mana murtiirraa amanamummaa dhabuu, yakki babal'achuufi kankana fakkaatan waan uumamuu danda'uuf qorannoo gaggeessuun fala barbaaduun daran barbaachisaa waanta'eefi.

Dhimma kanaan walqabatees qorannoo mata duree kanaan walfakkaatu kana dura gaggeeffame irraattis sakattaa'a taasiseen mata dureewwaan muraasni hojetaman kan jiran yommuu ta'an, isaan keesssaa akka fakkeenyaatti mataduree "Qaacceessa Itti fayyadaama Afaanii mana murtii Aaanaa Aggaarfaa" jedhu kan Xahaa Maammaatiin bara 2008/2016

Digirii 2ffaa guuttachuuf Yuunveersiitii Finfinnee irraatti hojetaame yoo ilaallu, dhimma itti fayyadaama afaan oromoo mana murtii aanaa Aggaarfaa keessaatti walmakuu afaanotaan dhiibbaa dhufurraatti kanxiyyeeffate yommuu ta'u, dabalataanis, "Qaacceessa Itti fayyaadama afaan Oromoo Aanaa Daandii"jedhu kan Mulugeetaa Warquutiin bara 2005/2013 Digirii 2ffaa guuttachuuf qophaa'e yommuu ta'u, Mulugeetaan irra caalaa kan inni xiyyeeffate: Sirna fayyadaama afaanii mana murtiifi mana murtii keessaatti haala uumaamsa jechoota haaraa yommuu ta'u, dhimma jijjiirraa afaanii ilaalchisee immoo jijjiirraa xalayaa qofarraatti xiyyeeffatee waan kaaseef, gama biraatiin qorattoonni armaan olii lachanuu mana murtii jalaarraatti waan hojetaniif; qorataan kun immoo qorannoowwaan armaan olii bu'uura godhachuun dhimmaa kallattii ilaalcha Xahaafi Mulugeetaan ala rakkoo itti fayyaadaamni afaan dubbiifi barruu mana murtii olaanaa keessaatti garee garaa garaa biraatti murtee dabarsuufi fudhachuu irraatti dhiibbaa inni qaburraatti, jijjiirraan afaan maddaa irraa gara afaan jijjiirraatti taasifaamu haala kamiin hawwaasarraan dhiibbaa akka gahaa jiruufi murtee dabarsuufi fudhachuurraatti rakkoo uumu irraatti, Haala barreeffamaafi lakkoofsa gi'iizii kitaabileen seeraa, danbiiwwan, labsiiwwaniifi kkfn afaan Amaaraan sirna durii bara afaan oromoo hacuuccaa jala ture maxxanfamanii hanga ammaa manneen murtii Oromiyaa keessaatti tajaajilaa jiraniifi qaamolee haqaa dabalatee hawwaasarraan dhiibbaa geessisaa jiraniifi kkf. irraatti xiyyeeffachuun karaalee rakkooleen kun fala itti argatan adda baasuun ibsee jira.

Karaa biraatiin immoo, akka Oromiyaa lixaatti mataduree kanaarraatti qorannoon digirii 1ffaas ta'e, digirii 2ffaa guuttachuuf rakkoo kana maksuuf qorannoon hojetaame waanhinjirreef qorataan mata duree kana filachuuf dirqame jechuudha.

Qoratichi, ka'umsa kanaafi haala qabatamaa ofii yeroo adda addaa mana murtii dhaqee arge irratti hundaa'un fayyadamni afaanii bakka ittidhimma bahuuf deeman beekuufi beekuu dhabuun dhibbaa geesiisu hubachuunidha. Haaluma kanaan, qorannoon kunis gaaffilee bu`uuraa armaan gadiif deebii argamsiiseera.

1. Fayyadamni afaan dubbiifi barruu mana murtii keessatti qaamolee garaa garaa biraatti maal fakkaata?
2. Jijjiraan afaan biroo irraa gara afaan Oromootti taasifamuufi Afaan Oromoo irraa gara afaan birootti taasiifaamu murtee dabarsuufi fudhachuu irraatti dhiibbaa atamii geessisa?
3. Wantoonni fayyadaama afaan dubbiifi barruu mana murtii irraatti dhiibbaa taasisaan murtee kennuufi fudhachuu irraatti haala kamiin danqaa ta'uu dandaa'u?
4. Rakkooleen fayyadama afaan dubbiifi barreeffamaa mana murtii keessatti mul'atan akkamiin fala argatu?

## 1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa, ittifayyadama Afaan Oromoo mana murtii Olaanaa Godina Wallaaga Bahaa keessaatti maal akka fakkaatu xiinxaaluun dhiyyeessuudha.

### 1.3.2. Kaayyoowwan Gooree

1. Fayyadama Afaan dubbiifi barruu mana murtii Olaanaa Godiina Wallaaga Bahaa garee garaa garaa biraatti argamu adda baasuu.
2. Dhiibbaa jijjiirraan afaan biroo irraa gara afaan Oromootti; Afaan Oromoo irraa afaan birootti taasifamu murtee dabarsuufi fudhachuu irraatti qabu adda baasuu.
3. Rakkoolee fayyadama afaan dubbiifi barruu mana murtii olaanaa Godiina Wallaagga Bahaa irraatti dhiibbaa taasisuun murtii kennuufi fudhachuu irraatti danqaa ta'an adda baasuu.
4. Rakkoolee fayyadama afaan dubbiifi barruu mana murtii Godiina wallagga Bahaa keessaatti mul'ataniif sabaaba ta'an adda baasuufi kallattii isaan fala itti argatan adda baasuu.

### 1.4. Faayidaa Qorannichaa

Qoranniichi Faayidaa armaan gadii niqabaata:

1. Hanqinaleen mul'atan kun yoo fala argatan, qaamoleen haqaafi Abbootiin dhimmaa mana murtiitti afaan oromootti faayyadaman qorannoo kanarraa fayyadamoo ta`uu danda`u.
2. Koree waaltina Afaan Oromoo afaan seeraa irratti hojii hojjataniif akka ka'umsaatti tajaajiluu ni danda`a.
3. Yaadoleen furmaataa kaayaman yoo hojiirra oolan Inistituyutii Leenjiifi Qorannoo Seeraa Oromiyaatiif fooyyaa'iinsa fayyadama afaan dubbiifi barreeffamaa manneen murtii Oromiyaaf akka madda ka'umsaatti tajaajiluu ni danda'a.
4. Bu'aan qorannoo kanaa yoo hojiirra oolee, ogeeyyii yeroo ammaa kana naannoo manneen murtii irraatti jijjiirraa afaaniirraatti bobba'anii jiraniifi ogeeyyii afaanii kana booda jijjiirraa afaaniirraatti bobba'uu barbaadaniif galtee ta'ee tajaajiluu nidandaa'a.
5. Namoota gara fuladuratti mata duree kana fakkaatu irratti qorannoo gaggeessaniif akka ka'umsaatti tajaajiluu dand'a.

### 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun Xinxaala haala itti fayyadaama afaanii mana murtii olaanaa Godiina Wallaagga Bahaa jedhu irraatti kan xiyyeeffatuudha. Xinxaala haala fayyadaama afaanii kan jedhameefis akkaataa yeroo ammaan kana manni murtii Godiina Wallaagga Bahaa afaan dubbii bara 2011/2019 fi barreeffamaa hojiilee idilee isaanii guyyaa guyyaa keessaatti afaan itti fayadamaa jiranirraatti waan bu'uureffatuufiidha. Kuniis afaan dubbii garee garaa garaa biraatti mul'aatu, kitaabilee seeraa, danbiiwwaan, qajeelfamootaa, galmeewwan seeraa afaan isaan itti fayyadamanii barreeffamaniifi jijjiirraa afaaniiti. Kanaafuu xiinxaala fayyadaama afaanii kanneen armaan olii keessaatti ibsamaniin ala dhimma hojiirra oolmaa seeraa, keeyyattoota seeraa, fayyadaama afaanii waajjiraalee biro adda addaa fi kkf. Kanhaammaatu miti. Kanaafuu qorannoon kun manneen murtii Oromiyaa keessaatti argaman keessaa mana murtii olaanaa Godiina Wallagga Bahaa qofarraatti kanxiyyeeffatuudha. Sababiin isaa immoo, manneen murtii Oromiyaa keessaatti argaman baayyee hedduu waanta'aniif altakkaatti qorannoo irraatti gaggeessuuf ulfaataafi

rakkisaa waanta’eef qorataan mana murtii naannoosaatti argamu kana filachuun qorannoo kana gaggeessuu danda’eera. Haaluma kanaan yaadni xiinxaala haala itti fayyadaama afaanii mana murtii olaanaa Godiina Wallagga Bahaa kan bara 2011/2019 jedhuun ala dhufu fudhataama hinqaabu.

### 1.6. Hanqina Qorannichaa.

Hanqinni qorannoo kanaa hiika jechoota afaan Amaaraatiin walgitu kan Afaan Oromootiin dhabuu, haala qabatamaa naannoo keenyaa keessattuu Godiina wallaga Bahaa haala yeroon walqabatee walshakkii baayyeen waanjiruuf odeeffannoo keennitoonni odeeffannoo gahaa kennuu dhabuufi karaa birootin beekumsa seeraa gahaa ta’e dhabuu, qorannoowwan mata duree kana irratti Afaan Oromootin hojjataman dhabuufi dhiphinni yeroo, maallaqni hanqinaalee qorannoo kanaa ta’anillee,qoratichi hanga danda’ametti rakkinicha hiika qabeessa gochuuf hanqina kitaaboolee afaan addaddaa irraa hiikuun ittifayyadameera. Hanqinagama bajataa isamudate ilaalchisee qarshii kennameef qusannoon ittifayyadamuun, deeggarsa gaafachuunfi yeroo jirutti seeraan fayyadamuun kan danda’u hunda taasiise jira.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTAA’A BARRUU

Boqonnaan kun, barruuwwan waa’ee qorannoo kanaa cimsan dabalatee qorannoowwan aantee kanaan dura hojjataman keessatti yaadolee bu'uuraa qorannoo kana deeggaruu danda'aan hammata. Haaluma kanaan boqonnicha jalatti, maalummaa barruu, yaadarimee fayyadama afaanii, afaaniifi faayidaasaa, waliitti dhufeenya afaaniifi seeraa,afaan tajaajila hawaasa keessatti qabu jedhuufi qorannoowwan aanteetu duraa duuba isaanii eeganii ibsamanii jiru.

## 2.1. Yaadrimee Fayyadama Afaanii

Akka Clark (1996) jedhutti, afaan kan qo’atamu haala caasaafi itti fayyadama isaatini. Caasaa afaanii yeroo jedhamu qaaccessa xinsagaa, xinjechaa, xinhimaafi xinhika afaanichaati. Haata’u malee, fayyadama afaanii qo’achuun akka caasaa afaanii qo’achuu salphaa miti. Kunis, fayyadama afaanii qo’achuu xinqooqa qo’achuu waanta’eef.Itti dabaluun, qo’annoon fayyadama afaaniifi caasaa afaanii tokko miti. Kanaafuu, qo’annoon fayyadama afaanii haala adda addan hojiirra oolmaa afaanichaa qorachuudha. Haala kanaan, Liulseged (1994), qo’annoo fayyadama afaanii ilaalchisee akka ibsutti, hawaasa afaan adda addaa dubbatan keessatti seera afaanichaa waliin qaban filachuu kan gaafatudha. Seerichis haala adda addaarratti kan hundaa’u ta’usaafi haalootiin kunis naannoo, mataduree, bakka hojiifi kkf fa’a ta’uu danda’a jedha.

Gama biroon, haala itti fayyadama afaanii ilaalchisee, Cooper (1976:184) “Itti fayyadama afaanii jechuun xiyyeeffannoo garaagarummaa afaan tokko yookaan looga tokko keessatti haala dubbiin seerlugaan yookaan jechaan uumamu yookaan adda addummaa afaanota yookaan loogota gidduutti uumamudha”. Kana malees, qo’annoon ittifayyadama afaanii xiyyeeffannoo garaagarummaa xinqooqaa garee murtaawaa tokko keessatti jiru kan ilaalu yookaan haala ittifayyadamaarratti adda addummaa garee hedduurratti mul’atu kan ilaalu akka ta’e hubahcuun nidanda’ama.

Gama kaaniin, fayyadama afaanii jechuun tajaajila afaani iddoo adda addaa keessatti qabudha.Haala kana Clark (1996) yoo ibsu, fayyadamni afaanii hojii kamiyyuu keessatti barbaachisaafi murteessaa ta’uu isaa lafa kaa’e jira.Kanaafuu, hojiin fayyadama

afaaniirratti hojjetamu, garaagarummaa haala xinqooqaafi hawaasummaa jiru adda baasuufi ibsuurratti xiyyeeffachuu qaba.

Kana jechuun, haala ittifayyadama afaanii hunda adda addummaa hawaasaa sababa afaaniin uumamu kan hammatudha. Askeessatti, garaagarummaa kan jedhu namni dubbatu sun gosa garaagaraa afaanicha keessa jiru filatee kan dubbatu ta’uusaati. Fakkeenyaaf, bakka hawaasni tokko afaan adda addaa beekutti, afaan tokko hojii tokkoof afaan biroo immoo hojii gara biroof fayyadamuu danda’u.

Fayyadamni afaanii calaqqee hawaasaa ta’uu isaa, Coulmas (1997) Labov (1972) wabeeffachuun ibseera.kuniis, ittifayyadamni afaanii haala sadarkaa hawaasaafi amala gosa hawaasaa calaqqisiisa. Haaluma kana fakkaatun, Clark (1996) gama isaatiin, itti fayyadamni afaanii walitti dhufeenya hawaasaa waliin qaban kan agarsiisu jechuun ibsa. Itti fayyadamni afaanii, adeemsa nama dhuunfaafi hawaasa kan hammatudha kunis, yaadrimee ittifayyadama afaanii haala hawaasaa kaamiyyuu keessatti beekumsa gahaa afaanichaa qabaachuu giddu galeeffachu qaba.

Fayyadama afaanii yeroofi iddoo murtaa’e tokkotti ragaa baay’ina namoota dubbataniifi afaanota naannoo sanatti dubbataman, haala akkamii keessatti akka dubbataman ilaalchaafi amantii afaanicharratti namni sun qabu kan hammatudha.Walff (2000) ittifayyadama afaanii sirriitti hubachuuf gaaffilee akka yoom? eessatti? maaliif? akkamitti? maaliin? eenyuuf? kkf gaaffilee xinqooqa hawaasaa walqabatan kaasuun hubachuun akka danda’amu addeessa.

Haaluma walfakkaatuun, Stockwell (2002)fayyadama afaanii yoo ibsu, aasxaa hawwaasaa (sanyii, aadaa) isa olaanaa akka ta’etti ibsa. Namni tokko afaan akkaataa barbaadeen filachuun bakkee adda addaatti dhimma adda addaaf fayyadamuu nidanda’a.Kanarraa ka’uun, Columas (1997) Tabouret, Keller (1985) wabeeffachuun akka ibseetti, ittifayyadama afaaniirratti hundaa’uun amala afaanii namichi dubbaturraa miseensa garee kamii akka ta’e adda baasuun akka danda’u ibsaniiru.

Akka ibsa hayyoota kanaatti, fayyadamni afaanii amala afaanii keessaa isa guddaafi salphaatti namni tokko garee hawwaasaa kamii akka ta’e ittiin addaan baafanu ta’uu

hubachuun ni danda'ama. Amala fayyadama afaaniin adda baasuun tajaajilasaa isa tokko yoo ta'u, tajaajillisaa inni biraan haala beekumsaafi uwwisa waan sanarratti qabnu gama ittifayyadama waliiniin, waaltinaan haala qabatamaa afaanichaan ta'uu danda'a.

Haala yaaxxina xinqooqa hawwaasaa  ibsuunfayyadama afaanirratti haala qabatamaa lamatu jira.Isaanis, fayyadamni afaanii, haala hojiirra ooluun jijjiirama hammatamuufi hawaasni hunduu, afaan akkuma dhimmichatti garaagarummaan fayyadamudha.

Gabaabumatti, fayyadamni afaanii yaadumaan kan dhugoomu otoo hinta'iin, haala qabatamaa hojii hawaasichaan kan dhugoomudha. Ittifayyadama afaanii ilaalchisee Clark (1996) qabxiilee afur lafa kaa'e:

- Fakkeenyummaa itti fayyadama afaanii (Instances of language use),
- Bal'ina itti fayyadama afaanii (arenas of language use),
- Ta'iinsa itti fayyadama afaanii (assumption of language use)fi
- Haala dhiyaannaa itti fayyadama afaanii (approach of Language use).

Fakkeenyummaa ittifayyadama afaanii jechuun haala hawaasni tokko afaan gargaaramuun hojii tokko hojjetudha. Kunis ergaa afaan waan tokko hojjechuuf kan gargaaru ta'ee, namoonni haala haasawaa guyyaa guyyaa keessatti dhimma daldalaa, karooraa, boqonnaa, falmii siyaasaa fi kkf ittifayyadamni jechuunnidanda'ama. Kana malees, afaan hojii guyyaa guyyaa keessatti raawwataman bashannanuu araarsuu, amansiisuufi kkf hojiirra kan ooludha.

Bal'ina ittifayyadama afaanii kan jedhamu ammoo iddoo namoonni afaaniin waan tokko itti hojjetanidha. Dhimmi bal'ina teessoofi dubbataa sanii kan agarsiifamudha. Gama biraan, ta'iinsa itti fayyadama afaanii akka Clark (1996) jedhutti qabxiilee hojiirra oolmaa jaha tarreesseera:

- Jalqabarratti faayidaan afaanii dhimma hawasaaf oolusaati. Hawaasni callisee afaanitti hinfayyadamu. Afaan dhimmota hedduuf itti gargaarama. Kuniis, gumgummii irraa jalqabee hanga walbeekuutti hojii guyyaa karoorsuu, hojii daldalaa, falmii siyaasaa, baruufi barsiisuu, bashannansisuuf, hojii mana murtii keessatti, hojii dippiloomaasii walitti dhufeenya biyyootaafi kkf fayyadama. Isaan kunniin, hojiilee hawaasaati. Kanaafuu, afaan

ammo, meeshaa wantootni kun ittin raawwatanidha. Akkuma beekamutti, afaan tajajila hojii hawaasummaa keessatti meeshaa ta'ee otoo hintajaajilu ta'e, jirachuun hindanda'amu. Kanaafuu, afaan meeshaa waliigaltee ta'ee tajaajila jechuudha.

➢ Itti fayyadamnii afaanii gochota adda addaa walqabsiisuuf fayyada. Afaanitti fayyadamuuf yoo xiqqaate bakka bu'oota lama ofdanda'anii dhaabbatan barbaada. Bakka bu'oonni kunniin lamaan walitti dhufeenya qabaachuu qabu. Kunis, yeroofi iddoo murtaa'e keessatti qaamaan fuulaafi fulaan walarguu yookaan walii barreessuu qabu.

- ❖ Yeroo hunda itti fayyadamni afaanii ergaan dubbataan darbu isa dhaggeeffatu biratti hiiknisaa hubatamuu qaba. Kana ta'uu baannaan, ittiifayyadamni afaanii gatii dhabeessa ta'a.
- ❖ Yoomessi bu'uuraa itti fayyadama afaanii haasawaa fuulaafi fuulaan gaggeeffamudha.
- ❖ Ittifayyadamni afaanii yeroo baay'ee gochaa boqqoona tokkoon ol ta'e qaba. Gochoonni afaanii kunis kan ittiadda bahan gosoota hirmaattotaan, yeroo, iddoofi gocha raawwatamuundha.
- ❖ Qo'annoon ittifayyadama afaanii saayinsii beekumsaafi hawaasaati. Saayintistoonni beekumsa (Cognitive) warra dubbataniifi dhaggeeffatan adda addaan qoratan. Yaaxxinni isaanis waa'ee yaadaa fi gochaa dubbataa yookaan dhaggeefataan adda addaan.

Gama biraan, qorattoonni hawaasaa gama isaaniitiin ittifayyadama afaanii jalqabarratti walitti dhufeenya qabanirratti gaggeessan. Xiyyeeffannoon isaanis haala yaadaafi gochaa namootaa otoo hinta'iin haala ittifayyadama afaanichaarratti kan bu'uureffatedha. Kanaafuu, itti fayyadamni afaanii gosoota gocha adda addaa walqabsiisuuf yookaan walitti fiduuf kan fayyadu waanta'eef qorannoon afaanii gama lamaaniin beekumsaafi hawaasaan qoratamuu qaba.

Clark (1996) haala dhiyaannaa fayyadama afaanii karaa lamaan akka ta'e ibsa.Isaanis, dhiyaannaa bu'aafi dhiyaannaa gochaati. Dhiyaannaan bu'aa, qorannoo sagalee jechaafi himaatti guddataa kan deemudha. Hanqinni mala qorannoo kanaa (dhiyaannaa bu'aa) haala ittifayyadama afaanii gara yaadawaa (abstract) dhiibuu isaati. Gama biraan, dhiyaannaan gochaa kan burqe fedhiifi gochaa hawaasa irraati. Kunis, kan xiyyeeffatu hawaasni afaaniin

maal akka hojjetu irratti. Kanarraa ka'uun, Clark (1996) dhiyaannaan gochaa ittifayyadama afaanii keessatti irra caalaa barbaachisaa akka ta'etti ibsa. Sababni isaas, dhiyaanaan kun fedhiifi gocha hawaasaa gadi fageenyaan ibsuu waan danda'ufidha.

## 2.2. Fayyadaama Afaan dubbiifi Haas-Barruu

Fayyadaamni afaan dubbiifi haas-barruun yeroo baayyee kan walfakkaatan yommuu ta'u yoomeessa tokko keessaatti kanraawwataniifi haala itti fayyadamaafi namoota fayyadamaniin garaa gaara ta'uu malu. Namoonni tokko tokko waltajjiirrattis ta'e miidiyaa garaa garaa irraatti afaan dubbiitti qofa yommuu fayyadaamaani kaanimmoo, haasbarruutti gargaaramu. Kana jechuuniis haasaa dheeraa yommuu taasisaan yaadoota barreeffamaan dhiyyaatan dubbisuun balballoomsu jechuudha. Namoonni tokko tokko immoo lamaan isaaniitiiyyuu walkeessa fayyadaamu.

> *Although the line between discourse and speech communities has narrowed in recent years thanks to the advent and spread of the internet, linguists, and grammar scholars alike maintain that the primary difference between the two hinges upon the distance between people in these linguistic communities. Discourse communities require a network of communication where the members of it can be any amount of distance apart as long as they operate with the same language, but speech communities require proximity to convey the culture of their language.* Rechard Nordquist (2019). *Shared Language Usage Practices inSpeech and Writing.https://www.thoughtco.com/richard-nordquist-1688331*

Yaada armaan olii irraa hubachuun kandandaa'aamu garaagarummaan dubbii afaaniifi has-barruu gidduu jiru kan baayyee dhiphaata'eedha. Haata'u malee, garaagarummaan muraasni isaan qabaani: Haasbarruun waliitti dhufeenya hawwaasa miseensa tokko ta'anii afaan tokkiicha fayyadaaman gidduutti walirraa fageenya baayyee murtaa'aa ta'een kangaggeeffamu yommuu ta'u, dubbiin afaanii immoo, quunnamtii baayyee waliitti dhiyyeenya qabuun aadaa afaan ofii kanittiin dabarfataaniidha jedha.

## 2.3. Maalummaa haas-barruu (Discourse)

Maalummaa has-barruu ilaalchisee yeroo gara garaatti hayyoota adda addaatiin hiikkaan gara garaa itti kennamaa tureera. Haasbarruu jechuun kan namni tokko waltajjii garaa garaa irraatti haasaa walirraa hinciinne yookiin immoo, haasaa dheeraa taasisuudha. Kun immoo, biffa barreeffaan kandhiyyaaterraa ykn yaad sammuusaa keessaafi wanta mallattoon jiru tokkorraa ta'uu dandaa'a. Hayyuun Teubert (2010:115) yaada kanailaalchisee " It is the discourse that makes reality available to us" jedha. Kana jechuunis,dhugaan tokko akka jiraatu kan taasisu haasbarruudha jechuudha. Wanti tokko bifa dubbiitiin, barreeffamaan yookaan mallattoodhaan yoo dhihaate dhugaa tokko nu hubachiisa jechuudha. Dhugaan kunis wantoota hawaasni guyyaa guyyaan raawwatu ofkeessatti hammata. Haasbarruu jechuun maal jechuu akka ta'e hayyuun Schiffrin (1994: 20-21) haala kanaan kaa'ee jira. "Discourse is often difined in two ways. A particular unit of language (above the sentences) and a particular focus (on language use). These two definitions of discourse reflect the difference between formalist and functionalist paradigm."

Akkuma ibsa armaan oliirraa hubachuun danda'amuttii haasbarruu karaalee gurguddoo lamaan hiikuu dandeenya. Tokkoffaa haasbarruu jechuun qaama murtaawaa afaanii kan himaa ol ta'e tokko jechuudha. Akka ilaalcha modeela kanaatti haasbarruu yeroo qacceessinu seerluga afaaniirratti yookaan caasaa afaaniirratti hundoofnee qaacceessina jechuudha. Lammaffaan immoo haasbarruu jechuun faayidaa afaan hawaasa keessatti qabu yoomessa keessatti dubbatame yookaan barreeffame walitti fiduun ilaaluu jechuudha. Hiikaawwan lamaan haasbarruudhaaf kennaman kunneen garaagarummaa modeelli caasaa bu'uureffateefi tajaajila bu'ureeffate qaban kan agarsiisuudha. Kanaafuu qorataan kunis haasbarruufi fayyadama Afaan Oromoo haala mana murtii olaanaa Godiina Wallagga Bahaa yoo xinxaalu modeela tajaajila bu'uureffate irratti Xiyyeeffateeti.

Hayyuun Stubbs (1983: 1) maalummaa qaaccessa haasbarruu ilaalchisee haala kanaan ibsa. "Discourse analysis is also concerned with language in use in social context and in particular with interaction or dialogue between speakers" jedha.Yaada armaan olii kanarraa wanti hubachuun danda'amu, qaacceessi haasbarruu akka waliigalatti afaan yoomessa hawaasaa keessatti dubbatame tokko kessatti faayidaa maalii akka qabuufi waliin dubbii

namoota gidduutti taasifamu keessatti maali akka fakkaatuqaacceessuuf kan gargaaru ta’uusaati. Hayyuun Yule (2010: 142 ) akkana jedha. “The word “discourses’ is usually defined as language beyond the sentence and so the analysis of discourse is typically concerned with the study of language in texts and convestation.”

Akkuma yaada kanarraa hubachuun danda’amutti jechi haasbarruu jedhu hiikaan isaa afaan himaa oliiti jedha. Kanaafuu, qaacceessi haasbarruu afaan yoomessa tokko keessatti maali akka fakkaatuufi waliin dubbii namoota gidduutti taasifamu xiinxaluu irratti xiyyeeffata.

Qaaccessa haasbarruu jechuun afaan walqunnamtii kessatti qo’achuu yookaan walqunnamtii namoota gidduutti adeemsifamu karaa xinqooqaatiin ilaaluu jechuudha. Kana jechuunis haasbarruu jechuun yeroo namoonni walqunnamtii adeemsisan afaan achi keessatti fayyadaman sun maaliif akka oole ilaaluu yookaan immoo yeroo namoonni waliin dubbii adeemsisan waliin dubbii sana karaa xinqooqaatiin maali akka fakkaatuilaaluu jechuudha.  Qorannoon kunis walqunnamtii namoota gidduutti taasifamu yookaan waliin dubbiin namoota gidduutti adeemsifamu keessatti afaan itti fayyadaman maaliif akka ooleefi jechoonni itti fayyadaman haala kamiin akka dhufan qaaccessuu irratti xiyyeeffata.

## 2.4. Hanqinoota Barreessuu Mana murtii Keessatti Mul`achuu danda`an

Manni murtii bakka barreeffamoonni hedduun ergaa adda addaa qabaatan garee garaa garaa biraatti dhiyyaatanii ilaalamaa olan keessaa isa tokkoodha. Barreeffamoonni kunniinis, iyyaata, komee, himaata, deebii himataa, xalayaa waamichaafi xalayaalee raga garaa garaa qabatanii waajjiralee garaa garaa irraa mana murtiitti ajaaja seeraan dhimma seeraaf dhiyyaatan ta’uu malu. Xalayoonni kunniinis Afaan Oromoon waanbarreeffamaniif ofeeggannoo cimaafi nama ogummaafi dandeettii afaaniifi barreeffamaa qabuun barreeffamuu qabu. Haata’u malee, yeroo baayyee mana murtii keessaatti abbuuma argeen waan barreeffamaniif dogoggoorri qubee barreeffama garaa garaa keessaatti henna mul’aatu argiina. Yaada kanaan walqabaatu hayyuu Akka Cross (1987), ibsutti mana hojii tokko keessatti barreeffamoonni barreeffaman hanqinoota hedduu qabu jechuudhaan lafa kaa`ee jira. Isaan keessa muraasa yoo ilaalle akka armaan ngadii ta’u.

### 2.4.1. Jabeessuufi Laaffisuu Sagalee

Seera barreessuu Afaan Oromoo keessatti bu`uura qubeessuutiif sagalee dubbifamaan sagaleewwan afaanichaa keessatti akkaataa fayyadamaa irratti xiyyeeffannoo kan barbaadaniidha. Adeemsa jabeessuufi laaffisuu sagaleetiif qabata kan ta`anis isaan kana. Kanaaf, wayita Afaan Oromootiin barreeffamu waanti sagaleessan qubeedhaan bakka bu`ee waraqaarra qubachuun barbaachisaadha. Kana yoo ta`uubaate, ergaan darbus kan gufate ta`uusaati. Yaaduma kana ilaalchisee Geetaachoon (2006:28) haala kanaan ibsee jira,

> *Seera katabbii Afaan Oromoo keessatti sagalee jabaa agarsiisuuf dubbifamaa tokko yogguu lama katabna. Seerri kun dubbifamtoota qubee yookiin mallattoo qeenxee qaban qofaaf ta`a. dubbifamtoonni warri qubee yookiin mallattoo dachaa qaban yogguu laafanis yogguu jabaatanis uunka tokkoon katabamu waan ta`eefuu, dubbifamoota qubee dachaan barreeffaman jabinaafi laafina isaanii addaan baasuuf hima keessa galchuu qabna. Afaan Oromoo keessatti jabinni sagalee gidduu hiriiraa yookiin jechaa qofatti argama. Jalqabaafi dhuma jechaarratti Afaan Oromoo jabaachuu hindanda`u.*

Yaada hayyuu kanaarraa hubachuun akkuma dandaa`amu, dubbifamaan qeenxee ta`an yeroo lama jecha tokko keessatti kan katabaman yoo ta`e, sagaleen jecha sana keessatti dhagaahamu yookiin dubbifamu sagalee jabaateedha. Akkasumas, sagalee qeenxeen yeroo tokko kan katabamu yoo ta`e jechichi katabame sagalee laafaa ta`e qabaachuu nuuf mirkaneessa. Kanaafuu, sagaleen jechoota katabnuu ulaagaa kana kan hinhordofne yoo ta`e ergaa barbaadame galmaan gahuu hindanda`u jechuudha.

### 2.4.2. Dheeressuufi Gabaabsuu Sagalee

Adeemsa qubeessuu barreeffama Afaan Oromoo keessatti jecha tokkoon sagalee dheeraa yookiin sagalee gabaabaa qaba jennee murteessuuf seeraa katabbii Afaan Oromoo hordofuun ta`uun barbaachisaadha. Akkuma, jabeessuufi laaffisuun sagalee dubbifamaarratti hundaa`ee adda baafamu, sagalee dheeraafi gabaabaan immoo dubbachiisaa bu`uura kan godhatuudha. Yaada kana ka`umsa godhachuun Geetaachoo (2006:26), haala armaan gadiitiin yoo ibsu,

*Sagalee gabaabaa kan jedhamu dubbachiiftota Afaan Oromoo warra bu`uuraa shananiin gabaabaa uumani. Sagalee dheeraa uumuuf yeroon barbaachisu sagalee gabaabaa uumuuf yeroo barbaachisu nicaala. Dabalata yeroo kanaan sagaleen uumamu hiika duraan qabu nijijjiira. Kanaaf, Afaan Oromoo keessatti sagalee dheeraa kana agarsiisuuf qubee dubbachiiftuu gosa tokkoo lamaan barreessina jedha.*

Yaada hayyuu kanaarraa hubachuun kan dandaa`amu, uumamsa sagalee dheeraafi gabaabaa gidduu garaagarummaan yeroo akka jiruufi akkasumas garaagarummaa hiikaas akka qaban salphaatti nuhubachiisa. Kanaaf, adeemsa ijaaruu sagalee dheeraafi gabaabaa keessatti dubbachiiftota xiyyeeffannoo keessa galchuun isa barbaachisaadha.

## 2.5. Afaaniifi Seera

Seera yeroo jennu, kanneen akka seera yakkaa, seera hariiroo hawaasaa, seera daldalaa, seera maatii, seera tiraafikaafi kkf kan ittiin waamamaniidha. Kana malees, qajeelfamoonni, danbileefi labsiin adda addaa qaama aangoo qabuun bahu hundi akka waligalaatti seera jedhame beekama. Akka Gibbons (2001) xinqooqni hujoo afaan seeraatiif iddoo olaanaa qaba. Sababni isaas, seeri dhaabbata humnafi dhiibbaa gaggeessu waan ta'eefi rakkoolee itti fayyadama afaaniitiin kan guutame ta'u isaati. Gochoonni guyyaa guyyaan raawwannu baay'een isaanii bu'ura seeraa kan qabaniidha. Gibbons kana fakkeenyaan yeroo ibsu tikeetiin konkoolaataa yaabbachuuf nuti kunnu waligaltee kontiraataa waligallee ta'u agarsiisa jedha. Tajaajjilli geejibaa hundi isaa hariiroo seeraa qaba. Walitti dhufeenyi maatii keessatti guyyaa guyyaan taasiifnu bu'ura seera maatiitiin kan hamatamudha. Sabqunnamtiin nuti ittifayyadamnu seeraan kan to'atamuudha. Jireenya ammayyummaa keessatti dhimmi seeraan walhinqabanne hinjiru.

Itti dabaluun Seeri tumamu kamiyyuu haala xiinqooqa afaaniitiin yoo ilaalamuu baate hiika hinargatu. Manni murtiifi qorannoon poolisiin gaggeessu xiinqooqa barreefamaas ta'e kan dubbiitiin kan guutamedha. Namoonni afaan seeraa kana hinbeekne immoo falmii mana murtiitti gaggeefamu irratti of irraa ittisuu nirakkatu. Xinqooqni hujoo dhimma afaaniifi seeraa wajjiin walqabatan waliin hubannoo kennuufi furmaata kennuu irratti xiyyeeffata.

Akka Heutger (2003) jedhuti seerri afaan akka barbaduufi seerifi afaan walitti dhufenyaa heddu qabachuu kaa'a. Beekuumsi seeraa kan ibsamufi babal'atu afaan dubbiifi afaan barreeffaman. Afaanfi seerri yakka haala adda addaa irratti waliin jirataa. Afaan pooliisiifi shakkiwwan duraa akkasumas ragaan afaan yeroo sakatta'amu walitti dhufeenyaa qaba (Tiirsma and Solan 2005) Odeeffanoon bareffamaafi odeeffannoon dubbii dhimma yakkaa irratti akka ragaa afaanitti ilaalama.

Afaan poolisiin fayyadamuufi himataafi himatamaan fayyadaman dhimma yakkaa irratii walitii dhufeenya waan qabuuf yeroo abba murtii (abbaa seeraa) biratti dhiyaatu rakkisaa ta'a.Hiikaafi jijjirraa waliin dubbii seera qabeessa akka ogeessoota dhimma kanaatti jijjirraan waliin dubbii irra jireessa dhaggeeffataafi dubbisaa irratti xiyyeeffata. Haata'uutii, jijjirran walii dubbii seera qabeesa garuu,  kan irrati hundaa'u bakkafi dhimma murteesaa ta'e irratidha.

Makoodia (2007) akka Sikoloo (1998) wabeeffachuun ibsutti afaan seera keessatti fayyadamnufi afaan abbaan seeraa fayyadamu rakkootiin kan guutameedha. Yeroo baay'ees nama kamiiniyyuu hubatamuuf hiikamuun baay'ee cima. Ittifayyadama afaan poolisiifi mana murtii beekuun baay'ee faayidaa qabeesa. Akka Tirsema and Solan (2005) yeroo poolisiin gafannoo dhiyeessuu namootaa waa'ee seeraa irratti mana murtii hojeetaniifi nama yakkaa hojeete gidduutii walii galuufi dhisuun dhimma afaanii adda addaa ta'uu kaa'a. Kanaaf, afaan poolisii fi afaan shakkamaan fayyadamu murtii seerra irratti bakka guddaa qaba. Yeroo gafannoo yakkaa afaan jechoota teekniikaa kan namaaf hingalle poolisiin fayyadamu abbootiin dhimmaa hinhubanne jiraachuu danda'u.

Itti dabalun akka Tirsema and Solan (2005) fayyadamni afaanii namoota dhimma yakkaa qulqulleessuu keesatti hirmaatanii yeroo morman, sababa yeroo dhiyeessaniifi amanan afaan baay'ee fayyadamu. Manni murtii dhaabbata namoonnii walmormaan keessatti walfalmaniifi walgaafatanii dhimma yakkaas ta'e hariiroo hawaas irratti walii galan ykn hinjifatanidha. Akka ibsa isaanitti manii murtti haalli hiika itti kennuuf barbachisoo isa guddaa ta'uu hubataniru. Akkasumas afaan haala malee hiikamuu hindanda'amuu.Kanaaf, murtii seera qabeesa keesatii hiika dhimichaa baruuf hallii ittifayyadama afaan seeraa baay'ee murteesadha.

## 2.6. Walitti Dhufeenya Afaaniifi Hojiilee Seeraa

Seerri qaama qajeelfamoota, dambiiwwan kanneen Heera mootummaatiin murtaawan keessatti fudhatamaniifi hawaasa akkasumas miseensota hawaasaa bulchuuf, too`achuuf kan fayyaduudha. William (2006:427) "Defines law as the body of official rules and regulations, generally found in constitution, legislations, judicial opinions, and the like that is used to govern a society and to control the behavior of its members" jechuun waa`ee seeraa ibseera. Dabalataanis seerri nageenyaafi sonaawwan hawaasaa eegsisuuf qixaan ibsamuu , itti amananii fudhachuuf haalli mijachuu, kan jechootaan ibsaman immoo hojitti hiikamuuf dandeettiin yookiin ogummaan hawaasichaa dabaluu qaba jedheera. Seerri kan ibsamuun afaaniin. Afaan dubbiifi afaan barreeffamaatiin ta`a.

Seera hawaasa ittiin gorfamuu yookiin gaggeeffamuu biraan gahuuf kan afaan caalaa gahee qabu hinjiru. Walitti dhufeenya seeraafi afaanii ilaalchisee hayyuun Heutger (2003:23) "Law often enforces the existing system through the use of language" yoo jedhu Maher 1996:89) ammo " law is about language and it is almost impossible to have law without language" jedheera. Akka yaada gubbatti ibsameetti beekumsi seeraa afaaniin kan ibsamu, seera jechuun dhimma afaanii,bakka afaan hinfayyadamnetti seera hojiirraa oolchuun hangam rakkisaa akka ta`e ibsa hayyootni kennan kana irraa hubachuun nidanda`ama. Afaan qindaa`ina seeraa keessatti iddoo olaanaa qabu. Stephen (1991) yaada kana yoo ibsu, Ijaaramuufi ibsamuun akkasumas hojiitti hiikamuun seeraa fayyadama afaanii malee kan hindanda`amneedha jedha. Seera keessatti himanni dhiyaatu afaaniin ibsamuun ragaawwan dabalataa wajjiin erga xiinxallamee hiikni itti laatama.

Haala seeraa keessatti fayyadamni afaanii yakka uumame qulqulleessf kan fayyadu ta'uu, Tiersma fi Solan (2005:33) yoo ibsan, "The language of police and suspects in pretrial proceding and theadminssibility of linguistic evidence during trial are some instances of their interaction"jechuun ibsaniiru. Akka yaada gubbatti ibsameetti,afaaniifi seerri hariiroo yakkaa haala garagaraa keessatti walitti dhufeenya qabu. Yakka uumamerratti shakkii jiru tokko poolisiin afaanitti fayyadamee qulqulleessa. Murtii dhaddacharratti kennamuuf durfamee ragaa afaaniitu fudhatama. Qaamni yakkaan shakkamus afaaniin deebii

dhiyeeffata yookiin ofirraa morma. Adeemsi kun hunduu fayyadama afaanii of keessaa qaba.

## 2.7. Hiikkaafi Ibsa Jechoota Dirree Hojii

waliigaltee hawaasni afaaniin taasisu keessatti jechootni hiika addaa yookiin hiika waliigalaa kan qabaataniidha . Haala dubbataan itti dubbatu,iddoofi mata dureen irratti dubbatamuun walqabatee yaadni jechoota dhaggeeffataa biratti uumamu dinqisiisaa,baacoo yookiin arraba fakkaachuu danda'a. Jechootni akkaataa mata dureefi iddoo itti tajaajalamaniin yookiin dirree hojiitiin walqabatanii of eeggannoon hiikni kan itti hinlaatamine yoo ta'e namoota hunda biratti hubatamuu dhabuu danda'u. Olsson(2008). Kun ammo waliigaltee keessatti rakkoo uuma. Kanarraa ka'uun jechootni dirroojii hiikni isaanii seeraan ibsamuu qaba.

## 2.8. Ibsaafi Dubbiiwwan Seeraa

Hiikkoon haasawa dhimmootaan walqabatee irracaalatti yaada ogeeyyiin dhaggeeffatanii yookiin dubbisanii kennan irratti hundaa'a. Ogeeyyiin waan dhaggeeffatan yookiin dubbisan hiikuuf daangaa ibsa isaanii bal'ifatuuf yaadota heddu maddisiisu. Adeemsi kun ammo iddoofi dhimmaa hiikuuf ka'an irraa isaan fageessuun rakkoo geessuu mala. Keessattuu seera wajjiin walqabatee haala fayyadama afaanii Abbootii seeraa yookiin Abbootii alangaa hiikuuf yookiin hubachuufillee rakkisaadha. "*The language employed in the law and that employed by the lawyers in the court is known to have been full of complexities.Most of the time,it proves to be hard to interpret,comprehend or understand for everyone" Makodia (2007:276).*

Akka yaada gubbatti ibsameetti namootni mana murtii hiikoo dhimma tokkoo raawwachuuf hubannoo qabaachuun barbaachisaadha. Hiikkoon afaanii mata duree yookiin dhimmicha ibsamuun adda bahee akkuma hinxiinxallamne hiikni jechootaas,jechoota walfaana jiraniin alatti hiikni hinlaatamuuf. Kanaan walqabatee Poolisoonni, Abbootiin seeraas ta'ee Abbootiin alangaa fayyadama afaanii keessatti hiikkoo dhimma tokkkootiif yoo laatan dhimmicha wajjiin sababa jechootni dhiyaataniif xiyyeeffannoo kennu.

Gama birootiin fayyadama afaanii keessatti yaada afaan tokkoon ibsame gara Afaan birootti hiikuun hojii mana murtiitiif rakkisaa ta'uu danda'a. Kunis sababa hiikni jecha afaan tokkoo afaan birootiin hiikni isa gitu argachuun dhibaa waan ta'eef. Kanaafuu,hiikni afaanii si'a gaggeeffamu yaada barreessaan yookiin dubbataan ibse wajjiin haalawalsimuun ta'uu qaba.

## 2.9. Gahee Afaan Ittigaafatamummaa hojii Ibsuu Keessatti Qabu

Afaaniifi hojiin waliitti dhufeenya guddaa gabu. Hojii jechuun kan namni tooko waanhojeetu tokkorraatti itti gafatamummaa fudhachuun waadaa seenee hawwaasa isaa bifa walqixxummaa qabuun ittiin tajaajiluudha. Afaan immoo gahee hojii sanii kanibsuudha. Hawwaasni eddo sanaatti tajaajilamuus ta'e namni hawwaasa sana tajaajiluuf itti gaafatamummaa fudhatee eddo sana taa'e akkaataa qajeelfama manichaatiin afaaniitti fayyadamuun kabaaja, ilaalchaafisafuu waliif qaban ibsu. Manneen hojiifi gahee hojii haala kanaan raawwatan keessaa inni tokko mana murtiiti. Mana murtii keessaatti hojiin Abbaa seerummaa isa tokkoodha. Aadaa biyya keenyaatti manni murtii akka mana waaqaatti yoo ilaalamu, Abbaan seeraa immoo akka ilma waaqaatti kan sodaatamuudha. Haalli kun immoo hawwaasniis ta'e abbootiin dhimmaa afaaniitti fayyadamuun haala kana yommuu ibsan argina. Kun akka ta'uuf kanneen dhiibbaa taasisaan immoo haala amala hojichaa ta'uu hayyoonni ibsaniirru. Namni tokko mana murtii dhimmaaf dhaqee abbaa seeraatti yoo dhiyyaatu gadi jedhee, sagaleesaa gadi buusee, naamusaan guutamee "kabajamoo abbaa seeraa" jedha. Kun kan ibsu itti gaafatamummaan fayyadaama afaanii uumuu keessaatti hammaam dhiibbaa akka taasiisu agarsiisa. Yaada kanas Holmes (1992:57) "People use or choose certain language according to the influence of sociolinguistic dimentions of solidarity, status, formality and function" jedha. Akka yaada kanaatti namootni hawaasa keessatti itti gaafatamummaa qaban haala dhiibbaa geessisuu danda'uun afaan fayyadamaniin jechoota filachuun dubbatu. Haalli fayyadama afaanii dhaddacha mana murtii irratti taasifamu kan seerotaan guutameefi qaamota aangoo qaban ifatti adda baasee kan mul'isuudha. Kun ammo tajaajilamtootni mana murtii keessatti si'a dubbatan akka of too'atan isaan dirqisiisa. Dabalataanis daangaa seeraa keessatti aangoon kan xiyyeeffannoon kennamuuf akka ta'eefi kunis seera tumuu, hiikkuufi dhaddacharratti murtii kennuu keessatti fayyadama afaaniitiin kan ibsamuudha. (Catterill 2003).

*Power controll and status unequally distributed, producing an systematicl relationship between lawyers and witnesses that is oriented to and understood by participants in the courtroom. This results the institutional speakers (Lawyers) directing and controlling the discourse rather than the lay speakers (the common people).Coulthardfi Johnson (2007:158*).

Akka yaada hayyuu kanaatti itti gaafatamummaan abbaan seeraa tokko qabu qaama kamiyyuu caalaa namoota dhaddachaarra jiran haala dubbii isaanii, yaada isaaniifi miira isaanii caalmaatti to'achuun afaaniitti fayyadamuun kabajjaafi namusaan guutamanii dhimma isaanii akka dhiyyeeffataani kangoodhuudha. Kun immoo abbootiin seeraa seera raawwachuuf taa'an biliisa ta'anii hojii isaanii akka dalagaan isaan kangoodhuudha. Haalli akkanaa kun fayyadama afaanii keessattillee yeroo Abbaan seeraa yookiin Abbaan alangaa dhaddacharratti namoota shakkamaa yookiin ragoota ta'an waliin yaada walii deddeebisan olaantummaan akka ilaalamu taasisa.

Haalli ittigaafatamummaa hojii kun sadarkaafi amala hojiitiin garaagara ta'uun isaa immoo, haala too'annoofi sadarkaan walcaaluun namoota gidduutti dhiibbaa qabachuun walqixa akka hin ilaalamne godha. Haallikun walcaaluun ammo, kan ibsamuu karaa fayyadama afaaniitiin ta'a. Karaa biraatiin ammoo walitti dhufeenyi hirmaattota kutaa qorannoo yakkaa yookiin dhaddacha keessatti qaamni aangoo qabu kan biroo caalee argamuudha. Haalli kunis qaamni aangoo qabu afaanitti fayyadamuun ilaacha isaa akka barbaadetti itti gargaaramee ibsachuu isa dandeesisa (Shuy, 2005).

## 2.10. Fayyadama Afaanii Haala Manneen Murtii Itoophiyaa

Seenaa manneen murtii Itoophiyaa keessatti faayidaan afaanii lama akka ta'etu ibsama. Jalqaba seerri kan ittiin galmaa'u, qindaa'uufi hiikamu afaaniin ta'uusaati. Lammata ammo afaan mana murtii akka madda galii ta'ee tajaajiluusaati. Kunis seerriifi, heerri aangoon yookiin muudamni garagaraa kan hawaasni ittiin waliigalan karaa afaaniitiin ibsamuu isaa agarsiisa.

Faayidaa afaaniitiin walqabatee manneen murtii Itoophyaa keessa haalli ture walxaxaadha. Kana ilaalichisee Cooper fi Nahum (1976) "In Ethiopia courts, the situation is complex

with respect to the function of language, the written sources of law are multilingual and the courtroom procedures exercised multilingually" jechuun ibseera.

Akka yaada kanaatti haalli afaan hedduun tajaajilamuu kun Abbootiin alangaas ta'ee Abbootiin seeraa himattoota, shakkamtoota yookiin ragoota wajjiin waliigalteerratti dhiibbaa geessuu dada'a. Fayyadamni afaanii,mata duree, iddoofi namoota wajjiin dubbataa jiran gidduu galeeffachuudhaan kan raawwatamuufi haala keessatti kan jijjiiramuudha. Jijjiiramni fayyadama afaanii kunis mana murtii keessattillee, kan calaqqisuudha. Akkaataan dhiifama itti gaafatan yookiin itti galateeffatan mana murtii keessatti wal hinfakkaatu.

Haalli manneen murtii xiyyeeffannoon hordofamuu, Mehl (2003:550) "In formal situation as in Ethiopia courts, people often give much attention to their language use" jedha. Kanarraa ka'uun manneen murtii Itoophiyaa keessatti fayyadamni afaanii namoota biratti sababa sodaa qaamota aangoo irraa kan ka'e xiyyeeffannoon kan hordofamu ta'u.

Yaaduma kana Cooper (1976:439) yoo ibsu, "Changes in our speech are marked not only in vocabulary and grammar within a single language,they are also marked changes from one language into another language which is appropriate to the situation"jedha.

Akka yaada kanaatti, abbootiin seeraa jechoota dirroojii yookiin ijaarama seeraa keessatti jechoota jiran fayyadamuun yeroo ajaja yookiin raawwii dabarsan haalli hiikkoo isaanii dhibaa ta'us jira. Ulfaatina hiika jechoota ijaarama seeraa keessatti jiran kana abbootiin seeraa hiika galmee jechootaa ilaaluuf yoo dirqamanis mul'ata. Haalli akkasii kun hiika jechootaa dhimmicha ibsamuu barbaadameen osoo walhinsimimin hafuu danda'a. Kanaafuu,fayyadama afaanii keessatti hiika jechootaa kallattii galmee jechootaatiin ilaaluu caalaa haala galuumsa isaatiin fayyadamuun gaarii ta'uu Olsson (2008:149) "Linguists view dictionaries as imprecise and limited to word meanings.Because contextual meanings are probably best not taken from dictionary,but from experimentation and observation of how words are used'jechuun ibseera.

Akka heera Itoophiyaa bara 1987 bahetti Mootummaan Naannolee afaan hojii naannoo isaanii akka qabaatan eeyyama. Gama qajeeltoo seeraatiin ammo namni kamuu mana

murtiitti yookiin dhaddacharratti afaan beekuun akka tajaajila argatu yoo afaan mana murtii hinbeekne ta’e ammoo yaada isaa Abbootiin alangaa akka jalaa hiikaniif eeyyama.

Namootni afaan addaaddaa dubbatan gara manni murtii afaan isaan hinbeekneen hojjatutti si’a dhufan rakkoowwan yaada isaanii caalatti ibsachuu dhabuu,yookiin dhiibbaa addaaddummaa muuxannoofi aadaa qaban irraa ka’een soda,rifannaa,aariifi dhiphinna uumamu irraa kan ka’e osoo hin ibsatinillee hafuun jiraachuu danda’a.

### 2.11. Labsiiwwan Afaan Mana Murtii Itoophyaa Isa Duriifi Ammaa

Biyyi Itoophyaa baroota mootummaa durii biyya bulchaa turan keessatti afaan mana murtii ilaalichisee labsiiwwan gargaraa kan dabree ture ta’uun ni beekama. Labsiiwwan mana murtii biyya tanarratti dabraa turan ammo haala biyyattiin hawaasa afaan hedduufi aadaa heddu qabaatan irraa ka’een rakkoowwan diinagdeefi hawaasummaa isaanii qixaan hiikuufii hin dandeenye. Kanaan walqabatee Mootummaa Tewoodiroos yoo ilaalame haala siyaasa isaatiif mijatuuf labsii afaanii baasaa akka ture hubachuun nidanda’ama.Labsiin bara 1940 dura turan keessattuu kan afaan mana murtii ilaallatu abbaan seeraa afaan garee hawaasa tokkoo beekuu yookiin dubbachuu akka qabu,afaan kunis kan amantii kiristaana Ortoodoksiitiin hidhata qabu ta’utu mul’ataa ture. Bara 1940 booda labsiin afaan mana murtii ilaallatu seerotni ibsaafi hiikkaa akka argatan godhamuun hamma tokko fooyya’eera.

> *After the period of 1940s Ethiopian’s law contain several provisions with respect to language.One of the provision with the use of interpretations and translations in legal documents and procedures ,and the other deals w specifying the use of one or more languages for particular purposes. (Cooper 1976:182).*

Akka yaada labsii gubbatti ibsameen taa’etti afaan mana murtii yookiin seeraa hiikkaafi jijjiirraa afaan tokkoo gara birootti tujumaanaan haahojjatamu jedhu hojiirra akka oolu godhamuun fooyya’insa tajaajilamaan afaan beekuun akka fayyadamu kan taasisu ta’uun bu’aa kan qabuufi kunis

- ❖ Namni hidhame mirga turjumaana argachuu qabaachuu
- ❖ Hiikkaafi jijjiirraa afaaniitiif manni murtii haala mijeessuu kan isa barbaachisu ta'uu .
- ❖ Waan tajaajilamaa hinjedhin,hinhimatiniin alatti hiika raawwachuun kan nama gaafachiisu ta'uu.
- ❖ Himataan,himatamaaniifi ragaa baatotni yaada dhimma afaan mana murtii dhiyaate afaan beekanitti hiikamee yookiin jijjiiramee hubachuuf mirga qabaachuu akka qaban fooyyee labsii kana keessatti akka taa'e Cooper ( 1976:188) ibseera. Haata'umaalee qajeeltoon seera keessatti taa'e kun hojiirra oolmaarratti rakkinna akka qabu dabalee yaadasaa kaa'eera.

Afaan mana murtii Itoophiyaa kan labsiin akka afaan hojiitti murtaa'e Afaan Amaaraa innumti kun hanga dhuma Mootummaa Dargiitti haaluma walfakkaatuun hojiirra oolaa kan tureedha. Achi booda bara Mootummaa ADWUI afaan mana murtii ilaalchisee afaan biyyattii keenyaa hunduu beekkamtii walqixa kan qabu ta'ee mootummaaleen naannolee afaan hojii tokko akka qabaatan kan taasisu, afaan kunis afaan hojii mana murtii ta'uu ibsa. Labsii afaaniin fayyadamuu mana murtii bara mootummaa ADWUI kana keessattis fooyyeen garagaraa kaa'ameera. Keewwata 5 heera bara 1987 bahe keessatti dhimma tokkoof afaan garagaraa akka fayyadaman taasisuu,namni tokko afaan beekuun manamurtiitti fayyadamuu mirga qabaachuu,afaan kamuu gara afaan hojiitti akka hiikamu yookiin waan afaan hojiitiin barreeffame gara afaan tajaajilamaan beekutti akka hiikamuuf mirga qabaachuu,namootni hiikkaafi jijjiirraa afaaniirratti hojjatan beekamtii seerummaa argachuu mirga qabaachuudha. Dabalataanis labsii heeraa kana keessatti namootni tajaajilamaa mana murtii ta'an himataan, himatamaan, shakkamaan yookiin hidhamaan sababa mana murtiitti dhiyaataniif afaan beekaniin akka hubatan mirga turjumaanaa argachuu qabaachuudha.

## 2.12. Afaan Oromoofi Afaan Mana Murtii

Afaan Oromoo afaanota biyya Itoophiyaa keessaa dubbattoota baay'ee kan qabuu dha.Afaan dubbattoota biyya keessaa qofa osoo hintaane biyya alaa Somaaliyaa, Jibuutii, Keeniyaafi Suudan afaan dubbataman, biyya keessattis naannoo Oromiyaatiin alatti

kanneen akka Hararii, Sidaamaa Geedi’oofaa keessatti Afaan Oromoo kan dubbatamu ta’uufi afaanota ganfaa Afrikaatti dubbataman kan dubbattoota baay’ee qaban keessaa Hawusaafi Kiswaahiliitti aanee kan sadarkaa sadaffaatti argamu ta’uusaa Milkeessaan (2015:15-16) Dr.XilahuunGamtaa (1993), MahammadHasan (2010) waabeffachuun kaa’eera. Haaluma walfakkaatuun afaanota Afroo-Eeshiyaa addunyaa kanarratti bal’innaan dubbataman keessaa afaan Arabaafi Hawusaatti aanee baay’ina dubbttootaatiin Afaan Oromoo isa sadarkaa sadaffaa akka ta’e Gragg (1982) waabeeffachuun ibseera.

Akka dhaabbata Odeeffannoo Biyyoolessaa Itoophiyyaa bara 2010 ragaa baasetti ammoo Afaanota Itoophiyaa keessatti dubbataman kan baay’ina ummata biyyattii keessaa harka tokkoo sadaffaa (33.8) ol akka afaan dhaloota isaatti Afaan Oromoo kan dubbatan ta’uun ibsameera.

Haata’umalee biyya Itoophiyaa tana keessatti ilaalichi biyyaattii tokkommeessuu jedhuun hanga kufaatii Mootummmaa Dargiitti afaanota gita bittaa jalatti galan keessaa Afaan Oromoo isaa tokkoodha. Kana gochuufis sabootaafi sablammoota biyya tanaa ta’an humnaan weeraruun gita bittaa jalatti galchuun aadaa,amantii afaaniifi duudhaa isaanii akka hinguddifanne cunqursaa hamaa irratti geessanii jiru. Labsiiwwan Itoophiyaa kan yeroo garagaraatti bahaa tures dhuguma kana kan mirkaneessuudha.

Fakkeenyaaf, bara mootummaa Minilik II maqaa biyyatti tokko gochuutiin Afaan Amaaraa biyyattii Itoophiyaatti daangaa Bahaa hanga Dhihaatti akkasumas Kaabaa hanga Kibbaatti Afaan Amaaraa sabaafi sablammii biroorratti akka fe’amu godhameera.

Yaadakana Meyer (2006:120) “During the reign of Minilik II, who expanded the Ethiopian Empire to today‟s borders Amharic was given a new status as a symbol of unification for the people in the mulitilingual Ethiopian society” jechuun ibseera.

Karaa biraatiin mootummaan H/Sillaaseetis Imaammata barnootaa isaa keessatti bu‟uura xiyyeeffannoo garaagarummaa aadaa, amantii, duudhaa afaaniifi kkf. dhabamsiisuun labsii afaan tokko, amantii tokko, aadaa tokkoo bara 1933 biyyattiirratti diriirse afaan barnootaafi afaan hojii mootummaa Afaan Amaaraa ta’uu Bahiru Zawudee (2002:132-133) ibseera. Labsiin baruma mootii H/Sillaasee keessa bahe inni biroon labsii lakk.3 bara 1944

ture.Labsiin kunis lafa fagoo Amaarri hinjirreettis afaan barnootaa Afaan Amaaraa qofa akka ta’uufi afaan sabaafi sablammoota biroo Afaan Oromoo dabalatee barnootnis hojiin mootummaa kamiiyyuu akka ittiin hingaggeeffamne ittifameera. Haalli kunniin Sabni Oromoo akka gadi quucaru godheera. Inumaayyuu Afaan Oromoo barnootaafis ta’ee amantii biyyattiifis akka hintajaajille, biras dabree warri Mishinarootalleen osoo hinhafin Afaan Oromootti akka hinfayyadamne godhamaa kan ture ta’uu Donald Donham (1999:153) ibseera.

Duulli saba tokko ijaaruu afaan, amantiifi aadaa tokko qofa dagaagsuu itti fufuun labsiin heera fooyya’aa Impaayera Itoophiyaa bara 1955 keewwata 125 irratti akkas jechuun dhiyaateera. “The official language of the Empire is Amharic”. Haala labsii kanaan Afaan Amaaraa afaan mootummaa kan hojiin bulchiinsaa, barnootaa, sabqunnamtii, afaan mana murtii iddoo biyyaatti hundatti akka ta’u godheera. Yaada kana Baxter (1983:137) “An Oromoo had to speak Amharic or use an enterpreter in courts or before an official. Even a case between two Oromos before an Oromo speaking magistrate had to be heard in Amharic” jechuun barreesseera. Kun ammo Afaan Oromoo sadarkaa wayiifillee fayyadamuun akka hindanda’ amne keessattuu yeroo mana murtii yookiin waajjira mootummaa dhaqan dirqama Afaan Amaaraa dubbachuun yookiin turjumaanatti fayyadamuu akka qaban agarsiisa. Labsii kana keessatti namootni lama kan afaan dhaloota isaanii Afaan Oromoo ta’ellee yoo wallolan afaan isaaniitiin rakkinicha akka hinibsanne ittisuun dirqamatti Afaan Amaaraa kan isaan hinbeeknetti jijjiiramee akka dhiyaatuuf godhama.

Mootummaan Dargii mootummaa gonfoo H/Sillaasee kuffisee bara 1974 taayitaa qabates maqaadhaaf labsii isaa bara 1976 baase keessatti “Sabni kamiiyyuu dhimma dhuunfaa isaarratti ofiin of bulchaa. Naannoo ofiitti qabiyyeesiyaasaa,diinagdeefi jireenya hawaasummaa akkasumas afaan ofiitti fayyadamuufi bakka bu’oota ofii filachuuf mirga murteeffachuu qaba,” haajedhu malee mootummaa Nafxanyootaa irraa karaa garaagarummaa hinqabneen hacuuccaa aadaa,amantiifi afaanii sabaafi sablammootaa itti fufsiiseera.

Kanas Lionel Bender (1985:276) imaammata afaanii bara Dargii , “A” defacto continuation of the old police of Amharization. “Imaammanni durii sun akkuma jirutti kanitti fufee ta’uu ibseera.Imaammanni afaanii kun kan Heera mootummaa Dargiitiin tumame labsii bara 1976 keewwata 116 irratti “In the People’s Democratic Republic of Ethiopia the working language of the state shall be Amharic” jechuun kaa’eera. Kunis Afaan Amaaraa malee Afaan Oromoo iddoowwan hojii mootummaa kan bulchiinsaa, barnootaa,mana murtiifi biroo keessattillee itti fayyadamuun akka hindandeenye godheera. Gama biraatiin ammo mootummaan Dargii ololli isaa dhugaa akka fakkaatuuf maqaa “Duula doofummaa balleessuu” jedhuun Afaan Oromoo qubee Gi’iiziitiin hayyootni Oromoo barreessaa turanis adeemsa keessa harka ofiitti galfachuun Afaan Oromoo akka hindagaagne cunqurseera.

Haata’umalee Afaan Oromoo mootummaa gonfoofi abbaa irreetiin hacuuccaafi labsiiwwan dhoorkaa irratti dabrus hayyoota Oromoofi lammiiwwan biyya alaa tokko tokkoon afaan dubbiirraa gara afaan barreeffamaatti ceesisuu isaanii tattaaffiiwwan godhaman kan agarsiisan jiru. Barruuwwan Afaan Oromootiin barreeffaman kunniinis kan dhimma amantii, hawaasummaa, falaasamaafi aadaa hawaasa Oromoo ibsan kan keessatti argaman ta’uu Wasanee Bashaafi kaawwan (2000:8-10) ibsaniiru.

**2.12.1. Seeraafi Hojiiwwan Mana Murtii Oromiyaa**

Seerri qajeelfamoota, dambiiwwan kanneen heera mootummaatiin murtaa’an keessatti fudhatamanii hawaasaa akkasumas miseensota hawaasichaa bulchuuf, too’achuuf kan fayyaduudha.Seerri kun ammo kan ibsamu karaa dubbii afaaniifi barreeffamaatiin ta’a. Seerri qixaan hojiirra akka ooluuf ammo sirritti ibsamuufi hiikamuun barbaachisaadha.Kun hunduu kan raawwatamuun karaa Fayyadama afaaniitiin ta’a. Kanarraa ka’uun Maher (1996:89), “Law is about language and it is almost impossible to have law with out language” jechuun hangam hojiirra oolmaa seeraa keessatti afaan barbaachisaa akka ta’e ibseera. Seerri afaaniin ibsame gara hojiitti kan hiikamu inni ijoon sadarkaa manneen murtiitiin ta’a. Manneen murtii dhimmota seeraan daanga’e kennameef qaba.Akka labsii 141/2000 lakk.4 Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa deebsanii hundeessuuf bahe jalatti hojiiwwan itti aanu kennameefii jira.

#### 2.12.2. Dhimma Hariiroo Hawaasaa

Adeemsa sirna haqaa mirkaneessuu keessatti dhimmootni mana murtiitiin ilaalaman heddutu jira. Kanneen keessaa tokko dhimma hariiroo hawaasaati. Akka seera hariiroo hawaasaa biyya keenyaa bara 1952 bahe keessatti taa'een dhimmoota yakkaan wal hinqabannee, faayidaa maallaqaafi diinagdee argachuuf jecha namoota giddutti walitti bu'iinsa uumaman hiikuuf kan tajaajiluudha. Dhimmootni hariiroo hawaasaa kana keessatti ilaalamanis waa'ee namaafi mirgoota isaa, galmee faayidaa ummataa,dhimma sanadoota beekamoo, waa'ee dandeetti namootaa, waa'ee firummaafi dhaala, waa'ee qabeenyaafi qabiyyee waliinii, waa'ee qabeenyaa hinsochoonee,waa'ee waliigalteefikkf. kan hammatuudha. (S/H/H 1952).

#### 2.12.3. Dhimmoota Yakkaa

Dhimmotni yakkaa seera duratti kanneen dhoowwaa ta'an yookiin akka raawwatamu kan dirqisiisu bakka ta'ee jirutti osoo hinraawwatamin yoo hafe ilallatuudha. Dhimmootni gama kanaan ilaalaman yakkarrati hirmaachuu, tarkaanfii seeraa namoota umriin hingeennerratti fudhatamuu,dhimmoota yakka biyyarrattiifi biyyaan alatti raawwatamanii,yakkoota mirga namootaa sarbuuf raawwatamaniifi dhimmoota kana fakkaatan yakka jalatti ilaallamu. Dhaddachi itti ilaalamus dhaddacha yakkaa ta'ee yeroo namootni seera jedhamee tumame bira dabruun yakka raawwatan hidhaan , yookiin qarshiin yookiin haalota addaatiin barsiisuuf jecha adabbii dabarsuuf tajaajiluudha. (S/A/Y 1996)

#### 2.12.4. Haala Himata Mana Murtii

Manneen murtii sadarkaa olaanaa hanga aanaatti jiru dhimmoota ilaalan kan seera labsii 141/2000 lakk.4 taa'een jalatti daangeffameen raawwatu. Dhimmoota sadarkaa isaaniitiin ilaalan keessaa dhimmi hariiroo hawaasaafi dhimmi yakkaa isaan ijoodha. Dhimmootni kunniin immoo adeemsa itti ilaalaman kan qaban yoo ta'u isaan ijoon garuu haala himataa hundeessuu, ragaalee dhaggeeffachuufi murtii kennuuti. Haalli himata wajjinwalqabatan kan eegalu qaamni miidhame jechuun gara waajjira poolisaa yookiin mana murtii dhufu kamiiyyuu dhimma isaa barreeffamaan dhiheessa. Barreeffama himata isaa keessatti maqaa

guutuu , teessoo , qaama himatuufi manni murtii itti himatu kun dhimmicha ilaaluuf aangoo qabaachuu mirkaneeffachuun isa barbaachisa.

Dhimmoota waliigalaa kanneen himata isaa keessatti jiraachuu erga mirkaneeffatee booda mana galmee mana murtiitti geessuun ofisarri seeraa himata dhihaate gama seeraatiin dhimmichi himatame sadarkaa mana murtii sanaatti kan hillaalamne,yookiin immoo, dhimmichi raawwatame kan nama hinhimachiifne ta'uu isaa erga qulqulleessee kan qaama biroof eeramu , kan kufu yookiin kan himata hundeessu jechuun adda baasa.

Himata dhihaate erga bifa kanaan adda baasee dhimma hariiroo hawaasaa kan ta'an galmee banuun galmeessee qaamni himatame deebii ittisaa yoo qabaate barreeffamaan dhiheeffachuu akka danda'u xalayaan waaamicha akka dhaqqabu ajaja dabarsa.Abbaan dhimmaa himatame yeroo xalayaan waamicha isa dhaqqabe qaama isa himate,dhimmicha irratti himatame,teessoo fi wkf ragaalee ittisaa wajjin qabachuun guyyaa beellamaa mana murtiitti dhihaata.

Waamichi xalayaa qaama himatame dhaqqabuun abbaan dhimmaa deebii qopheeffate mana murtiitiif dhiheesse walharkaa fuudhiinsi himata galamaa'ee barreeffamaan dhihaatee ni gaggeeffama. Kun immoo, walharkaa fuudhinsa falmii barreeffamaa yoo ta'u, qaamni himatame waan itti himatamerratti yaadaaafi ragaa qaba jedhu tarreessuun kan isarraa eegamuudha.

Walharkaa fuudhiinsi barreeffamaa himata hundaa'ee erga raawwatee qaamotni himataafi himatamaan dhimmicha irratti kan walii hingallee yookiin inni himate himaticha kan hinkaafne taanaan, himataafi himatamaa qorachuuf beellama sadarkaa duraa kennama. Himata dhihaate irratti manni murtii beellama sadarkaa duraatiin erga ilaaleen booda himaticha mormii sadarkaa duraatiin kuffisuu yookiin itti fufsiisuu danda'a. Dhimmootni mormii sadarkaa duraa irratti himata kuffisan, himatni dursee beellamarra yoo jiraate, sadarkaa mana murtii sanaatti murtii yoo argate, dhoorkaan kan daanga'e, jaarsummaan dhumatee galmaa'ee yoo jiraatee argameedha.

#### 2.12.5. Haala Ragaa Mana Murtii

Dhimmootni ragaan walqabatan hedduudha. Kanneen keessaa ragaan mana murtii isa tokko. Mana murtii keessatti dhimmootni himatni itti hundeeffame kan himataafi himatamaa hunduu adeemsa ragaa seeraa ragsiisuutiin murtii argata. Manni murtii bu'uuruma seeraatiin abbootii dhimma, ragaa namaafi meeshaalee dhaggeeffachuu, qorachuu mirga qaba. Kanarraa ka'uun abbootiin dhimmaa himataan yookiin himatamaan ragaalee qaban akka dhiheeffatan xalayaa waamichaa qopheessuun guyyaa beellamaa dhihaatan ibsuun akka isa dhaqqabu godha. Akkaatuma beellamameen abbaan seeraa jecha kakuu erga raawwachiisanii booda dhimmicha irratti ragaa akka bahan(kennan) godhama**.**

#### 2.12.6. Murtii, Raawwiifi Oliyyannoo

Himanni mana murtiitti dhiyaate galmeen banamuun falmiin gaggeeffamee akka itti fufu ta'e ragaan akka dhagahamu godhama. Ragaaleen gama himataafi himatamaa dhagahamee galmeen erga qulqullaa'ee booda bu'uura seera taa'eetiin murtiin kan itti kennamu ta'a. Qaama murtiin murtaa'eef akka hojiirra oolu kan ta'u ammo karaa raawwiitiin ta'a. Abbaan dhimmaa murtiin itti murtaa'e mana murtii sadarkaa sanaa oliirraa ittisa dhiheeffachuu baannaan raawwii itti kenname raawwachuu diduun seeraan isa gaafachiisa. Haata'umalee murtiin murtaa'e irratti komii kan qabu yoo ta'e oliyyannoo fudhachuudhaan mana murtii sadarkaa olaanaatti dhiheeffachuu mirga qaba. Oliyyannoon fudhatames iyyata isaa barreeffamaan walqabsiisuun qaama olaanaatiif akka dhiyaatu ta'a. Mana murtii Olaanaattis iyyatni dhiyaate erga qulqullaa'ee booda guyyaa beellamaa kennameetti falmii afaanii abbaa dhimmaa wajjiin akka dhagahamu ta'a. Oliyyataan falmii duraarratti dhimmicha gadi fageenyaan yoo ibsuu baate sadarkaa duraatti abbaan seeraa galmee cufuu danda'a.

## 2.13. Afaaniifi Aangoo

Afaanifi aangoon hidhata guddaa qabu. Aangoon haala afaanitti fayyadamuun humna qabeessa ta'uu yooagarsiisu, ga'umsa ittifayyadama afaanii qabaachuun immoo, walqunamtii taasifamu keessatti hubachuufi hubachiisuuf gahee olaanaa qaba. Keessumattuu warren Aangawoota olaanoo ta'an dhimmoota biyyaa garaa garaa irraatti

miidiyaalee hawwaasaa garaa garaa irraatti ibsa kennaa oolu waanta'eef dhimma irraatti dubbatan sanarraatti dhiibbaa olaanaa gochuuf ittifayyaadaamni afaanii isaanii daran murteessaadha. Akka Gudykunst and Kiim (2003) aangoonfi afaan walitti dhufeenya cimaa qabu. Aangoo jechuun dandeettii dhibbaa namni tokko nama biraa irratti gochuu danda'uu jechuudha. Ittifayyadamni afaanii aangoo ibsa. Akka Holmes(1992) namoonni akka dhibbaa naannoo hawwasummaa isaanitti afaan fayyadamuf jechoota filatu. Akkasuma, dhimma kana ilaalchisee Wareing (1999) afaan aangoofi mirga kabachiisuu keessatti gahee olaanaa akka taphatuufi mirgaafi dirqama keenya hubachiisuu keessatti gahee olaanaa akka qabu ibsee jira. Dhimmoonni seeraafi siyaasaa hundi isaanii hojiirra kan oolan, qajeelfamoonni bahan kan darban afaaniin. Hojiin guyyaa guyyaan hojjannu hundi humna afaani barbaadu.

Walqunamtiin abbaan aangoo hawaasa waliin taasiisu afaanitti gargaaramuuniidha. Manneen hojii mootummaa hundatti itti fayyadama afaanii iddoo olaanaa qaba. Haala ittifayyadama afaanii kana beekuufi beekuu dhabuun immoo tajaajila irratti dhibbaa olaanaa qaba.

## 2.14. Waliitti dhufeenya Jijjiirraa Afaaniifi Seeraa

Manneen murtii bakka seeroonni, danbiileen, labsiiwwaniifi qajeelfamoonni akka biyyaatti bahan bakka hojiirra ooluun isaanii itti mirkanaa'udha. Seeronniifi labsiiwwan bahan kunniin immoo, hojiirra kan oolan afaaniini. Afaaniifi seerri walitti dhufeenya cimaa/firooma cimaa qabu. Seerri afaaniitti fayyadamuun dhimma dhiyaate tokkoof kan faloon ittiin kennamuudha(Labsii Lakk. 46/1995). Afaan kuniis, barreeffamaan yookaan dubbiin mana murtii keessaatti hojiirra oolu.

### 2.14.1. Maalummaa Jijjiirraa

Jecha jijjiirraa jedhu yoo hiikni afaan tokko gara afaan biraatti (gara nama afaanicha beekuutti) dubbiidhaanis haata'u barreeffamaan jijjiiramedha. (Crystal, 1987) akka ibsetti, jijjiirraan jehca waliigalaa yaadaafi beekumsa afaan tokorraa gara afaan biraatti jijjiiruudha. Afaanichi kan barreeffamaan dhiyaate ykn haala dubbiitiin akkasumas mallattoo dhaan (Mallattoo warra gurraan hin dhageenyee) ta'uu danda'a. Nida and Taber(1982) jijjiirraan

hiika, ergaafi tooftaa barreeffama afaan maddaa irraa gara afaan galmaatti dabarsuudha. Akka hiika kanaaatti xiyyeeffannoon ergaa dabarsuudha. Wilss (1982) jijjiirraan adeemsa barreeffama afaan maddaa (source language) tokkoo gara afaan galmaatti (target language) haala mijataa ta'een, yaada walgitutti hiikuurratti kan xiyyeeffatuufi hubannoo galumsa jechaa, hiikaa, yaada haala galumsaafi adeemsa xinxaluu barreeffamoota afaan maddaa kan gaafatu.

Jijjiirraa ilaalchisee Newmark(1988:7) hiika yoo kennu "jijjiirraan ogummaa ergaa barreeffama yookiin yaada afaan tokkoo haala walfakkaatuun ergaa yookiin yaada sana afaan birootiin bakka buusuudha." Akka hiika kanaatti jijjiirraan ergaa walfakkaataa dabarsuuratti kan xiyyeeffatu ta'uu hubanna. Owens(1996) ammojijjiirraan ergaa barreeffama tokkoo afaan tokkorraa afaan birootti qaxxaamursuu akka ta'e nuuf ibsa.

Hiikaafi akkaataa xiyyeeffachuun Nidafi warra biroo(1974) jijjiirraan ergaafi haala barreeffamaarratti hundaa'uun afaan maddaatiin akka walmadaalutti afaan birootiin caqastoota ergaa darbuudha.kun jehcoota adda addaa haafayyadamaniyyuu malee, yaada bu'uuraa walfakkaatu qabu. kunis hojiin jijjiirraa afaan tokkorraa afaan birootti ergaa dabarsuu kan jedhudha.

**2.14.2. Jijjiirraa Raawwachuuf Seerota Hordofamuu Qaban**

Jijjirraa namani eeyyama qabu kamiyyuu calisee kan raawwatu osoo hinta'in, seera mataa isaati hordoofuun kan raawwatudah. Kana ilaalchisee**,** Newamark(1988:73) maqaan dhaabbilee dhuunfaa, manneen barnootaa, hospitaalotaafi wkf jijjiiramuu akka hinqabne yoo ibsu, "maqaa dhaabbilee dhuunfaa, maqaan mana barnootaa, maqaan yuunvarsiitotaa, maqaa Hospitaalotaafi wkf, akka qajeelfamaatti jijjiiramuu kan hinqabne ta'uu hubanna" .Sababnisaa maqaaleen kunniin aadaa afaan maddaa wajjin hidhata waan qabaniif ta'uu dhiheessa. Jijiirra raawwachuuf gahumsi nama hojii kanarratti bobba'ee murteessaadha. Kanaafuu, namajijiirraa raawwatu (jijjiiraa) tokkorraa kanneen barbaadaman beektonni garaa garaa bifa itti aanu kanaan ibsu. Newmark(1988:6) namni jijjiirraa raawwatu tokko gosti barreeffamichaa kamiyyuu yoo ta'e barreeffama gaarii uumuuf caasaafi qabiyyee afaanichaatiif iddoo kennuun barbaachisaa ta'uu nutti agarsiisa.

Dabalataan,Newmark(1988) hojiin jijjiiraa inni jalqabaa barreeffamicha hubachuu, xiinxaluu yookiin yaada wliigalaa tokko qabaachuun barbaachisaa ta'uu dhiheessa. Gama birootiin, beekumsa afaanii ilaalchisee namni jijjiirraa raawwatu akka yaaxinaatti beekumsa afaan irraa jijjiiruu, afaan itti jijjiiruufi dhimma sana sirriitti qabaachuun barbaachisaa ta'uu Daniel(2000) yeroo ibsu, namni jijjiirraa raawwatu tokko afaan maddaa, afaan jijjiirraafi dhimmicha yoo beeke hojii isaa haalaan raawwachuu kan danda'u ta'uu kaa'a. Sababni isaa, hanqina inni gama afaanota lachuun qabu jijjiiruu irratti dhiibbaa geessisa waan ta'eefidha. Kanaafuu, kan jijjiiramuu qabu unka isaa yoo ta'u; ergaafi hiikni isaa tuqamuu akka hinqabne ibsa. Dabalataanis, namni ijjjiirraa raawwatu tokko waa'ee namoota jijjiirraan sun raawwatamuuf(dubbistoota) hubannaa qabaachuu qaba. Sababnisaa, jechoota akkamii fayyadamuu akka qabu waan hubachiisuuufi.

Akka (Daniel 2000) Namoonni yeroo afaan 2^ffaa ykn afaan alaa wallaalanii rakkatan nama gara afaan isaaniitti jijjiiruuf barbaadu. Yeroo tokko tokko hojiin baay'ee walxaxaan amma jijjiirraa ga'u hinjiru jedhama. Sababni isaas, namoonni hojii jijjiirraa hojjetan afaanicha qofaa sirriitti beekuun gaha miti.

Dabalataanis, hubannoo gahaa beekumsa waan jijjiiramu saniifi aadaa, duudhaa, miiraafi safuu hawaasaa sirriitti beekuun waan dabarsuun yaadame sana haala barbaadameen akka dabarsaniif waan gargaaruuf, kanas dabalanii beekuun waan barbaachisaa ta'eefi, akkasumas, jechoota laguu hawaasa afaanicha dubbatuu xiyyeeffannaa keessa galchuutu namatti jira. Yaaduma kana deeggaruun Newmark (1988) yeroo ibsu, jijjiiraan afaan maddaa yoo sirriitti beeke, dogoggora gama dhimmichaafi afaan jijjiiraa irratti uumamu salphisuuf gargaaruu isaa agarsiisa. Gama biroon, Bovee (1989) Nama jijjiirraa raawwatu ilaalchisee seerota bu'uuraa armaan gadii kaa'a.

- Namni jijjiirraa raawwatu sun barreessaa bu'a qabeessa ta'uu qaba. Jijjiiraan dubbataa afaanichaa ta'eef ga'umsaan jijjiirraa niraawwata jechuun hidanda'amu. Namoonni hunduu dandeettii afaan dubbachuu qabaatanillee faanichaan barreessuurratti namoota muraasa qofatu barreessitoota bu'a qabeessadha. Kanaaf, furmaata kan ta'uu danda'u irra deddeebi'uun barreessuun shakaluudha.
- Jijjiiraan waa'ee dhimma jijjiiru sanaa hubannaa qabaachuu qaba yeroo hunda jijjiirfaa waliigalaarra jijjiiraa ogeessa ta'e filachuun gaariidha.

### 2.14.3. Kaayyoofi Yaaxina Jijjiirraa

Yaaxinni jijjiirraa xinqooqa walmaddisiisaarraa akka maddeefi xinqooquma gidduutti waa'ee hiikaa kan ilaallatu; akkasumas, gaaffileen hiikaan walqabatan hundi yaaxina jijjiirraa wajjin hidhata akka qaban Newmark (1988) akkanatti ibsa, yaaxinni jijjiirraa madduu isaatiif sababa kan ta'e namoonni jijjiirraa raawwataniifi gulaaltonni baayyachuurraa kan ka'e akka wabiitti isaan tajaajiluuf maloota jijjiirraa irraa maddisiisuun dhimma itti ba'uuf akka ta'e kaa'a. Yaaxinni jijjiirraa ergaa yookiin hiikarratti akka xiyyeeffatu deggera.

Yaaxinni kun Nida nama jedhamuun hojii jijjiirraa kitaaba qulqulluutiif hojiirra oole (Nidafi warra biroo, 1974). Kunis, ergaa walmadaalaa ta'e afaan jijjiirraatti hojjira oolchuu irratti xiyyeeffata. Newmark (1988:19) kaayyoo guddaa yaaxina jijjiirraa ilaalchisee haala kanaan ibsa. "kaayyoon yaaxina jijjiirraa mala jijjiirraa mijataa ta'e gosoota barreeffamaafi barreeffamoota bal'ina qabaniif murteessuudha. kanamalees, kanneen jijjiiraman qeequun qajeelfamoota, seerotaafi yaada kennuufiin furmaata akka argatan taasisuuf kan ooludha."

### 2.14.4. Jijjiirraa Gama Ogummaatiin

Qabata hojiin jijjiirraa guddachaafi babal'achaa dhufeen yeroo ammaa kana jechoonni tokko tokko ogummaadhaan kan walqabatan ta'anii jijjiirraa waliigalaan alatti ogeessa beekumsa jechoota ogummaa sanaa qaban kan barbaadandha. Ogummaawwan hunduujijjiirraa haala hojii keessatti barbaadu. Dhimmootin Bulchiinsaa, dhimmooti daldalaa, dhimmoota dinagdee dhimmoota seeraafi kkf hunduu adeemsa hojii keessatti hiika mataa isaanii barbaadu. Keessattuu afaan Oromoo yeroo dhiyoo afaan barnootaadfi afaan hojii ta,u isaa irraa kan ka'e dirreewwan hojii hundi jechoota haaraa barbaaduun issanii waan hin ooleef jijjiruun itti fayyadamuun yaadarimee haaraa gara afaanichaa dhufan itti simannu keessaa tokko jijjiraadha. (Addunyaa2010).

### 2.14.5. Jijjiirraa Gama Seeraatiin Raawwatu

Gibbons (2001) jijjirraa afaan seeraa ilaalichiisee yaada kaa'en aangoon afaan bakka kana irratti qabun kan ka'e jijjirraan afaanii bakka kanaa baay'ee rakkisaafi of eegannoo guddaa kan barbaadu ta'u ibsa.Jechoota hiika guutuufi walmadaalaa ta'e afaanoota jijjiramuutti

dhabuun rakkachuun maluu danda'a. Namoonni jijjiraniis haala xiinqooqa afaan seeraa kan beekaniifi hubannoo seeraa kan qaban ta'u qabu jedha. Kanaaf, Gosti jijjiirraa kun gosoota jijjiirraa jiran keessaa ulfaataa waan ta'eef ofeeggannoofi dandeettii ga'aa kan gaafatuudha. Jijjiirraa kana namoonni ogummaafi dandeettii jechootaa fi galmeewwan seeraa qaban ofeeggannoodhaan yoo dalagan malee ergaan barreeffama maddaa irraa gara barreeffame galmaatti akka darbuuf barbaadame harca'ee hafuu danda'a. Kan irratti xiyyeeffatus galmeewwan kanneen akka waliigaltee barreeffamaan ykn afaaniin gama seeraatiin raawwatamuufi waliigaltee seeraqabeessa mootummoota adda addaa giduutti taasifamu ilaalchisee jijjiirraa dalagamuudha.

Gosti jijjiirraa kun yeroo mara namoota ogummaa fidandeetti gama jechootaafi yaadrimeewwan seeraatiin beekamaniin yoo dalagame malee ergaa darbu irratti hanqinni mul'achuu danda'a. sababiin isaas, seerri sirna xiinqooqa mataa isaa irratti hundaa'ee waan deemuuf nama hubannoo aadaa barreeffama maddaafi aadaa barreeffama galmaa qabuun dalagamuu qaba. Sababni isaas waliigaltee haala idileetiin mootummoota addaaddaa gidduutti taasifame tokko ergaan isaa dogoggoraan jijjiiramnaan yakka biraa uumuu waan danda'uufidha. Walumaagalatti namoonni jijjiirraa afaan seeraa hojjatan afaan seeraa kan beeka, muxxannoo seeraa kan qabanfi ogummaa isaa qabaachuu akka qaban hubachiisa.

### 2.15. Yaaxina Xiinqooqa hawwaasummaa (Socio linguistics Theory)

Namni tokko qorannoo gaggeessuuf wayiita karoorfatu keessaatti wantoota ijoo ilaalcha keessa galchuu qabu keessaa inni ijoon tokko maleenya/Yaaxina kaayyoo qorannoo isaa dhugoomsu filachuun danda'uu isaati. Haaluma kanaan mata duree kana jalaatti maleenya kaayyoo qorannoo kanaa waliin deemuu danda'u yaaxina **xinqooqa hawwaassummaatu** dhiyyaatee jira.

Yaaxinni kuni akka yaaxina 'piraagimaatiksii' akkataa dubbiifi amala dhala namaan walqabatanii irratti xiyyeeffachuun osoo hintaane, walitti dhufeenya afaan dubbiifi garaagarummaa hawaasaa gama umuriin, saalaanifi sadarkaa jireenya hawaasummaa dubbattootaa irraatti xiyyeeffachuun akka qoratu Nadia (2012) ni ibsa. Keesummaayyuu garaagarummaa itti fayyadaama afaanii irratti hundaa'uun baay'inaan qorachaa kan turanidha. Xiinqooqni ammayyaa akka ibsutti wantoota dubbii hawaasaa irraan dhiibbaa

geesisan keessaa saallifi koorniyaan isaan muraasa. Saalli kan namni tokko dhalootaan gonfatee uumamu yommuu tahu, koorniyaan immoo qoqqoodmaa hawaasichi waliif kennuudha.

Kanamalees, yaaxinni xiinhawaasaa wa’ee walitti dhufeenya afaaniifi hawaasaa irratti kan xiyyeeffatudha.Wardhaugh (2006) akka ibsuttisociolinguistics theory is concerned with investigating the relationships between language and society with the goal being a better understanding of the structure of language and of how languages function in communication jedha. Yaaxinni kuni walitti dhfeenya afaaniifi hawaasaa irratti bu’uuruun galma caasaa afaan sanaa hubachuufi faayidaa afaan walqunnamtiif qabu kan qoratudha.

Akka yaada garee kanaatti itti fayyadaamni afaanii kan qoratamuu danda’an gama saalaa, koorniyaa, sadarkaa jireenyaa, umrii namootni keessa jiraniiniifi yoomessa isaan keessaatti afaanicha fayyadaman irraatti hundaahuun ta’uu mala. kunis kan tahuu danda’eeffayyadaamni afaanii haala jiruufi jireenya hawwaasaarraa kan adda bahee ilaalamu waan hinta’iiniifi.

## 2.16. Sakatta’a Barruu walfakii

Iftoomina qorannoo isaaf, qoratichi qorannoowwan duraan hojjetaman sakatta’uu yaaleera. Haaluma kanaan qorannoowwan sadarkaa adda addaatti hojjataman ilaaleera

### 2.16.1. Qorannoowwan Digirii Jalqabaa

Qorannoowwan sadarkaa digrii jalqabaa guutachuuf hojjataman keessaa Tamesgen (1978) “*Yequwanquwa AxxeqaaqemBe Idget Xix Fabrika*” jedhuun gaggeeffame yeroo ta’u qorataan qorannoo isaa keessatti qabxileen kaase, af-heddeefi af-lamee sababoota ka’umsaa dafqaan bultoota warshaa jirbii guddinaa keessatti maal akka fakkatu ibsee jira. Afaanoota achitti dubbatamanii parsantiin addan baasee jira.Itti aansuunisnis afaan naannoo mana jireenya isaanitti fayyadaman bu’ureefachuun afaan kam akka fayyadaman ibsa bal’aa kaa’era dabalataaniis namooni warshaa sanaa keessatti hojjatan afaan dubbbataniif ilaalcha akkamii akka qaban ibseera.

Mulunash (1976) “*Yequwanquwa AxxeqaaqemBe Negeellee Borena*”jedhuun dhiyeesitee jirti.Qo’annoo kana keessatti waa’e af-heddeef ibsaa bal’inaan kename jira. Magaalicha keessatti afaan dubbataman tarreessuun afaan dhalootaa isaanii maal maal akka ta’efi bakka addaa addaatti afaan itti fayyadaman afaan kamiin akka waligalan dhiyeessitee jirti. Qorannoon biroo immoo Taadasa (1976) ‘‘*Ye guramalee quwanqwa Axxeqaaqem”*mata duree jedhu gaggeefameen maalummaa afaan guraamaleefi ilaaluun afaan Inglizii afaan Amaaraa irratti dhibbaa gaggeessu ibsuun, afaan guraamalee amaariiffaa maaliif akka dubbatamu ibsee jira.

Nagaash (1978) “*Yequwanquwa AxxeqaaqemBe Addis Ababaa Istaadiyeem*” mata duree jedhuun qo’annoo dhiyeessee jira. Qo’ataan qo’annoo isaa keessatti ittifayydama afanii ilaalchisee ibsa kennuun bakkeewwan addda addaatti daawattooni tophatoonni afaan akkamii bakka akkamitti akka fayyadaman ibsee jira. Akkasuma Abdallaa (1980) “*Yequwanquwa Axxeqaaqem Be Paawe”* yunvirsiitii Addisa Ababaatti kan hojjatame yeroo ta’uu, Qo’annoo kana keessatti qabxiin ijoon ka’an maalummaa af- lameefi af-tokko ibsa kennuun haalli dubbii nama dubbataniifi bakka itti dubbatan irratti hundaa’un kan jijiramu ta’u isaafi fuula duratti safaraatti yoo galamu amaareeffa qofa dubbatu tilmaama jedhu dhiyeesse jira.

Darajjee (1979) “*Yequwanquwa AxxeqaaqemBe Addis Ababaa Maarremiyaa Beet*” jedhun Yunivarsiitii Addis Ababaatti hojjatamedha. Qorannoo kanatti qo’ataan kan xiyyeeffate itti fayyadama afaan namoota to’annoo seeraa jala jiranii yeroo ta’an haala ummamsa afaanii uumamsa jechoota haaraafi kan kana fakkaatan ibsee jira. Dhuma irrattis namoonni mana sirreessaa jiran afaan danda’an irratti ibsa bal’aa kennuun qaaccssee jira. Akkasum Caannee (1980) “*Lisaane Bizuunnetinnaa Yequwanquwa Axxeqaaqem Be Baatii Ketemaa*” jedhuun Yunivarsiitii Addis Ababaatti gaggeeffamedha. Qo’annoo kana keessatti haala af-heddumaa magaala Baatiifi ibsa kennuun dhuma irrattis warri af-heddee ta’an kana af-tokkee kancaalan ta’u isaanii agarsiisee jira.

Qo’annoowwan Anatee armaan olii hundi kan agarsiisaan hojjattootaa fi magaloota irratti bakkeewwan adda addaatti haala iratti hundaa’un afaan kam iddoo akkamitti fi hawaasni afaaniif ilaalcha akkamii qaba kan jedhufi waa’e af-heddee fi af-tokkee ibsu irratti kan

xiyyeefatu dha. Baay'en isaanii goolabani isaanii kan agarsiisuus bal'inaan dubbatamuun af-heddee dhamoo? af-tokkeedha? kan jedhu kaasuun gara af-tokkeetti irra caala amaareeffatti akka tajaajilamanfi gara af-tokkeetti akka deemu ibsu. Qorannoowwan kun qorannoo gaggeefamaa jirun kan adda ta'u ittifayyadama afaan irratti xiyyeefannoon isaanii afaan lamaafi isaa ol namootni danda'an eessattifi maaliif ittifayyadamu jechuun haala afaan lama namooni danda'an walijijjiruun itti fayyadman kan jedhu irratti yeroo ta'u, qo'annoon kana irraa wantooni gargar isa baasan heddutu jira. Qo'anoo kana keessatti kan ilaalamu afaan Oromoo keessatti haal ittifayyadama isaa sirna itti fayyadama irratti rakkoolee jiran ilaaalluu irratti waan ta'ef qorannoowwan olitti gaggeefaman irraa adda. Afaan Oromootiinis kanaan dura mata duree kana irratti namni irratti hojjate hinjiru kanaanis adda ta'a.

Tigist (1982) "*Yefirdi Beetoochi Sine Lissaan Axxeqaaqem*" mata duree jedhuun qorannoo hojjateen manneen murtii kamitti afaan kam sadarkaa ol'aanaatti fayyadamuu yookiin hojiirra oola kan jedhu irratti xiyyeeffata. Qorannoo ishee keessatti dhuftee seera Itiyoophiyaa ilaalchisee ibsa bal'aa yammuu itti kennitu xiyyeeffannoon qorannoo ishee garuu, manneen murtii biyyaatti keessatti argaman Addiis Ababaa dabalatee afaan caalumaan fayyadaman kam akka ta'e addaan baasuu irrattidha. Haaluuma kanaan argannoo ishee irratti afaan Amaariffaa sadarkaa tokkooffaatti manneen murtii biyyattii keessatti akka ittifayyadama isaa irratti yaada adda addaa kaa'uun xumururte.Qorannoon kun kan Tigist irraa adda kan ta'u itti fayyadama afaan hedduu osoo hinta'iin Afaan Oromoo irratti qofa waan ta'eef adda ta'a.

Biyaasaazin(1991) mata duree"*Yekisisyyee Quwaanquwaa Axxeqaaqem Be Addiis Ababaa: Gojjaam Barandaa, piyaassaa innaa Ambassaa Gibbii*" jedhuun kan gaggeeffame yeroo ta'u qorannoo kunis naannoowwaan caqafaman keessatti afaan kisiyyee jedhamu warri fayyadaman waan barbaadan raawwachuuf afaan ittiin waliigalan maal akka fakkaatu qaacceessuu irratti kan xiyyeeffatu yeroo ta'u dhuma irrattis warri afaan ofii isaanii itti waliigalanii baasaniin dhimma isaanii akka raawwataniifi iddoo tokko kan birootti garaagarummaa xiqqoo qabaatullee baay'inaan walfakkaachuu isaa agarsiiseera. Addis (1997) mata duree "*Be Itiyoophiyaa Wisxi Keheggi Gaar Teyayazyinet Yaallachew Tsinse Hassaboochi Siyyaameennaa Asseyaayemachew*" kan jedhu irratti kan gaggeeffame yeroo

ta'u xiyyeeffannoon isaas seeraafi mana murtii ilaalchisee heerri motuummaafi dhimmoonni seera wajjiin wal-qabatan haala jechoonnn isaa itti moggaafamaniitti yaaadrimee isaanii ibsuu irratti kan kennuun xumureera. Qorannoon kun kan amma gaggeeffamuun adda kan ta'uu haala waliigalaa ittifayyadama afaanii kan ilaaluu waan ta'eef adda ta'a.

### 2.16.2. Qorannoowwan Eebba Boodaa

Cooper fi Nahum(1976) "*Language in the Court*" mata duree jedhuun qo'atanii turen. Naannoon qorannichaa Shawaa, Wellaggaa, Harar, Kafaafi Ertiraadha. Akka argannoo qoratoota kanaatti, ittifayyadamni afaanii, mana murtii akka waligalaatti afaan Amaaraa akka ta'eefi, magaalaa tokkoo tokko keessatti immoo manneen murtii shari'aa afaan Amaaraa, afaan Oromoofi Hararii dabalataan akka fayyadaman kaa'aniijiru. Akka waligalaatti nannooleen qorannoon irratti gaggeeffame hundi Eritiraan alatti afaan Amaaraa abbaan seeraa, himataa, himatamaafi ragooleen akka fayyadamanfi Eritiraatti garuu tigriiffa akka fayyadaman ibsanii jiru.Akkasuma Mitsiwwaatti afaan Amaaraa, Xaaliyaaniifi Tigree akka fayyadaman agarsiisanii jiru. Qorannoon kun kan amma gaggeeffamuun garaagarummaa hedduu qaba. Kuniis, kan naannoo bal'aa ta'e yeroo daangeeffamuu qorannoon kun garuu naannoo tokko keessaa aanaa tokko fudhachuun ittifayyadama afaan Oromoo qofa ilaaluun garaagarummaa qaba.

Cooper fi carpenter (1976) "*Language in the market*" mataduree jedhuun qo'atanii turen. Argannoon jirus, haalli fayyadama xinqooqa gabaa (Finfinnee, Aramayyaa, Asmaraa, Diredawaa, Harar, Jimmaafi Soddoo) waliigalteen kan taasifamuufi kan bal'inaan fayyadaman af-heddeen daldaltootni akka ittigargaaramaniin malee, afaan daldalaa tokkoo qofaan akka hintaanedha. Bakka (yoomesi) qo'attoota kanaa bal'aadha. Kanis bakka daldalaa Itoophiyaa adda addaa kan haammatu waan ta'eefi gama biraan, qorannoon kun immoo, madaallii ittifayyadama afaanii aanaa tokkoo qofaa irrattixiyyeeffata. kunis sadarkaa mana murtitti keessatti haala itti fayyada afaanii maal akka fakkaatu ilaaluu irratti xiyyeeffata.

Qorannoon kan biroon, cooperfi kaawwan(1976) gaggeeffamemmoo, kafaafi Arsii irrattidha. Qorannoon kunis magaalaa biyyattii akka waliigalaatti afaan dubbatamu

irrattidha.Argannoo isaanii keessattiis, magaalaan xinqooqa af-lameetti kan gergaaramuu ta'ufi baadiyyaan afaan tokkotti akka gargaaramu ibsanii jiru. Akkasumas, afaan Amaaraa akka afaan 1ffaa fi 2ffaa tti magaalaatti yemmuu tajaajilu Afaan Oromoo immoo akka afaan 1ffaa tti kan baadiyaa ta'uu isaa kaa'aniiru. Qorannoo kana waliin kan tokko taasiisu itti fayyadama afaanii irratti gaggeeffamuu yeroo ta'u garaagarummaan isaa itti fayyadama afaan baadiyyaafi magaalaa yeroo ilaalu, qorannoon kun garuu sirna itti fayyadama afaan tokkoo irratti xiyyeefachuu isaatidha.

Liulseged (1994) mata-duree "*Language Use in The Reseattlement Sites*" kan jedhu ta'ee, xiyyeeffannoon qorannoo isaa ittifayyadama afaanii Dimtu, Illu Abbaabaaboorfi Gambeellaadha. Qoratichis ittifayyadama afaanii kutaalee hawaasa biyyichaa ibsuu yaaleera. Akka argannoonisaa ibsutti afaan dhalootaatti gargaaramuun kutaa hawaasa hedduu keessatti dhimmoota walitti dhufeenya gareetiif yeroo ta'u, Afaan Amaraa akka irra jireessaatti afaan Oromoo haala gadi bu'aan garee hawaasa adda addaa keessatti kan mul'atu ta'uu isaa ibsuun, akka dhaabbileefi mootummaatti garuu, afaan Amaaraatiin daanga'e akka jiru lafa kaa'a. Haata'u malee qorannoo koo keessatti, kan ilaalamu afaan hojii mootummaa nannoo kan ta'e afaan Oromoo irrattifi afaan seeraa qofaa ta,un qorannoo kana irraa adda ta'a.

Qorannoo biroo kan itti fayyadama afaanii waliin kan walitti dhiyeenya qabuimmoo, kan Ayub (2008) mata duree "*Language use of Jamican and Rastafarian Commumity in shashemene*" jedhurratti hojjetamedha. Qorannichis ittifayyadama afaanii hawaasa Rastafrian kan hawaasa naannoo Shaashamannee waliin madaaludha. Argannorn qorannoo kanaas, fayyadanni afaanii hawaasa Jamaikaafi rastafariaan kan hawaasa naannoo waliin madaaludha. Argannoon qorannoo kanaas fayyadamni afaanii hawaasa Jamaikaafi rastafariia Shashamannee keessa jiraatu kan hawaasa waliin walitti firoomsun ittigargaaramuu isaaniiti. Keesumattuu xinqooqa hawaasa biyyatii keessatti afaanotti hedduun akka afaan tokkofi lamaffeetti dubbatamaniyyuu afaan Amaaraa irra jireessaakka filatanfi hawaasa kan biratti akka dubbatamu ibsa. Kuniis, seenaa darbee keessatti waan waliin qaban irraa kan madde akka ta'e lafa kaa'a. Haata'u malee qorannoon Ayub ittifayyadama afaan hawaasa Jamaayikaa kan hawaasa naannoo waliin yeroo ilaalu

qorannoon koo garuu, ittifayyadama afaan Oromoo haala mana hojii tokkoon waan ta'ef garaagarummaa qabu.

Mulugeetaa warquu(2005/2016). "Qaacceessa itti fayyadaama Afaan Oromoo mana murtii Aanaa Daandii" kanjeedhu yommuu ta'u, sirna fayyadaama afaanii mana murtii jalaafi haala uumaamsa jechoota haaraa mana murtii gidduu galeeffatee kanhojeetaameedha.

Gammachiis Zewoodee (2008/2016). "Xiinxaala *haasbarruufi fayyadaama afaan Oromoo mana murtii Aanaa Hidhabuu Abootee"* jedhurraatti kan hojetame yoota'u, qorannoon isaas kan inni xiyyeeffaatu mana murtii jalaatti xiinxaala haasbarruufi haala uumaamsa jechoota haaraa mana murtii keessaati.

Xahaa Maammaa(2008/2016). *"Qaacceessa itti fayyadaama afaanii Aanaa Aggaarfaa*" kan jedhu yommuu ta'u, qorannoon kuniis akkuma warren armaan olii mana murtii jalaa irraatti kan hojetaame yoota'u, haala walmakuun jechootaa fayyadaama afaaniirraatti dhiibbaa geessisuufi uumaamsa jechoota haaraa irraatti xiyyeeffatee kan hojetameedha.

# BOQONNAA SADII(3)
# MALA QORANNICHAA

Kaayyoon qorannoo kanaa akkuma duraan ibsame Haala fayyadaama afaanii mana murtii olaanaa Godiina Wallaagga Bahaa xiinxaluun ibsuudha jedhurratti. Kana gochuufimmoo, qoratichi gosa qorannoo makaa (mixed) akkamtaa (qualitative research)fi hammamtaa (quantitative research) fayyadamee jira. Sababnisaa, qorannoo kana keessatti odeeffannoon guurame lakkoofsaaniifi ibsaan hiika kan argate waan ta'eefidha. Kanarratti, Abiyfi warri biroo (2009:36) yoo ibsanu, *"Qualitative research involves studies that do not attempt to quantify their results through statistical summary or analysis,"* jedhu.

Dabalataan, Dastaa(2002:20)"Qorannoon mala kanaan (akkamtaan) geggeeffamu odeeffannoo argate mala addeessaatiin ykn mala ibsaatiin dhiheessa," jedha. Qorannoo kana keessattis kanumatu dhimma bahame. Gama birootiin, qorannoo kana keessatti odeeffannoon argame gadifageenyaan ragaan deeggeramee kan xiinxalame waan ta'eefidha. Addunyaa(2011:12) yaada kana yoo cimsu, "Ciminni qorannoo kanaa (akkamtaa) gaaffiiwwan akkam? maaliif? jedhan kaasuun gadifageenyaan xiinxaluurratti humna waan qabuuf, amanuufi hubannoo bal'isuuf haala mijeessuu isaati," jedha. Yaada kanarraa malli kun gadifageenyaan xiinxaluurratti humna qabaachuufi gama amanuufi hubannoo bal'isuufis haala kan mijeessu ta'uu hubanna. Kanaafuu, kaayyoon qorannoo kanaas *Haala fayyadaama afaanii mana murtii olaanaa Godiina Wallaagga Bahaa xiinxaluun ibsuudha jedhurratti* kan xiyyeeffatu waan ta'eef, qoratichi mala kanatti dhimma ba'uuf danda'eera.

## 3.1. Mala Iddatoofi Iddatteessuu

Akkuma daangaa qorannichaa jalatti ibsamuuf yaalame, kanneen qorannoon kun ilaallatu hundarraa odeeffannoo guuruun bu'a qabeessummaa isaa daran akka cimsu beekamaadha. Haata'umalee, humna qorannoo kanaatii ol ta'a. Kunis, yeroo, baajataafi meeshaalee barbaachisan gahaatti argachuu waan gaafatuufidha. Kanaafuu, iddattoo gargaaramuun barbaachisaadha. Gosa qorannoo qulqulleeffataa keessatti baay'inaan haalota, gochoota, yookiin dhimmoota ibsuurratti waan xiyyeeffatuuf dhimmi iddattoo xiyyeeffannaa guddaa

akka hinqabne Kumar(2005:165) akkanatti ibsa, *"In qualitative research the issue of sampling has little significance as the main aim of most qualitative inquires is either to explore or describe the diversity in a situation, phenomenon, or issue."*

Qoratichi qorannoo kana geggeessuu keessatti iddattoon dhimma itti bahe gosa iddatteessuu keessaa mit-carraadha. Kun kan ta'eef, jamaa filataman keessaa iddattoo filachuuf carraan waan hinfayyadamneefidha. Kana ilaalchisee Kothari (2010:59) akkanatti ibsa, *"Non probability sampling is that sampling procedure which does not afford any bases for estimating the probability that each item in the population has of being included in the sample."*

Kanaafuu, gosa iddatteessuu mit-carraa keessatti, qoratichi ta'e jedhee carraadhaan ala ofiisaatii iddattoo kan filatu ta'uu hubanna. Dabalataan, iddatteessuun mit-carraa yeroo baay'inni jamaa hinbeekamne yookiin tokkoo tokkoon addaan baasuufis rakkisaa ta'u kan fayyadamnu ta'uu Kumar(2005:177) akkanatti dhiheessa, "*Non probability sampling designs are used when the number of elements in a population is either unknown or can not be individually identified."*

Kanumaan wal-qabatee, qoratichi gosa iddatteessuu mit-carraa kana keessaammoo gosa tokko kan ta'e iddatteessuu akkayyoo (purpossive sampling) dhimma ba'ee jira.

Sababnisaa, iddattoon filataman qabiyyee qorannichaafi kaayyoo qoratichaarratti waan hundaa'aniifidha. "Akkayyoo kan jedhames '*akka kaayyoo*' qorannichaatti ykn qoratichaatti odeeffataa ykn deebistoota filachuu waan ta'eefi," (Addunyaa, 2011:67).

Yaada kana cimsuun Sarantakos(2005:164) akkanatti ibsa, *"In this (purpossive sampling) technique the researchers purposely choose subjects who in their opinion, are relevant to the project. The choice of respondents is guided by the judgement of the investigator."* Yaada kanarraa, qorataan tokko odeef-kennitoota dhimma sana itti dhiheenyaan nibeeku jedhee itti amanu ofiin murteessee kan filatu ta'uu hubanna.

Kanumaan wal-qabatee, Jupp (2006) akka armaan gadiitti ibsa.

> *Purpossive sampling is a form of non probability sampling in which decisions concerning the individuals to be included in the sample are taken by the researcher, based up on a variety of criteria which may include specialist knowledge of the research issues or capacity and willingness to participate in the research.*

Yaada kanarraas iddatteessuun akkayyoo gosa iddatteessuu mit-carraa keessaa tokko akka ta'eefi kanneen qorannicharratti hirmaachuu qaban qabiyyee garaagaraarratti fakkeenyaaf, dhimmicha beekuurratti, gahumsaafi fedhiin hirmaachuurratti hundaa'uun qoratichaan kan murtaa'an ta'uu hubanna.

Gamabirootiin, baay'ina iddattoo ilaalchisee qorannoo qulqulleeffataa keessatti xiyyeeffannaa ijoon haala, dhimma, adeemsa yookiin raawwii ibsuu waan ta'eef, barbaachisummaan isaa xiqqaa ta'uu Kumar(2005:181) akkanatti ibsa, "*In qualitative research, as the main focus is to explore or describe a situation, issue, process or phenomenon, the question of sample size is less important.*" Kanaafuu, yaada kanarraa gaaffiin baay'ina iddattoo ilaallatu barbaachisaa akka hintaane hubanna.

Haaluma kanaan, qorannoo kanarratti qoratichi gosa iddatteessuu keessaa mit-carraafi achi jalattimmoo iddatteessuu akkayyoo dhimma ba'uun odeeffannoo guuree jira.

Walumaa galaatti qorataan milkaa'iina qorannoo kanaatiif odeeffannoon kan irraa funaanamaani Mana Murtii Godiina Wallaagga Bahaa,Waajjira Haqaafi Waajjira Poolisii Godiina Wallaagga Bahaa hojjatoota jiran Abbootii seeraa 10, Abbootii Alangaa 8, Abukaatoota 6 akkuma jiranitti yeroo fudhatu Poolisii 45 keessa Poolisoonni kutaa qorannoo yakkaa irra hojjatan12 akkuma jiranitti fudhatamaniiru. Sababiin isaas eeruu fuudhuun falmiiniifi ragaa afaanii dhagahuun kan qulqulleessan isaan waan ta'aniif. Abbootii dhimmaa keessaa himataa 20, himatamaa 20fi ragooleen 20 lakkoofsa galmee himataafi himatamaa mala iddaattoo carraa sirnaawaatiin fudhatamaniiru. Akkasumas, itti gaafatamtoonni waajjraa 4 akkaayyoon filataman hirmaattota qorannichaati. Kanaafuu , qoratichi iddaattoo haala kanan fudhachuun qorannicha adeemsiseera.

Dimshaashumatti, odeffannoo kennitoota dhiira76 dhalaa 24 Waliitti 100 filachuun qoratichi qorannoo isaa kan geggeesse yoota`u, manneen hojii Godiina Wallaagga Bahaa sababni filateef, hojiitiin manneen hojii kana yeroo dhaqe argu irraa ka'uniifi dhimma kana irrattis kanaan dura hojjatame kan hiinbeekne ta'ufi odeeffannoo ga'aa ta'e nan argadha jedhee yaadeeti.

### 3.2. Saxaaxa Qorannichaa

Saxaxi qorannoo haala waliigala qorannichaa kanto'atu ta'ee, kaayyoo waliigala qorannichaarratti kan hundaa'udha. Qorannoon kun mala akkamtaafi hammaamtaatti fayyadamuun ibsame. Yaada kana Dastaa(2002:20) yoo ibsu"Qorannoon mala kanaan (akkamtaan) geggeeffamu odeeffannoo argate mala addeessaatiin ykn mala ibsaatiin dhiheessa," jedha. Kuniis odeeffannoo meeshaalee funaansa ragaa: Af-gaaffii, bar-gaaffii daawwannaafi sakattaa'a dookomentiin argaman gadi fageenyaan xiinxaluunkan ibsuudha. Qorannoo kana keessattis kanumatu dhimma bahame. Haaluuma kanaan, dhimmoota qorannicha keessatti dhiyaatan maraafi odeeffannoowwan jechaafi lakkoofsaan argaman gadi fageenyaan xiinxaalun ibsi ittilaatamee jira.

### 3.3. Madda Ragaa

Maddi ragaalee qorannichaa madda ragaa tokkoffaafi madda ragaa lammaffaati. Madda ragaa laachuu irrattii xiyyeeffannoon kan kennammeef, maddi ragaa tokko qofaa odeeffannoo ga'aa ta'e kennuu dhiisuu waan danda'uufi. Maddi ragaa 1ffaan Abbootii Seeraa, Abbootii Alangaa, Poolisootafi Abukaatoota Mana Murtii olaanaa Godiina Wallaagga Bahaa waliin Afaan Oromootiin hojjataniifi himataa, himatamaafi ragoolee Mana Murtii olaanaa Godiina Wallaagga Bahaatti dhiyaatan yeroo ta'an maddi ragaa lammaffaa ammoo galmee himataafi himatamaa, kitaaboolee seeraa, labsiiwwanii, danbiwwan adda addaa maxxanfamaniifi hinmaxxanfamiini dha.

#### 3.3.1. Odeeffannoo dhuunfaa Hirmaattotaa

**Abootii Seeraa, Abbaa Alangaa, Poolisiifi Abukaatoo**

Mata duree kana jalatti odeeffannoo dhunfaa abbootii seeraa, abbaa alangaa, poolisiifi abukaattoota odeefannoo qaamoolee haqaa mirkaneessuu keessatti hirmaatan gabatee (1A) itti aanu irratti ibsame jira.

| T.L | Gosa Hojii | Saala | | | Sad. banootaa | | | | Gosa bar. | | | Muxannoo Hojii waggaan | | | | | Umurii | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | **Dhi** | **Dha** | **Wal** | **Digrii** | **Diplooma** | **Sartafi** | **Seera** | **Accountii** | **M/gmt** | **Kanbiro** | **0-5** | **6-10** | **11-15** | **16-20** | **21fi ol** | **20-25** | **26-30** | **31-35** | **36-40** | **41 fi ol** |
| 1 | Abbaa Seeraa | 7 | 3 | 10 | 10 | 0 | - | 10 | - | | - | - | 2 | 3 | 4 | 1 | 1 | 3 | 4 | 2 | 1 |
| 2 | Abbaa Alangaa | 6 | 2 | 8 | 8 | | - | 8 | - | | - | 1 | 3 | 2 | 1 | 1 | 1 | 2 | 2 | 2 | 1 |
| 3 | Poolisii | 8 | 4 | 12 | 4 | 6 | 2 | 3 | 5 | 3 | 1 | 2 | 3 | 4 | 2 | 1 | 5 | 2 | 3 | 1 | 1 |
| 4 | Abukaatoo | 5 | 1 | 6 | 5 | 1 | - | 6 | | | | | 1 | 1 | 2 | 2 | | 3 | 2 | 1 | |
| | Ida’ama | **26** | **10** | **46** | **27** | **7** | **2** | **27** | **5** | **3** | **1** | **3** | **9** | **10** | **9** | **5** | **7** | **10** | **11** | **6** | **3** |

**Gabatee 1-A. Ibsa Ragaa Abbootii Seeraa, Abbaa Alangan Poolisiifi Abukatootaa**

Akka odeeffannoo gabatee (1A) keessatti dhiyaate mul`isutti, abbaa seeraa, abbaa alangaa, poolisiifi abukaattoota odeeffannoo ragalee qorannichaa kennuu irratti hirmaatan abbootiin seeraa dhiira 7, dub.3; abbaan alangaa dhiira 6, dub.2 poolisii dhiira 8, dub.4, abukkaatoo dhiira 5 dub. 1 kan hirmaatan yoota`u, gama sadarkaa barumsa isaanitiin immoo abbaa seeraa diigirii 10, dippiloomaa 0, abbootii alangaa diigrii 8 dippiloomaa 0; pooliisii digirii 4

diippiloomaa 6, sartafiikeetii 2, abukaattoota diigrii 5, dippiloomaa 1, sartafiikeetii 0 qooda fudhataniiru. Gosa barnoota itti leenji'aniin yeroo ilaalluu namoonni 27 seera, poolisii keessaa namoonni 5Akkaawontiingii, namni 3 manaajimeentii yoota'an namoonni 4 immoo bulchiinsa gosa barnoota biro kanbaratan ta'uu odeefannoon argame niibsa. Muxxannoon isaan akka waligalatti qaban waggaa 4 hanga 16 gidduu ta'u hubachuun nidanda`ama. Afaan dhalootaan yeroo ilaalamu immoo kan hundaatu Afaan Oromoo akka ta`e ragaan argame ni`agarsiisa.

### 3.3.2. Odeeffannoo Abbootii Dhimmaa Qorannicha Keessatti Hirmaatan

**Gabatee (1B) Ibsa ragaa Abbootii Dhimmaa.**

| **Saala** | | | **Bar/ta** | | **Umurii** | | | | **Dandeettii afaanii** | | | **Bakka jireenya a** | | **Dhimma dhufeef** | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Dh | Du | Wal | Kan | Kan | 18 -25 | 26 -35 | 36 -55 | 56 ol | A/o qofa | A/O fi A/A | A/Ingi | Baadiy | Magaa | Himat | Himat | Ragaa |
| 45 | 15 | 60 | 32 | 28 | 13 | 16 | 22 | 9 | 47 | 13 | - | 52 | 8 | 20 | 20 | 20 |

Ragaa gabatee (1B) armaan olii kun akka agarsiisutti, abbootiin dhimmaa odeeffannoo qorannichaaf kennan dhiira45 dubara 15 yeroo ta'an, haala barnoota isaaniitiin odeefanoo kennitoonni 32 kan baratan , 28 immooo kan hinbaranne yoo ta'an , bakka jireenya isaanitiin yeroo ilaallu, 52 baadiyyaa 8 magaala ta'uu agarsiisa. Umuriin isaanis giddugalaan waggaa 21 hanga 60 akka ta'u odeeffannoon arganne nimirkaneessa.

### 3.3.3. Odeeffannoo Ittigaafatamtoota Waajjiraa Qorannicha Keessatti Hirmaatan

Ittigaafatamtooni waajjiraa dhiira 3 dhalaan 1 waligalatti 4 qorannoo kana keessatti odeeffannoo kennuun hirmaatanii jiru. Bakki isaan irraa hirmaataniis, waajjira haqaa Goodiina Wallaga bahaa dhiira 1 Waajjira haqaa Bulchiinsa magaalaa Naqamtee dub. 1,Mana murtii godiina Wallaaga Bahaa dhiira 1 Waajjira poolisii Godiina wallaagga Bahaa dhiira 1, yeroo ta'an, sadarkaa barnootaatiin yeroo ilaallu walduraa duubaan MA 1,diigrii 3 diiploomaa 0 ta`a. Gama biraatiin, gosti barnoota isaanii immoo kan hundaatu seera ta'u odeeffannoon argame nimul'isa.

## 3.4. Meeshaalee Odeeffannoon Ittiin Funaanamu

Odeeffannoon qorannoo kanaa malleen hammamtaafi akkamtaa hojirra oolchuudhaan adeemsifame. Malleen kunis, deebii kennitoonni odeeffannoo barbaadaman argachuuf nigargaaru jedhamanii kan filataman bargaaffii, afgaaffii, daawwannaafi sakatta'a ragaaleeti. Sababiin malleen odeeffannoon ittiin funaanamu heddummateefis mala tokkoon argamuu kan hindanda'amne malleen biroonimmoo bira gahamuu waan danda'amuufidha.

### 3.4.1. Bargaaffii

Bargaaffiin ragaa baay'ee bal'aa ta'e tokko sasaabachuuf gargaara.Meeshaa funaansa ragaa kanatti dhimma bahuun qoratichi odeeffannoo barbaachisu abbootii seeraa, abbaa alangaa, abukaatoota, ragoolee, himataafi himatamaa irraa kan funaannate bargaaffiidhaan. Toftaan kunis kan filatmeef baayina qaamolee haqa mirkaneessan 36 himataa, himatamaafi ragoolee 60 ta'an kana tooftaalee birootiin waliin gahuun ulfaataa waanta'eef, qo'ataan kun karaa salphaa ta'een yaada isaan itti fayyadama Afaan Oromoo Mana Murtii keessatti maal akka fakkaatu; yaada qaban odeeffannoo ifaa laachuuf kan dandeessisu filannoon jiru bargaaffii ta'ee waanitti mul'ateefi. Bargaaffii, fayyadamuu odeeffannoo garee lakkoofsaan baay'ee bittinna'ee jiruufi amalaa garaagaraa qabu irraa funaanuuf mijataa waan ta'eefidha. Odeeffanno funaansaaf bargaaffiin qopha'an 15yeroo ta'an, banaafi dangeeffamaadha.

Bargaaffiin kun kutaalee sadii qaba. Isaanis yaada waliigalaa, odeeffannoo dhuunfaafi gaaffilee dhiyaatanidha. Kana malees, bargaaffi daangeefamaan filannoo kan dhiyaate yoo ta`u, gaafannoo kana osoo hindhiyeessiin dura namoota muraasaaf qorannoon yaalii gaggeeffameera. Kanaan olitti ammoo gaaffilee qophaa`anirratti haala jechoota tekinikaa, qophii gaaffileefi kkf ilaalchisee gorsaa, hiriyootaafi namoota fedhii qabanifi hubannoo ilaalchisuun yaada akka kennan taasisuun sirreeffamni barbaachisu godhameera.

### 3.4.2. Afgaaffii

Afgaaffiin meeshaalee funaansa raga qorataan qaamaan walarguun kan gaggeefamuudha. Haala kanas qoratichi iddaattoo akkaayyoo fayyadamuunidha. Bailey (1994:42) Iddattoo kayyeeffataa filachuu ilaalchisee yeroo ibsu, **"**iddattoo kanafayyadamuun kan kaayyoo qorannoo isaa sirriitti galmaan ga'aniif filata," jedha. Kanaafuu, iddattoo kaayyeeffataa yookaan murta'aa keessatti qorataan murtoo mataa isaa dhimma filannoo deebii laattotaa irratti hundaa'ee meeshaa funaansa ragaa kanatti dhimma ba'uun odeeffannoo barbaachisu ittigaafatamtoota waajjiraa irraa odeeffannoo kan ittiin fudhatedha. Qabatan isaas, itti gaafatamtooni kun afgaaffii dhiyaatuuf haala barbaadamuun hubatanii odeefannoo barbaachisaa ta'e akka laataniif yaadameeti. Waanta`eefuu, itti gaafatamtoota waajiroolee 4 hirmaatoota afgaaffii kanaa kan taa`an yoota`u, isaanis:itti gaafatamaa wajjira mana murtii, waajjira haqaa, waajjira poolisiifi Inistitiyuutiii Leenjiifi Qorannoo Seeraa Oromiyaa (ILQSO) rakkoolee itti fayyadama afaanii irratti hojii keesatti isaan qunamu irratti hundaa'un gaaffii dhayaateef deebii gahaa kennaniiru. Bu`uura kanaan gaaffileen ittigaafatamtoota kanaaf qopha`an baayinaan saddeet (8) kana ta`aniifi gaaffilee banaa ta`aniifi odeeffannoo bal'aa argamsiisuu danda`antu dhiyaateef.

### 3.4.3. Daawwannaa Dhaddachaa

Daawwannaan malleen qaamaan argamuun yoomessa uumamaasaa ilaaluun odeeffannoo argatanidha. Haala kanas, Best (1981) yoo ibsu, *daawwannaan qoratan wan ifatti arge tokko ragaa akka sassabbatu kantaasisudha* jedha**.** Akka ibsa kanaatti, daawwanaan odeeffannoo waantokkoo waraabuun dhimma murtaa'aa ta'e tokko irratti yaadannoo itti qabataniidha. Daawwannaan qoratan waan ifatti arge tokko ragaa akka sassabbatu kan taasisudha.

Kaanfuu, qoratichis, meeshaa funaansa ragaa kanatti gargaaramuun odeeffannoo barbaachisu kallattiin madda ragaa tokkoffaa irraa qaamaan dhaddachi yeroo gageefamu biratti argamee haaloota itti fayyadama afaan Oromoo mana murti keessatti geggeeffamu odeeffannoo funaannateera. Adeemsa kana keessattis qoratichi ji`a Amajjii hanga Guraandhala 30/2011 ALItti turtii yeroo ji`a lamaa keessatti, dhaddacha hariiroo hawaasaa yeroo kudhan (10)fi dhaddacha yakkaammoo yeroo saddeet (8) walumatti yeroo kudha

saddet (18) daawwachuun ragaa ittifayyadama afaan mana murtii waliin walqabatan himataa kaasee hanga murtii argatutti sassabbachuu danda`eera.

Walumaagalatti, qoratichi gaaffilee mirkaneefannaa qabxiiwwan 6 qopheeffachuun wayita daawwannaaf dhaddacha seenu haala qabatamaa jiru ittin daawwachuun mirkaneeffateera.

### 3.4.4. Sakatta'a Dokomeentii

Sakatta'i dokimeentii kan agarsiisu adeemsa itti fayyadama dokomeentii kamiyyuti. Meeshaalee funaansa ragaa kanatti gargaaramuun qoratichi kitaabolee seeraa kanneen akka kitaaba adaba yakkaa, hariiroo hawaasaa, seera maatii, labsii, qajeelfamootaafi danbiiwwan adda addaa kanmaxxanfamaniifi hinmaxxanfamiin sakatta'uun odeeffannoo ittifayyadama afaanii mana murtii waliin jiru qabatamaan mirkaneeffateera.

## 3.5. Haala Qophii Gaaffilee

Gaaffileen osoo hinbahin dura odeeffannoo ittiin funaanamu akka qophaa'u beekamaadha. Kunis gaaffileen qophaa'u sun sakatta'a barruufi kaayyoo qorannichaa faana yoo walqabate milkaa'ina qorannichaaf murteessadha. Kana gochuufimmoo gaaffileen qophaa'an gadfageenyaan xiinxaluun barbaachishadha. Kanaaf, qoratichi gaaffilee osoo hinbaasiniifi dirreetti osoo hin bahiin dura gaaffileen qorannoo dirreef qopheesse hiriyoota isaa nama lama barnoota Afaan Oromoo sadarkaa digirii lammaffaa (MA) Yuunivarsitii Finfinneetti barataniifi gorsaa isaatti gaaffilee qophaa'e agarsiisuun bakka fooyya'u qabu erga fooyessee booda, gaaffileen qophaa'an kun odeeffannoo barbaachisu akka argamsiisuu dandaa'an mirkaanessanii dirreetti akkan bobba'u ta'eera. Qabxiiwwan daawwannaaf qopha`an irratti akkasumas hiriyooti isaa lama akka ilaalaniifi wajjiin dhaddacha seenanii yaada daawwatan akka kennaniif erga taasiiseen booda itti fayyadama afaanii mana murtii waliin walqabatee odeeffannoo walitti qabachuu danda`eera.

### 3.6. Mala Qaaccessa Ragaalee

Qorannoon kunxiinxaala fayyadama Afaan Oromoo haala mana murtii Godiina Wallaaga Bahaa maal akka fakkaatu xiinxaluuf kan gaggeeffameedha. Dursa ragaaleen sakatta'a dookimantiifi daawwannaa dhaddachaan argaman qaacceeffamanii jiru. Akkasuma, ragaaleen bargaaffifi afgaaffiin funaanaman mala isaaniif ta'eenn erga qaaccefamanii booda odeeffannoo karaa hundaan argaman walitti fiduun ibsi barbaachisaa ta'e kennamee jira. Haaluma kanaan ragaalee itti fayyadama Afaan Oromoo haala "Mana MurtiiGodiina Wallaaga Bahaa" jedhuuf yaada qaamooleen seeraafi abbootiin dhimmaa kennan, akkasumas daawwannaa dhaddachaafi sakkatta'a dookmantiin argaman qaaccessun ibsi itti kennamee jira.

# BOQONNAA AFUR(4)

# ODEEFFANNOO HIKUUFI QAACCESSUU

Qorannoo mata-duree “Xiinxaala Itti Fayyadama Afaanii Mana Murtii Godiina Wallaaga Bahaa jeedhu” keessatti qabxii ka’umsaa keessatti bifa gaaffitiin dhiyaatan bal'inaan kan deebii itti argataniidha. Haaluma kanaan ragaawwan odeeffannoo kennitootarraa meeshaalee ragaa ittiin funaanaman kanneen akkaaa: daawwannaan, afgaaffiin, bargaaffiiniifi sakattaa’a dookomentiin funaanamaniifi walitti qabaman haala walduraa duubaan kan qaacceeffaman ta’u.

Boqonnaa kana keesattis inni jalqabaa odeeffannoo dhuunfaa hirmaattotaafisirna fayyadaama afaan Oromoo garee garaa garaa mana murtii Godiina wallagga Bahaa ilaalchisee daawwannaa dhaddachaa gaggeeffameefi afgaaffii qaamolee garaa garaa irraa funaanaman walduraa duubaan kan qaacceffame yemmuu ta’uu, as keessatti adeemsawwaan mana murtii kanakeessaatti himata dhagahuu,mana murtii jalaa Godiina Wallagga Bahaa irraa murtii argatanii komatamuun oliyyannoon dhufaniifi falmii adda addaa gaggeeffamantu qaacceeffamuun dhiyyaate.

Inni lammaffaan itti fayyadama afaanii mana murtii Godina Wallaaga Bahaa ilaalchisee dhiibbaa jijjiirraan afaanii murtee fudhachuufi dabarsuu keessattii fidaa jiru afgaaffii, daawwannaa dhadachaafi sakattaa’a dookomentii irraa odeeffannoo waliitti qabamaantu qaacceeffame.Mata-duree qorannoo kana keessatti haalli itti fayyadama jechootaa jalqabaa kaasee hanga dhumaatti kan jiruudha. Haaluma kanaan itti fayyadamni Afaanii Mana murtii Godiina Wallaagga Bahaa maal akka fakkaatu kan ibsuudha.

Inni sadaffaa immoo, rakkooleen fayyadaama afaaniin walqabatanii murtee kennuufi fudhachuu, haqa qaban sirreeffachuuf ol-iyyannoo fudhachuun hanga mana murtii ijibbaata Federaalaatti falmachuu irraatti fayyaadaamni Afaanii dhiibbaa akkamii akka qaban bal’inaan ibsamee jira.

## 4.1. Xiinxala Haala Fayyadama Afaan Dubbii Mana Murtii Olaanaa Godiina Wallaagga Bahaa

Qorannoo kana milkeessuuf meeshaalee funaansa ragaan odeeffannoon garaa garaa madda 1ffaa daawwannaa dhaddachaafi Afgaaffii irraa walitti qabamuun isaanii beekamaadha. Haaluma kanaan haala itti fayyadama afaan dubbii mana murtii olaanaa Godina Wallagga Bahaa ilaalchisee odeeffannoowwan waliitti qabaman kanneen ijoofi filataman mata duree armaan gadii jalatti qaacceffamaniiru.

### 4.1.1. Fayyadama Afaan Dubbii Agarsiifannaa Ragaa

Akkuma beekamu himachuufi himatamuun akka bakakkaa tasa waaqirraa kan bu'u miti. Lachan isaaniitiiyyuu bu'aa sababa tokkooti.Akkaataa odeeffannoon afgaaffii irraa argame mul'isuutti himanni madda garaa garaa (sababoota) garaa garaa irraa ka'uu mala. Isaanis waliitti bu'insa namootaa daangaarraatti, tuttuqqaa arrabaa, jettee jettee, yaakkoota adda addaa fakkeenyaaf hanna, saamiicha, gudeeddiifi kanneen kana fakkaatan irraa ka'uu mala. **Yakka-** jechuun raawwii al-naamusummaa dhala namaarratti karaa nama biroo raawwatu yoo ta'u kunis, arrabsoo, reebicha, hanna, yaalii ajeechaa, ajeechaa, gudeeddiifi kan kana fakkaatu ta'uu mala.

Egaa yakki kun yoomessa mataa ofii akka qabuus, odeefkennitoonni ni ibsu.

Yoomessa yakkaa- yommuu jennu "yeroo itti yakki kun uumame, bakka yakki kun itti uumameefi haala yakki kun itti uumameen walqabata." Jedhu. Gara dubbii ijoo keenyaatti yommuun deebi'u, yommuu yakki kun raawwatu qaamni yakki kun irratti raawwatu kun yoo qofaa jira ta'e **"u-u-u** naa birmadhaa" jedhee iyya. Akka tasaa yoo nama waliin jira ta'e immoo '*Adaraa seeraa'* --- *ragaa naaf ta'aa*--- jechuudhaan yakka isarratti ta'aa jiru namoota isa waliin jiraaniitti agarsiifata.

Egaa itti fayyadama afaanii agarsiifannaa ragoolii ilaalchisee jechootaafi gaaleewwan armaan olii xiinxaluun barbaachisaadha.

"--- u-u-u-u--- naa birmadhaa---" kan jedhu kan yoo ilaallu namni tokko nama tokko kophaatti eeggatee yeroo yakka irratti raawwatu afaan itti fayyadamuudha. Haaluma

kanaan namoonni yakka akka kanaa irratti raawwatamu jecha kana haala lamaaf itti fayyadamu.

1. Sagalee kana namoonni naannoo yakki kun itti raawwataa jiru dhagahanii akka gargaaraniif ; lubbuu isaa akka oolchaniif.
2. Namoonni iyya kana dhagahanii dhufanii yakka irratti raawwate arganii ragaa akka ta'aniif afaan kana fayyadamu jechuudha.

"Naa birmadhaa--- " jechuun naqaqqabaa, nadeeggaraa! Na oolchaa jechuudha.

Adaraa Seeraa--- elaa ragaa naaf ta'aa

Yeroo baay'ee naannoo yakki raawwatuutti afaan akkasii dhagahamuun kan baratamedha. Haata'u malee, yeroo baay'ee namoonni jecha kana fayyadamurra yakka yakkaan deebisuutu mul'ata.Kun immoo miidhaa malee faayidaa waan qabu hinfakkaatu.Kanaafuu, yeroo yakki tokko nama irratti raawwatu itti fayyadama afaanii *adaraa*--- *seeraa*--- *ilaa ragaa naafata'aa*--- kan jedhu kun karaa tokko namoonni bakka sana jiran wanta ta'aa jiru kanarratti akka xiyyeefatan taasisa. Kun immoo, tarii dhimmi kun gara mana murtiillee yoo deeme namoonni naannoo sana jiran ragaa waamamuu waan danda'aniif yeroo namni kun "*ilaa ragaa naafta'aa"* jedhu dhimma kana xiyyeeffannaan hordofu. Kun immoo dadhabbii abbootii seeraa haqa barbaaduuf ifaajan hir'isuuf gargaara. Kallattii biraan immoo haqi namni miidhame kun qabullee akka hin dhokanne gargaara.

Karaa biraatiin immoo, *Adaraa seeraa ilaa raga naaf ta'aa*--- yommuu jedhamu namni yakka raawwachuuf ka'ellee seera sodaafi ragoolee waan ta'aa jiru kana ilaalaa jedhaman kana sodaachuurraa kan ka'e inni yakka kana raawwachuuf ka'ees, kan irratti raawwachuuf tures hafee araarri bu'a. kanaaf itti fayyadamni afaanii murteessaadha jechuudha.

Walumaagalatti  itti fayyadamni afaanii mana murtii ka'umsi isaa agarsiisa ragaa irraa waan eegaluuf haalaan itti fayyadamuun yakka raawwachuurraas ta'e, yakka namarraatti raawwatu irraa  nama oolcha jechuudha.

### 4.1.2. Fayyadama Afaan Dubbii Kabaja Abbaa Seeraa ykn Ulfiina seerri qabu mul’isu

Akka seera mana murtiitti abbaan seeraa kabaja mataasaa danda’e akka qabu beekamaadha. Namni waajjira abbaa seeraa seenullee abbaa seeraa dubbisuu yoo barbaade meetira muraasa irraa siqee dhaabbatee dubbisee dhimma isaa himata. Kun immoo kabaji abbaan seeraa mana murtii keessatti qabu olaanaa ta’uu ibsa.

Haaluma kanaan kanneen mana murtiidhaa dhimma qaban marti yommuu seeraaf gara abbaa seeraatti dhiyaatan akkuma nama abbaa argee waliin hin haasayan jechoota seensa kanneen kabaja abbaa seeraafi olaantummaa seeraa ibsanitti fayyadamu. Kun immoo afaan dubbii keessattis ta’e kan barreeffamaa keessatti haala ittiin dhiyaatu kan mataa ofii ni qabaata. Kana malees akkaataan uffannaafi dhaabbiillee kabaja abbaa seeraafi mana murtii kan ibsu ta’uu ragaan yeroo sakatta’a dookomentiifi daawwannaa dhaddachaarraa argame mirkaneessee jira.

Yeroo baay’ee namoonni itti fayyadama afaanii kabaja abbaa seeraafi mana murtii ibsu kana wallaaluurraa kan ka’e yeroo rakkatan ni mul’ata. Yommuu abbaa seeraatti dhiyaatan itti fayyadama afaanii kanarraa kan ka’e dhugaa qabanillee ibsachuu dhabuurraa kan ka’e murtoo dogoggoraa fudhatanii galu.

Akkaataa ragaan daawwannaa dhaddachaafi sakatta’a dookomentii ibsutti namoonni yeroo dhimma adda addaatiin abbaa seeraatti dhiyaatanitti ittifayyadama afaanii kabaja abbaa seeraafi mana murtii ibsu kanneen armaan gadiitti fayyadamu.

*Kabajamoo abbaa seeraa yookiinkabajamoo mana murtii*--- jechuudhaan dhimma isaanii ibsatu. Yommuu dhimma saanii kana dhiyeeffataniis dhaabbiin isaanii, sochiiin qaama isaanii, dubbiifi haasaan godhan martuu kan murtaa’edha. Eddo kennameefii ala dhaabachuun, kaneeyyamameefiin ala dubbachuun, dubbii qolaatti fayyadamuun raawwatee dhorkaadha. Ajaaja kanarra kan darbe hidhaa salphaarraa hanga hidhaa cimaatti adamuu ni danda’a. kanaafuu itti fayyadamni afaanii mana murtii keessatti iddoo olaanaa qaba jechuudha. Haaluma kanaan gaalee --- “*kabajamoo abbaa seeraa* --- *kabajamoo manamurtii* ---jedhan kunniin yommuu qaacceffamus:

Gaaleewwan kunniin yommuu dubbatamaniis sagalee baay'ee naamusaan guutameeni.Kun immoo abbaan seeraa ulfaataadha.

Waaqaan fakkeeffama jechuudha.Sababni isaa waaqi waaqarratti murtoon inni kennu sirriifi haqa qabeessa waan ta'eef atis murtoon kee sirrii ta'uu qaba. Kanaaf kabajamoo abbaa seeraa isiniin jenna jechuu isaaniiti.

"*Kabajamoo mana murtii"* kan jedhu kun jecha lama (kabajamoofi mana murtii) kan jedhu irraa kan ijaarame yoo ta'u kana jechuun maanni murtii bakka kan haqa dhabebakka itti haqa argatu, kan murtii dhugaa dhabee bakka itti dhugaan isaa argamu, bakka itti olaantummaan seeraa kabajamuufi bakka itti walqixxummaan ilaalaman namootaa mirkanaa'u waan ta'eef ulfina guddaati ta'aaf jechuudha. Kunis akkuma armaan olitti ibsamuun yaalametti namoonni mana murtii mana waaqaan walfakeessuun bay'ee kabajuu

isaanii agarsiisa. Sababni isaa mana waaqaa keessa murtoo qajeelaan, murtoon haqaa, murtoo walqixa ta'e waan jiruuf namoonni mana waaqaaf ulfina guddaa kennu akkuuma kennaan mana murtiifis ulfina kennuu isaanii mul'isa.Karaa biraa immoo otuu hammayyummaan hinbabal'atiin dur sirna abbaa lafaa keessaatti Abbootiin seeraa warri seera muran eddo guddaafi olaanaa kanqabaniifi baayyee waansodaatamaniif turan.Har'as kanarraa ka'uun abbootii seeraaf kabji olaanaan kennama kanjedhanis jiru.

Gaaleewwan kanneenis yeroo ragaa bahaan, yeroo falmii, yeroo himata dhiyeeffatan, yeroo komii dhiyeessaniifi kan kana fakkaatan irratti dubbii seensaa irratti itti fayyadamu.

Walumaagalatti akkuma mata duree olii keessatti ibsamuun yaalame itti fayyadamni afaanii kabaja abbaa seeraafi mana murtii ibsan kunniin afaan dubbii barreeffamaa keessattillee haaluma armaan oliin akka dhiyaatu ragaan qorataan sakattaa'a dookomentii keessaa argate ni mirkaneessa. Kunis, mataduree (seensa) keessatti "*kabajamoo mana murtii" yookaan"kabajamoo abbaa seeraa*" jedhee dhimma isaa barreeffamaan tarreessee erga barreesseen booda dhumarratti immoo, --- dhimmi ---- fala akka argatu kabajaanan iyyadha yookaan *kabajaanan gaafadha* jechuun dhiyaata jechuudha.

### 4.1.3. Fayyadama Afaan Dubbii Falmii Dhaddachaarratti

Akkaataa adeemsa mana murtii keessatti ofiseera seeraa tokkoon erga galmeen himataa qulqulleeffamee himanni sun darbuunsaa mirkanaayee kaffaltiin barbaachisu kanfalamee booda ajaji himatamaatti barreeffamee, beellamni sadarkaa duraa ni qabama. Beellama sadarkaa duraa irratti immoo, deebiin himatamaan dhiyeesse erga qulqullaayeen booda ragooliin akka dhiyaatan ta'ee, falmiin akka gaggeeffamu ta'a.Akka qorataan sakatta'a dookumentiifi daawwannaa dhaddachaa irraa qulqulleeffateenis sirna dhaddachaa kana irratti kan jalqaba raawwatu sirna kaka (dhuga baatii) ragooliiti. Kuniis qamoleen haqaa garaa garaa afaan dubbiin gaaffiifi deebii isaan yakka raawwate qulqulleeffachuuf gaafatamuufi deebii laatamuutu xiinxalamee ibsamee jira.

#### 4.1.3.1. Fayyadaama Afaan Dubbii Kakaa (DhugaBaatii) Mana murtii

*Kakaa (dhuga baatii*):kaka yookiin dhuga baatii jechuun kan namoonni waan raawwachuuf deeman tokko irratti yookiin immoo, wanta raawwatan tokko haqa qulqulluu kan soba tokkollee hin qabne ta'uusaa maqaa uumaasaanii tokkoon yookiin immoo, maqaa nama baay'ee jaallatan tokko yaamuun kan isaan dhugaa ba'aniidha. Akkaataa odeeffannoo afgaaffii abbootii dhimmaarraa qoratan argateetti, dhuga baatii yookaan kakaa dur dur akka ammaa kana manni murtii bakka hedduutti otuu hin baballatiin yeroo ganda yookaan naannoo tokkotti yakki tokko uumamu yookaan immoo hanni saamicha qabeenyaa, hanni saawwaniifi kan kana fakkaatu raawwatu naannoon sun waliitti qabamee jaarsolii hawaasa biratti fudhatama qaban filachuun sirni kakaa yookaan dhuga baatii kun raawwatamaa turuu odeeffannoon afgaaffiin argame mirkaneessee jira. Itti fayyadamni afaanii sirna kakuu ragoolee mana murtii keessatti raawwatu kunillee sana irraa akka fudhatame odeefkennitoonni ibsaniiru. Egaan qorataan odeeffannoo argateerratti hundaa'uun fayyadama afaanii sirna kakuu yookaan dhuga baatii kan mana murtii haala armaan gadiin ilaalee jira.

#### 4.1.3.2. Fayyadama Afaanii kakuu Yookaan Dhuga baatii ragoolee falmii dhaddachaarratti

Adeemsa mana murtii keessatti erga ragaan qulqullaayee dhaddacha falmiif beellamni qabamee booda jecha ragoolee dhagahuun dura immoo sirna kakuutu raawwata. Akka galmeen jechootaa bara 1996:334 ibsutti kakuu jechuun "*kakuun waadaa dhugaa dubbachuuf jiraachuu galuudha"* jedha. Manneen murtii keessatti sirnoota raawwatan keessaa tokko sirna kakuuti.Sirni kakuu haqaaf dhugaa baasuu keessatti gahee olaanaa waan qabuuf namni bu'uura seeraatiin akka kakatu dirqamu kamuu, hiiktuu afaanii dabalatee bu'uura aadaa amantaafi dudhaa isaa ibsuu danda'un kakachuu qaba. Kakuun kan raawatu gaggeessaa dhimmaa yookiin abbaa murtiitiin kan raawwachiifamu ta'ee, namooni kakatan akka itti dhagahamu danda'utti qofaa qofaatti kakachuu qabu. Yeroo kakatus akkaataa aadaafi amantaa isaatiin cilee, firii midhaanii, sibila dhagaafi lafa yookiin Kitaaba Qulqulluu yookiin Quraana qabatee kakachuu qaba**.** Abbaan murtii ykn gaggeessaan dhimmaa namoota otoo hinkaksiisiin dura namni kakatu sun maalitti akka amanuu, kaayyoofi bu'aa kakuu hubachiisuudhaan, akkaataa qajeelfama sirna dhaddachaa manneen murtii naannoo Oromiyaa lakkoofsa 6/2004 kakuu armaan gadii akka kakatan taasiisa.

*"Dhugaa malee soba hindubbadhu,*
*Yoon soba dubbadhe*
*Waaqni dhala naaf hin kenniin,*
*Yoo naaf kenne hinguddatiin,*
*Yoo guddate hindubbatiin,*
*Yoo dubbate hinmul'atiin,*
*Dhugaan dubbadha!*
*Dhugaa hinhaalu!*
*Yoon dhugaa haale*
*Qe'ee koo bofti haadhaalu*
*Qe'een koo qe'ee boyyee!*
*Dhalli koo dhala yuyyee haa ta'u*
*Dhugaa malee soba hin dubbadhu*
*Yoon soba dubbadhe,*
*Kanan dhale naaf hinguddatiin*
*Yoo guddate hindubbatin*
*Kanan facaase naaf hinmargin*
*Kanan nyaadhe naaf hin sifaayiin.*
*Dhugaa malee soba hindubbadhu*
*Yoon soba dubbadhe,*
*Nagahaan mana kootti nagalchiin,*
*yoo nagalche nagahaan nabulchiin*

Kakuun akka aadaa ummata Oromootti sababoota adda addaatiif gaggeefama. Isaan keesaa muraasni, yakkoota akka ajjeechaa, walganuu, sobaafi kkf hawaasa keessatti yeroo uumaman akka aadaafi safuun ummataa hincabne kaksiisuun ifa akka bahu taasisuuf raawwata. Gama birootiin, nama seera hawaasni tokko baafate cabse abaaruun yookiin akka kakatu gochuun dhibbaa xinsammuu fiduu ta'a. Kana ilaalchiise, LongMan (1987:153) kakuu yoo ibsu,*"nama tokko irratti akka balaan dhaqabu gochuudhaaf miiraaariin ibsamu irratti abaarsi akka raawwatu gochuudhaaf kanirraatti waamamudh*a'jedha. Sirni kakuu faayidaa mataa isaa qaba.Kunis, aadaa ofii kabajuuf, dhaloota naamusa gaarii qabu horachuufi seera hawaasichaa kabajanii jiraachuuf gahee guddaa qaba.

### 4.2. Xiinxaala Fayyadama Afaan Barreeffamaa Mana Murtii

Manneen murtii bakka seeroonni, danbiileen, labsiiwwaniifi qajeelfamoonni akka biyyaatti bahan bakka hojiirra ooluun isaanii itti mirkanaa'udha. Seeronniifi labsiiwwan bahan kunniin immoo, hojiirra kan oolan afaaniini. Afaaniifi seerri walitti dhufeenya cimaa/firooma cimaa qabu. Seerri afaaniitti fayyadamuun dhimma dhiyaate tokkoof kan faloon ittiin kennamuudha(Labsii Lakk. 46/1995). Afaan kuniis, barreeffamaan yookaan dubbiin mana murtii keessaatti hojiirra oolu. Haaluma kanaan kanneen bifa barreeffamaan mana murtii keessaatti hojiirra oolan keessaa muraasni: **Galmee himataafi himatamaa, jijjiirraa afaan barruu, kitaabilee seeraa, xalayaalee waamichaafi kkf**. ta'uu malu. Haata'u malee sababa itti fayyadama afaanii kanarraa kan ka'e dhiibbaan garaa garaa murtoo dabarsuufi fudhachuu irratti rakkooleen gurguddoon akka jiran qorataan wayita afgaaffiifi sakattaa'a dookomentii geggeese adda baasee jira. Rakkooleen adda bahan muraasnis akka armaan gadiiiinxalamuun ibsamanii jiru.

#### 4.2.1. Madda Rakkoo Fayyadaama afaan dubbiifi barruu mana murtii

Akka odeeffannoo karaa meeshaalee funaansa raga garaa garaan funaanamaan irraa hubachuun danda'ameetti madda rakkoolee fayyadaama afaan dubbiifi barruu xiinxaluun adda bahanii jiru. Maddi rakkoolee kunniinis xiinxalamuun ibsi itti kennamuun kallattii isaan itti fala argachuu malaniis adda bahee ibsamee jira.

##### 4.2.1.1. Rakkoo Jijjiirraan Afaanii taasiisu.

Akka odeeffannoon afgaaffii, sakkattaa'a dookumentii, bargaaffiifi daawwannaa dhaddachaa irraa argaame ibsuutti dhimmoota fayyadaama afaanii mana murtii keessaatti murtoo dabarsuufi fudhachuu irraatti dhiibbaa taasisaan keessaa inni tokko jijjiirraa afaanii ta'uu mirkaneessee jira. Jijjiirraan afaanii mana murtii jalaatii hanga mana murtii ijibbaata Federaalaatti kallattiinis ta'e alkallattiin murtoo kennuufis ta'e, murtoo dabarsuu irraatti dhiibbaa olaanaa geessisaa akka jiru odeeffannoon qorataan argaate nimirkaneessa. Haaluuma kanaan, Jijjiirraa Afaan maddaa irraa gara afaan jijjiirraatti taasifamu ilaalchisee yaadoleen garaa garaa hayyoota garaa garaan armaan oliitti ibsaman waan baayyee haakasaniyyuu malee, akka odeeffannoon qorataan odeeffannoo daawwannaa dhaddachaarraafi af-gaaffiin guuraman ibsaniitti jijjiirraan akka mana murtii olaanaa Godiina Wallaagga bahaa turjumaana dhaddachaarraa kaasee hanga jijjiirraa barruu tokkorraa gara barruu birootti taasifamutti rakkooleen gurguddoon hawwaasarraa akka gahaa jiru odeeffannoon argamaani ni ibsu. Haaluuma kanaan jijjiirran afaanii hawaasarratti kallattii garaa garaan dhiibbaa guddaa akka taasisu, keessumatti hawaasa Oromoo irratti dhiibbaa guddaa akka uumaa jiru odeeffannoon daawwannaa dhaddachaa, sakatta'a dookumentiifi gaaffii afaaniirraa argame ni ibsa.

Akkaataa adeemsa mana murtiitti dhimmi tokko mana murtii aanaatti yoo fala argachuudhaabate gara mana murtii olaanaa Godinaatti ol-iyyannoon fudhatamee falmiin gaggeeffama. Mana murtii olaanaa Godinaattis sababoota adda addaan fakkeenyaaf hir'ina dandeettiin (beekumsaa), malaammaltummaan, lagaaniifi kan kana fakkatuun yoo haqi awwaalame ol-iyyannoo gara dhaddacha ijibbaata Federaalaatti geeffama. Sun immoo, jijjiirraa afaan Oromoo irraa gara afaan Amaaraatti jijjiiruu gaafata. Akka afgaaffiin qaamota seeraa: Abukaatoo, Abbaa seeraafi abbootiin dhimmaa tokko tokko irraa argame ibsutti akka mana murtii olaanaa Godina Wallagga Bahaatti:-

Jijjiirraan ogeessa afaaniin ulaagaa jijjiirraa eegee kan raawwatu osoo hin taane qaamota seera beekna jedhanii heeyyama jijjiirraa baafatanii naannoo mana murtii kanaa jiraniin waan raawwatuuf jijjiirraan kun bu’aa barbaadame osoo hin agarsiisiin hafa. Sababni isaa immoo jijjiirraan kun ogeessa afaaniin waan hin gulaalamneef yookaan immoo waan hin raawwatamneef jijjiirraan raawwatu:

- ❖ Dogoggoora qubeessuu sirrii qabaachuu, yookaan immoo seera sagaleessuu eegee barreeffamuu dhabuu.
- ❖ Ergaa Afaan maddaa guutummaatti gara afaan jijjiirraatti geessuu dhabuu.
- ❖ Seerluga afaanii eegee barreeffamuu dhabuu.
- ❖ Yaadolee ijoo afaan maddaa keessaa hir’isuufi kankana fakkaataniif saaxilamaadha.

Kunimmoo, hawwaasa jalaa dhugaa osoo qabanii dhugaasaanii awwaaluun rakkoo adda addaa irraangahaa jira. Haata’u malee jijjiirraan afaanii ergaa afaan maddaarraa gara afaan jijjiirraatti kangeessu baayyee barbaachisaafi murteessaa waanta’eef ogeessaan raawwachuu akka qabu ogeessoonni ni ibsu. Jijjiirraan hiika jechootaa, himeeniifi yaada afaan maddaarraa gara afaan jijjiirraatti seeraan dabarsuudha. Kuniis namni kamiyyuu akka barbaadeefi akka fedheetti kan raawwatu osoo hin taane, adeemsaafi seera mataa isaa kanqabuudha. Adeemsa kanaas hayyoonni akka armaan gadiitti lafa kaahanii jiru.

> *Akka Larson (1984:3) ibsutti, adeemsa jijjiirra keessatti qabxiileen xiyyeeffannoo olaanoo barbaadan hedduun jiraachuu malu.Namni jijjiirraa raawwatu tokko hojiin ijoo inni jalqabaa hiika afaan maddaa hubachuu qaba. Hiika/ ergaa darbuuf barbaadame bira gahuuf beekumsa jechootaa, caaslugaa, haala walqunnamtiifi galumsa aadaa afaan maddaa beekuun hedduu murteessadha.*

Gama birootiin,beekumsa afaanii ilaalchisee namni jijjiirraa raawwatu akka yaaxinaatti beekumsa afaan irraajijjiiruu,afaan ittijijjiiruufi dhimma sana sirriitti qabaachuun barbaachisaa ta'uu Danieel (2000) yoo ibsu, namni jijjiirraa raawwatu tokko afaan maddaa,afaan jijjiirraafi dhimmicha yoo beeke hojiisaa ga'umsaan raawwachuu kan danda'u ta'uu addeessa. Sababiin isaas hanqina beekumsa afaanii qabiyyee waan jijjiiramuu gatantarsuu danda'a. Kanaafuu kan jijjiiramuu qabu unkaasaa yoo ta'u, hiiknisaa tuqamuu akka hin qabne ibsa. Dabalataan namni jijjiirraa raawwatu tokko dubbistootasaa hubannoo

keessa galchuun ta'uu qaba. Sababiinsaas, jechoota akkamii, galumsa kam keessatti akka fayyadamuu qabnu ni qajeelcha.

Yaadolee hayyoota armaan olii irraa kanhubaannu jijjiirraan afaan maddaa irraa gara afaan birootti taasifaamo ofeeggannoo guddaafi beekumsa olaanaa waangaafatuuf ogeessa afaaniin raawwachuu akka qabu agarsiisa. Kanaafuu rakkoon itti fayyadaama afaanii mana murtii olaanaa Godiina Wallaagga Bahaa keessaatti uumamaa jiruus maddi isaa hanqiina ogeessa jijjiirraa ta’uu adda bahee jira.

Karaa biraa immoo, jijjiirraan raawwatu kun baay’ee qaala’aa waan ta’eef namoonni baay’een itti fayyadamuuf rakkaatu. Jijjiirraan raawwatan kunis, fuula tokko hanga qarshii 50 gaafatu. Dhimmi ol-iyyannoo fudhatamu tokko immoo hanga fuula 500-1000 ta’uu waan danda’uuf jijjiirraan afaanii kun dhiibbaa guddaa uumaa jira.

Akka odeeffannoon afgaaffiin argame kun ibsutti hanqina itti fayyadama afaanii kanarraa kan ka’eefi rakkoolee armaan olitti ibsamanirraa kan ka’e hawaasni keenya haqa osoo qabuu murtoo dogoggooraa dhiibbaa garaa garaan itti murtaa’ee fudhatee dararamaa jira. Gama biraatiin Abukaatonnillee rakkoo itti fayyadama afaanii kan waan qabaniif dhimma ol-iyyaannoo dhaddacha Federaalaa kana fudhatanii hawaasa isaanii gargaaruuf fedha akka hin qabne odeeffannoon argame ni mirkaneessa.

Walumaagalatti qaamoleen afgaaffii gaafataman kunniin “Rakkoo akkanaa kanaaf furmaanni isaa maal?” jedhee wayita qorataan gaafatuutti kallattii furmaata isaa akka armaan gadiitti lafa kaa’anii jiru.

A. Jijjiirraan naannoo mana murtiitti raawwatu ogeessa afaanii kan hin hirmaachisne yoo ta’e fudhatama qabaachuu hin qabu.
B. Ogeeyyiin afaanii dhimmi kun dhimma hawaasa Oromoo bal’aa waan ta’eef irratti hojjechuu qabu.
C. Hawaasni Oromoo bal’aa waan ta’aniif dhaddachi Federaalaa Afaan oromoon tajaajilu dhabbachuu qaba. Isa kanarratti immoo, qaamoleen mootummaafi mitimootummaa, dhaabbileen barnoota olaanoofi ogeeyyiin afaanii Oromoo gahee olaanaa bahuu qabu kan jedhan akka furmaataatti lafa kaawwanii jiru.

Walumaa galaatti akka mana murtii olaanaa Godiina Wallaaga Bahaatti adeemsi raawwii jijjiirraa akkaataa armaan oliitti ogeessoonniifi Hayyoonni ibsaniin faallaa ta'uurraa kankaa'e hawwaasni bal'aan haqa barbaadu dhabuuniifi haqa ijibbaatachuu barbaadu dangawuun rakkoo garaagaraaf saaxilamaa akka jiruufi manni murtii olaanaa Godiina Wallaaga Bahaas rakkoo kana furuuf carraaqqiin taasisaa jiru akka hinjiirre odeeffannoon kallattii hundaan argaame ibsee jira.

#### 4.2.1.2. Dhiibbaa Ilaalchaa Dhuunfaa

Dhiibbaa itti fayyadamni Afaanii mana murtii keessatti murtoo kennuufi fudhachuurratti qabu keessaa tokko dhiibbaa ilaalchaa dhuunfaati. Akka mana murtii olaanaa Godina Wallagga bahaatti qorataan yommuu qorannoo isaaf odeeffannoo funaannachuuf naannoo mana murtii turetti namoota afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti fayyadaman yookaan immoo, Afaan 1ffaan isaanii Afaan biroo ta'eef dhimma kana irratti gaaffiifi deebii taasiseen rakkoon kun adda bahuu danda'eera.

Akkaataa odeeffannoon afgaaffii ibsutti jarreen kun dhimma isaanii yommuu gara mana murtii fidanii dhufan Afaan Oromoon dhiyeeffatu. Akkaataa isan yaada nuti afaan keenyaan itti himannu guutummaatti nuuf hin barreessan shakkii jedhan qabu.Karaa biraa immoo, falmiin booda murtoon barreeffamaan kennamu afaan Oromoon waan ta'eef isa kana dubbisanii itti gargaaramuu waan hin dandeenyeef itti quufinsa hin qaban. Kanarraa kan ka'e, ilaalcha haqa dhabnee osoo hin taane, afaan oromootti haalaan fayyadamuu dhabuu keenyarraan nutti murtaa'e jedhu fudhatanii galu. Kun immoo, dhiibbaa ilaalchaan dhufedha.

#### 4.2.1.3. Dhiibbaa fayyadaama afaan barreeffamaa Kitaabilee Seeraafi danbiiwwanii

Kitaabileen seeraa, Labsiiwwaniifi dambiiwwan mana murtii keessatti haqi akka lafa qabatu, Abootiin seeraa, Abbootiin alangaa, Abukaatoonniifi qaamoleen haqaa marti hawaasa loogiifi dogoggoora tokko maleegahumsaan hawwaasaan hawwaasa walqixa akka tajaajilaniif gahee kitaabileen seeraa,danbiiwwaniifi labsiiwwan qaban olaanaa ta'uun beekamaadha.Haata'u malee kitaabileen kunniin sirna durii keessa bara Afaan Oromoo hacuuccaa jala ture kan maxxanfame waan ta'eef:

1. Fayyaadaamni afaanii isaatii ulfaataa ta'uu,
2. Lakkoofsi keeyyata,muraafi bara ibsu lakkoofsa gi'iiziin kanbarreeffame ta'uu,
3. Qabiyyeen isaa baayyeen isaa haala sirna sanaafi haalayeroo sanaarraatti hundaa'uun kanbarreeffame ta'uun kun akka waliigalaatti qamolee haqaa kitaabilee kunniinitti fayyadaman mara irraatti dhibbaa olaanaa taasisaa jira.

Akka sakattaa'i dookomentiifi afgaaffiin gaggeeffame ibsutti dhiibbaa itti fayyadamni afaanii murtoo kennuufi fudhachuu irratti qabu fidan keessaa tokko afaan kitaabileen armaan olitti ibsaman kunniin ittiin barreeffamaniidha. Akkaataa abbootiin seeraafi Abukaatoonni tokko tokko ibsanitti kitaabileen seeraa barbaachisoo ta'an tokko tokko kan isan barreeffamanii jiran Afaan Amaaraafi Ingiliffaa qofaan. Abbootiin seeraa dhimma tokko irratti murtoo sirrii ta'e dabarsuuf kitaabilee kanaan deeggaramuu qabu.Abukaatonni falmii sirrii falmanii abba mirgaa ta'anii haqa maamiltoota isaaniibaasanii gammachiisuuf kitaabilee kanaan deggaramu.Haata'u malee kitaabileen kunniin afaan Amaaraafi Afaan Ingiliffaan waan barreeffamaniif murtoo sirrii dabarsuuf baay'ee rakkanna jedhu.

Akkaataan odeeffannoon afgaaffiifi sakatta'a dookumentiin argame ibsutti abbootiin seeraa jalqaba akka yuunivarsiitiirraa eebbifamanii dhufaniin hojiirratti baay'ee rakkatu. Keessumaayyuu warren Afaan Oromoo afaan 1ffaa isaanii ta'e yommuu Yuunivarsiitiidhaa bahanii mana murtiitti ramadamanitti kitaabilee Afaan Amariffaan barreeffame baqachuutti kitaabilee Afaan Ingiliffaan barreeffame wabii godhatu.

Ingiliffa irrattis hubannoo gadi fageenyaa waan hin qabneef murtoo sirrii dabarsuu irratti hanqinni ni mul'ata. Kun immoo, hawaasa irrattis ta'e, isaanumarrattiyyuu rakkoo xiinsammuu fida. Kanarraa kan ka'e abbootiin seeraa hojii isaaniirratti ofitti amanamummaa akka hin qabaanne; abbootiin dhimmaa immoo, mana murtii irraa amanamummaa akka hin qabaanne taasisaa jira.

#### 4.2.1.4. Dhiibbaa Aadaa (Barsiifataa)

Aadaan- haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo kan ibsudha. Hawaasni kamiyyuu aadaa mataa ofii ni qabaata. Akka aadaa Oromoo Wallaggaatti dubartiin heerumtee mana qabatte tokko maqaa abbaa manaashee, Abbiyyuu, Amaatii, Sayyuufi waarsaashee hin dhooftu. Kana kan daangesse aadaa hawaasichaati.

Odeeffannoo qorataan daawwannaa dhaddachaarraa argateen rakkoon adda bahe keessaa tokko dhiibbaa itti fayyadama afaanii gama aadaan jiruudha. Kunis akka aadaa Wallaggaatti dubartoonni heeruman (mana ijaaran) maqaa abbiyyuu, amaatii, abbaa manaa, sayyuu fi kan kana fakkaatan bakka isaan jiranittis ta'e hin jirreetti maqaa hin dhayani. Kana immoo, kan daangesse aadaa dha.

Haaluma kanaan, dubartoonni dhaddacha irratti himatanii, himatamanii yookaan immoo ragaa ta'anii yommuu dhiyaatanitti kanarraa kanka'e, odeeffannoo qulqulluu qaama ilaallatuuf kennuurratti rakkoon uumama. Abbootiin seeraa immoo, murtoo haqa qabeessa dabarsuuf odeeffannoo guutuu barbaadu. Kanarraa kan ka'e haqa baasuuf yeroo dheeraa fudhata, abbootii dhimmaa baasii hin taaneef saaxila, haqi barbaadame akka hin argamne godha. Kanaafuu aadaan fayyadama afaanii mana murtii irratti dhiibbaa ni taasisa jechuudha. Rakkoo kanaafis furmaatni qaamni dhimmi isaa ilaalu hawaasaaf hubannoo gadi fageenyaa yeroo yerootti kennuu qaba.

#### 4.2.1.5. Dhiibbaa Miiraa

Miira-yoo jennu haala namni tokko keessa jiru jechuudh.Namni immoo, yeroo kamiyyuu taanaan miira garaa garaa keessa jiraachuu mala. Fakkeenyaaf miira soda, gammachuu, dhiphinaafi kan kana fakkaatan. Kun immoo haalota tokko tokkoon uumamuu ni danda'a. Fakkeenyaaf, Waan kana dura raawwatamee hin beekne tokko yommuu raawwatan jechuunis manni murtiitti fayyadamuun kanjalqabaa yoota'eefi sanaarraatti hubannoo kanhinqabne yoota'an, Waan tokko (gochaa sukkaneessaa kana dura namarratti yookaan ofirratti raawwate tokko waa'eesaa yeroo namni nutti kaasu yookaan yaadannu miira garaa garaa keessa seenuu nidandeenya.

Odeeffannoo daawwannaa dhaddachaafi afgaaffii irraa qorataan argateen rokkoolee adda bahan keessaa tokko dhiibbaa miirri fayyadama afaanii mana murtiirraan gahudha. Namoonni himatanii, himatamanii yookaan immoo ragaa bahuu dhaqanii dhaddachatti yommuu dhiyaatan miira adda addaa keessa galu. Fakkeenyaaf, miira soda, aarii, dhiphuu, miidhaa xiinsammuufi kan kana fakkaatan dha.

Qorataan yommuu dhaddaacha seenee daawwachaa turetti shamarree seeraan ala humnaan gudeeddiin irratti raawwatamee himattee dhaddacharratti dhiyaattee dhimmi ishee ilaalamaa jiru hubate. Yommuu abbaan alangaa haala gudeeddiishee, akkaataa gudeeddiishee akka ibsattu gaafateetti:

1. Dhimma sana dubbachuu sodaachuurraan kan ka'e waan dubbattu harkaa bade.
2. Dhimmichi irratti raawwate sukkaneessaawaan tureef, yaadachuun bohuu irraa kan hafe dubbii dubbachuu dadhabde.

Kanarraa kan ka'e hamma tasgabbooftee gorfamtee (psychological treatment) argattee deebitutti beellamni yeroo biraa qabame. Kanarraa wanti hubataamu dhiibbaa miirri fayyadaama afaaniirraatti qabu kan mul'isu yommuu ta'u, kanarraa kankaa'e himattuun kun dhimmashee guyyaasana xumurattee galtu beellamaan dabarsuun qisaasama yeroofi maallaqaaf saaxilamti. Kanaafuu, dhiibbaan miirri fayyadaama afaanii mana murtiirraatti qabu olaanaa ta'uu odeeffannoon argaame kun nimirkaneessa.

Karaa biraa immoo, ragaa ta'uu deemanii miira sodaan kan ka'e waan dubbataniifi dhiisan dhabu. Dubbii walkeessa borcu.Kaan immoo, miira aarii keessa galanii abbaa seeraa fuula duratti jechoota arrabsoo adda addaa dubbachuun adabbii biro keessa galu.Kun hunduu dhiibbaa miirri fayyadama afaanii mana murtii keessatti fidudha.

Kun immoo, abbootiin seeraa odeeffannoo guutuu akka isan hin arganne waan taasisuuf murtoo haqa qabeessa dabarsuuf isaan rakkisa.

#### 4.2.1.6. Dhiibbaa Koorniyaa Agarsiisan

Fayyadama afaanii kamiyyuu keessatti walqixxummaa koorniyaa eeganii fayyadamuu irratti ofeeggannoo gochuun barbaachisaadha.Sirnoota darban keessatti jechoonni tokko tokko olaantummaa dhiiraa mul'isaniifi gadaantummaa dubartootaa ibsan hedduun turaniiru.Jechoonni kunniin immoo, dubartootarraan kallattii garaa garaan xiinsammuu isaaniirraatti, diinagdeefi siyyaasa biyyattiirraatti dhiibbaa gochaa turuun isaa beekamaadha. Haaluuma kanaan Odeeffannoon gaaffii afaaniifi sakattaa'a dookumentii irraa argame akka ibsutti jechoonni kanneen akka:

**Abbaa seeraafi Abbaa alangaa** kanneen jedhan kunniin mana murtii keessatti maqaa dhiirota qofaa gidduu galeeffatee mogga'e waan ta'eef abbaa seeraa ta'uu kan danda'u dhiira qofa ergaa jedhu agarsiisa. Akka odeeffannoon afgaaffii ibsutti moggaasni kun dhiiroota qofaa giddugaleefatee waan mogga'eef mogaasni kun hundeerraa rakkoo mataa ofii qaba. Dubartoonni abbaa seeraa, abbaa alangaa ta'anii mana murtii olaanaa Godina Wallaggaa Bahaa keessa hojjetan wayita gaafatamanis komee kaasuurra darbee haamilee hojii keenyatti bu'a jechuun kaasu. Kanarraa wanti hubatamuu qabu faayadama afaan Oromoo mana murtii keessaa rakkoon fayyadama afaanii koorniyaan walqabatu kun rakkoo guddaa waan ta'eef maqaaleen *abbaa seeraa, abbaa alangaa* jedhan kunneen akkaataa walqixxummaa koorniyaa agarsiisaniin sirraahuu qabu. Kana irratti immoo ogeessoonni afaanii dhiibbaa taasisuu qabu.

## 4.3. Kallattii fala rakkoolee gama Afaan dubbii mana murtiin adda bahan

Qorataan rakkooleen adda bahan kun akkamiin fala akka argachuu danda'aaniifi kallattiin gara fuula duraa maalta'uu akka qaban af-gaaffii qaamolee haqaa adda addaafi Itti gaafatamtoota waajjiraalee muraasaaf taasiseefi yaada mataa ofiis itti dabaluun kallattii fala rakkoolee adda bahanii akka armaan gadiitti ibsuun kaa'ee jira.

### 4.3.1. Kallattii fala rakkoo ilaalcha hawwaasaa agarsiifannaa raga ilaalchisee

Akka odeeffannoon af-gaafiin argaame ibsuutti hawwaasa baayyee biraatti agarsiifannaan ragaa waanuma baratameef fayyadamu malee faayidaa guddaa qabaachuusaa gadifageenyaan hubatee kanitti gargaaraamu nama muraasa qofaadha. Kanaafuu, yakki

tokko uumamuun dura yookaan immoo,namni tokko yakki tokko wayiita irraatti uumamuuf jeedhuutti ofiis dabalee yakka keessa galuurra kallattii fayyadaama afaan dubbii agarsiifannaa ragaa hawwaasaaf hubannoo gadi fageenyaa kennuun hawwaasni mirga isaatti haalaan akka fayyadaamu gochuu, dhugaan hawwaasaa akka jalaa hindhokaanneefi ragaan sobaa akka hinbabal'aanne taasiisa.

#### 4.3.2. Kallattii fala rakkoo fayyadaama afaan dubbii dhuga baatii kan aadaa

Akka odeeffannoon afgaaffiin argame ibsuutti duraan osoo manni murtii aanoleerraatti hinbabal'atiin hawwaasni dhuga baatii aadaatti gargaaramaa turaniiru. Kanaaniis haawwaasni bu'aa gurguddaa irraa argachaa akka turaniifi waldanda'uufi tokkummaan hawwaasaallee kanaan walqabatee jabaataa akka ture ibsaniiru. Haata'u malee, yeroo ammaa kana hawwaasa keessaa dhuga baatiin karaa aadaa taasifamaa ture kun hafaa deemuurraan kankaa'e haawwaasa keessaa waldanda'uun, tokkummaan, walkabajuufi waldhaggeeffachuun dhibuurra darbee, ragaan sobaa babal'achuu, haqi namaa dhokachuufi ofittummaan babal'achuu ibsaniiru. Kanaafuu, dhugabaatiin aadaa bu'a qabeessa waanta'eef, qaamoleen haqaa Abbootii Gadaa, Jaarsolii biyyaafi hawwaasa sadarkaa sadarkaan jiran hundaaf kallattii kana qabachuun hubannoo gadifageenyaa kennuu qabu.

#### 4.3.3. Kallattii wantoonni fayyadaama afaan dubbii mana murtiitiirraatti dhiibbaa taasisan fala ittiargatani

Akka waliigalaatti wantoonni fayyadaama afaan dubbii mana murtii gama murtoo dabarsuufi fudhachuurraatti hawwaasarraan dhiibbaa taasisan qorannoo kanaan adda bahanii jiran kallattii isaan fala argachuu qaban akka qorataan odeeffannoo itti gaafatamtoota waajiraa, abbootii seeraa, abukaatoofi abbootii dhimmaarraa argame akka armaan gadiitti ibsamee jira.


##### 4.3.3.1. Kallattii fala rakkoolee fayyadaama afaanii kitaabilee seeraan walqabatan

I.Q.S.O. Ogeeyyii Afaaniifi Ogeeyyii seeraa waliin ta'uun rakkoo afaan barreeffama kitaabilee seeraafi Lakkoofsa Gi'iiziin walqabatee manneen murtii oromiyaa keessaatti dhiibbaa taasisaa jiraniirraatti mariyachuun fala barbaaduu qaba. Rakkoolee gama jijjiirraa

afaaniin walqabatee qorannoo kanaan mul'atee jiruuf kallattii fala rakkoo kanaa kantaa'u, Biiroon haqa Oromiyaa, Dhaabbileen barnoota olaanoo, Hayyoonni Afaaniifi Inistituyiitiin Qorannoo Seeraa Oromiyaa waliinta'uun: Dhimma jijjiirraa afaanii manneen murtii Oromiyaa keessaatti adeemsifamu irraatti seera haaraa hawwaasa fayyadamaa taasiisu baasuu; Qacarrii turjumaanaa irra deebi'amee ilaalamuufi kanneen heeyyama jijjiirraa afaanii laatan waliin mariyachuun kanneen jedhan kallattii fala kanaa ta'uu nidandaa'u.

Gama moggaasa qaamolee seeraa walqixxummaa koorniyaa hineegne ilaalchisee kallattii fala kanaa ta'uu kandandaa'u, dhimma kanarraatti I.Q.O. qamolee seeraa hirmaachisuun haala itti walqixxummaan koorniyaa mirkanaa'urraatti kallattii kaa'uu qabu. Walumaa galaatti kallattiin taa'e kun rakkoowwan mul'ataan kana guutummaatti dhabamsiisuu yoodadhabellee, rakkoo kana hir'isuu waan danda'uuf, kanarraatti dhaabbileen barnoota olaanoollee xiyyeeffannoon hojjechuu qabu.

**Chaartii adeemsa fayyadama afaan mana murtii agarsiisu.**



## 4.4. Qaaceessa Ragaalee Abbootii Seeraa, Abbaa Alangaa, Poolisiifi Abukaatootaan dhiyaatan

**Gabatee 2. Qaacessa fayyadama Afaanii Qaamolee Haqaa**

| **Murtee haqa qabeessa kennuuf afaan kamiitti fayyaadamtu?** | **Deebi lakk** | % |
|---|---|---|
| Afaan Oromoo | 32 | 88.89 |
| Afaan Amaaraa | - | |
| Afaan Ingilizii | - | |
| Hunda | 4 | 11.11 |
| Ida'ama | 36 | 100 |

Gabatee (2) irraa akka agarutti deebistoonni %88.89 Afaan Oromooti yeroo jedhan, deebii kennitoonni % 11.11 immoo hunda fayyadamna jechuun deebisanii jiru. Sababa Afaan Oromotti fayyadamaniif yeroo ibsan Afaan hojii Naannoo Oomiyaa Afaan Oromoo waan ta'ef kan jedhu yeroo ta'u, namooni afaan lamaanuu fayyadamna jedhan immoo, kitaabbolee hedduun Afaan Amaareeffaan fayyadamaa waan jiruuf Afaan Oromoon qofa fayyadamna jechuu hindandeenyu haala jedhuun kaasanii jiru. Heerri Mootummaa Naannoo Oromiyaa fooya'ee bahe labsii lakk.46/1994 kewwata 5 afaan hojii ilaalchisee *'Affan Oromoo Afaan Hojii Motummaa Nannoo Oromiyaati; Kan barreeffamuus qubee afaan Oromoon ta'a jedha."* Kana irraa kan hubannuu Afaan dubbiifi afaan barreeffamaa naannoo Oromiyaatti afaan Oromoo ta'u isaati.

**Gabatee 3. Gahumsa Afaanii**

| **Mana murtii keessatti Afaan Oromoo gahumsaan dubbachuun dirqamaa**? | **Deebi lakk** | **%** |
|---|---|---|
| Eyyeen | 8 | 22.22 |
| Lakkii | 28 | 77.78 |
| Ida'ame | 36 | 100 |

Akka gabatee 3 armaan olii irraa hubannutti, deebii kennitoota jiran keessaa % 22.22 ta'an eeyyeen yeroo jedhan % 77.78 ta'an immoo lakkii jechuun deebii kennanii jiru. Kana irraa kan hubannu akkuuma beekamu Goodiina Wallaaga Bahaa keessa sabaafi sablammoonni baayyeen akka jiraatan beekamaadha. Akka qorataan odeffannoo gaaffii afaanii irraa argateetti manneen murtii Oromiyaa afaan Oromoon akka tajaajilan labsiin kanmurtaa'e ta'us, kanneen afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti tajaajilaman himaatni isaaniifi deebiin himataa isaanii akkasumaas, murteen barreeffamaan darbu afaan oromoon kan kennamuuf yoota'u, dhadaacha irraatti garuu afaan tokkoffaa isaaniitiin akka falmataan waanta'uufi. Kun immoo hawwaasni Oromoo hammaam sabaafi sablamoota akka kabajuufi mirga dhala namaaf eddo guddaa akka qabu kan agarsiisuudha. Haata'u malee akka abbootiin seeraa tokko tokko jedhaniitti "murtoo haqa qabeessa dabarsuuf afaan Oromoo ga'umsaan dubbachuurra darbee qindoomiina olaanaan dubbachuun barbaachisaadha" jedhu. Sabaabni isaan kaa'an immoo,mana murtii keessaatti ga'umsi afaanii bakka itti fayyadaman sanaa beekuun baay'ee barbaachisaa akka ta'efi, afaan bakka itti fayyadamanii ga'umsaan dubbachuun baay'e barbaachisaafi iddoo olaanaa akka qabuudh. Ga'umsi afaan seeraa immoo irra caala barbaachisaa akka ta'efi namoonnii Afaan Oromoo ga'umsaan dubbachuu hindandeenye dhimma isaa seeraan ibsachuu rakkata. Kana malees, qaamooleen murtii haqaa kennu kamu kan abbaan dhimmaa sun jedhu galmeefachuun murtii kennan waan ta'ef iddoo kamiyyuu caala Afaan Oromoo ga'umsaan dubbachuun barbaachisaa akka ta'e hubanna.

Karaa biraatiin immoo namoonni afaan Oromoo sirriitti dubbachuu hin beekne afaan Amaaraa waanfayyadamaniif, Abbootiin seeraa, abbootiin alangaafi abukaatoonni isaanii afaaniicha guutummaa guutuutti hubachuu dhiisuu waandanda’aniif murtoo haqa-qabeessa kennuuf rakkaatu. Kana immoo Odeeffannoon dhadacharraa argameefi af-gaaffii irraa argame mirkaneessee jira.

Walumaagalaatti deebii armaan olii irraa kan hubatamu mana murtii keessaatti afaan Oromoo ga’umsaan dubbachuun dirqaama yoota’uudhaa baatellee, wanta barbaanne argachuuf garuu, afaanicha ga’umsaan dubbachuufi qindoomina afaanichaayyuu beekuun barbaachisaa ta’uusaa hubaanna.

**Gabatee 4. Fayyadama Afaan kitaabolee seeraa**

| **Kitaaboolee seeraa afaan kamiin barreeffaman fayyadamtu?** | **Deebi lakk** | **%** |
|---|---|---|
| Afaan Oromoo | 2 | 5.56 |
| Afaan Amaaraa | 30 | 83.33 |
| Afaan Ingilizii | 4 | 11.11 |
| Ida’ama | 36 | 100 |

Gabatee arman olii irraa akka hubannutti deebistoonni % 5.56 ta’an kitaabolee seeraa Afaan Oromoo fayyadama akka jiranii, %83.33 immoo kitaaboolee seeraa Afaan Amaaraatiin barreeffaman akka fayyadaman yeroo ibsan %11.11 kitaabolee Afaan Ingiliiziitiin barreeffaman akka faayyadaman gabatee armaan olii irraa hubachuun nidand’ama. Kanaaf immoo akka sababaatti gaaffii banaa dhiyaateef irratti kan kaa’an, yeroo dheeraaf kitaabooleen haqni ittiin mirkan’aa tureefi ammas ittiin hojjatamaa jiru kitaaboolee afaan Amaaraatiin maxxanfamaniin akka ta’e agarsiisaniiru. Gama biirootiin kitaaboleen seeraa gabaarraatti jijjiiramanii karaa qaama mootummaatiin ta’e, miti mootummaa dhaabbannii jijjirraa kitaaboolee seeraa jiraachuu dhabuu akka ta’etti kaa’u.

Afaan Oromoo afaan reefu guddachaa jiru waan ta'eef, kitaabooleen seeraa, labsiifi danbiiwwan adda addaa haala gahaa ta'en jijjiramanii hinjiran. Kun ammo, gudina afaanii keessattifi afaanitti fayadamanii murtii haqaa kennuu irratti dhibbaa guddaa akka qabu agarsiisa.

Dawwannaa dhddachaafi sakatta'a dokimeentii gaggeeffameen akka ilaaluuf danda'ameetti, Kitabooleen seeraa yeroo ammaa hojjira jiran kan haariiroo hawaasaa yeroo sirna Hayila Silaasee bara 1952 baheedha. Odeefannoon gaaffii afaanii Inistituyitii Leenjiifi Qorannoo Seeraa Oromiyaa irraa argame akka agarsiisutti yeroo ammaa kana koreen tokko dhaabbatee seera adaba yakkaa afaan Amaaraa irraa gara Afaan Oromotti hiikamu isaafi kuniis akka hinmirkanoofne nuuf ibsanii jiru. Karaa birootiin dhaabbanni hiika jijjirraa afaanii hojjatuus kobaatti akka hinjirrees yaada kennaniin hubatamee jirra. Gama birootiin labsiifi dhimmoota seera wajjiin walqabatanii Motummaan Naannoo Oromiyaa baasu bakka itti argachuun bitachuun rakkana jedhamee yaada ka'e qulqulleessuuf yaalii taasifameera. Kitaabooleen seeraa Afaan Amaaraatiin qopha'an labsii mootummaan Federaalaa baasuu kamu namni kam iyyuu dhaabbata Maxxansaa Biraaninaa Salaam jedhamu dhaquun bittachuun danda'ama jedhame yaada kenname tokko qulqulleessuf qorataan yaalii gaggeesseen kitaaboleenifi labsiiwwan Afaan Amaaraatiin karaa mootummaa Federaalaa bahan kamu argachuun akka danda'amu mirkaneefateera.

Afaan Oromoo Afaan hojii eerga ta'e waggoottan hedduun haalakaa'amu malee gama afaan seeraatiin hiikoon kitaabolee hojjatame sadii qofa. Isaaniis Heera mootummaa Feederaalaa Ripabliika Itoophiyaa, Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Seera maatii Oromiyaati. Waggaa digdama keessatti kitaaboolee bara mootii Hayilasilaase baheen amma fayyadamun hiika (jijjiraa) kitaabolee seeraatiif xiyyeeffannoon akka hinkenamne mul'ateera. Walumaa galatti qaamooleen seeraa odeefannoon kennan kun kan agarsiisu rakkinichi hagm bal'aa akka ta'efi dhibbaa guddaa akka qabudha. Qaamoleen haqaa yeroo daawwannaas agarre tokko tokko seera yakkaas ta'e hariiroo hawaasaa afaan Amaaraan dubbisanii hiikuun murtii akka kennaa jiran argameera. Kun ammo, gama hedduun dibbaa akka qabuus odeeffattoonni ibsanii jiru.

- Murtii Haqaa saffisaa ta’e kennuu dhabu
- Murtiin manneen murtii kennan walfakkaachuu dhabuufi kkf rakkoolee gama hedduun mul’ataniidha.

Gama birootiin, kitaabooleefi labsiiwwan mootummaan naannoo Oromiyaa baase jiru. Kun, bakka itti bitachuun ittifyyadamu danda’an hinjiru jechuun yaadi afgaaffiii keessatti ka’e jira. Kunis, rakkoo biraafi kan furmaata barbaaduudha.

Qorataan yeroo qorannoo kana hojachaa jirutti kan qulqulleefachuuf gaaffii kana qabate iddoo naanna’etti Biroon Aadaaf Turiiziimiifi waajjira Af- yaa’iitti argama jechuun yaada yeroo kenan kanas, ka’umsa godhateefi kan irratti hundaa’un achi dhaqun qulqulleessuuf yaalameera. Sababa kanaaniis, labsiiwwan karaa mootummaa naannoo Oromiyaa bahan karaa waajjira Af-yaa’ii anaatiin ergamaa akka jiru ibsamee jira. Asi immoo namni barbaadu bitachuu danda’a isa jedhuuf ammaaf akka hineegaleefi fuula duratti itti yaadamaa akka jiru Itti gaafatamaa waajjira afyaa’ii aanaa Dandii irraa hubachuun danda’ameera. Maaliif akka ta’e ifa miti. Finfinneeno magaala gudditii Oromiyaati. Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa keewwata 6 garuu bakka kitaabolee Afaan Oromoo hunda kan saayinsii, kan seeraafi kkf. bakka tokko itti argannu maliif dhabame? Namootiin biroo dhimma irratti hojjachuu danda’u waan ta’ef qorataan biran darba. Walumaa galatti kitaabolee seeraa haqa mirkaneessuuf tajaajilan hiikamu dhabuun rakkoo guddaa akka ta’e odeefannoon argame kun ifa taasiiseera.

**Gabatee 5. Madaallii haala fayyadama afaan dubbii naannoo mana murtii**

| **Itti fayyadama Afaan Oromoo mana murtii keessa jiru haala kamiin madaaltu?** | **Deebii lakk** | **%** |
|---|---|---|
| Mijataadha | 24 | 66.67 |
| Rakkisaa | 12 | 33.33 |
| Ida’ama | 36 | 100 |

Gabatee (5) armaan olii irraa akka hubanutti mijataadha deebistooni jedhan %66.67 yeroo ta'an deebistoonni %33.33 immoo rakkisaadha jedhanii jiru.Egaan akkuuma gabatee armaan olii irraa ilaaluun dandaa'amuutti, itti fayyaadaamni afaan Oromoo mana murtii keessaa mijataadha,yookis immoo, rakkisaadha kanneen jedhaani sababoota mataa ofii keewwatanii jiru.Mijataadha kanneen jedhan sababni isaan dhiyeessan, Afoon Oromoo afaan dhaloota isaanii waan ta'eef dhimma isaanii afaan dhaloota isaaniitti gargaaramanii kan ibsatan yommuu ta'u dhimmiicha gadifageenyaan ibsaatu. Karaa biro immoo, abbootiin seeraas baayyeen isaanii afaan Oromoo afaan dhalootaa isaanii waanta'eef dhimma abbootii dhimmaas ta'e, falmiin dhadacharraatti dhiyyaatu afaan dhaloota isaaniitiin waan dhiyyeeffataniif murtii haqa qabeessa kennuuf mijataa waanta'eefidha. Kanneen rakkisaadha jedhan immoo, akkuuma beekamu Godinna wallaagga bahaa keessasabaafi sablammoonni baayyinaan kan jiraatan waanta'eef yeroo baayyee mana murtii olaanaa Godiina Wallaaga bahaatti gargaaramu. Akka odeeffannoon afgaaffiifi daawwannaa dhaddachaa irraa argame ibsuutti jarreen kun afaan Oromoo sirriitti dubbachuufi dhagayuu waanhindandeenyeef abbootiin seeraa, Abukaatoonniifi Abbootiin

Alangaa afaan isaan ittiin dhiyyeessan guutummaa guutuutti dhagahanii murtee kennuuf waanisaan rakkisuuf rakkisaadha jechuun deebii kennanii jiru. Karaa biraatiin immoo, armaan oliitti akka ibsamuuf dandaa'ame kitaabileen seeraa baayyeen isaanii afaan Amaaraafi Afaan Ingiliffaan barraayee kanjiru waanta'eef, kitaabilee kunneeniitti gargaaramuun afaan Oromoon murtee haqaqabeessa dabarsuun waan isaan rakkisuufi dhaddacha ijibbaata Federaalaatti oliyyannoo fudhachuuf jijjiirraan gara afaan Amaaraatti taasifaamu mijataa ta'uu dhabuu, baayyee qaalayaa ta'uu, ogeessa afaaniin waanhinjijjiiramneef ergaa guutuu dabarsuu dhabuufi dhaddaacha ijibbaataa kanarraatti afaan Oromoo fayyadamuu dhabuun rakkisaadha jechuun deebii kennanii jiru.

Walumaagalaatti deebii kanarraa hubachuun akka dandaa'ameetti mana murtii Olaanaa Godiina Wallaaga Bahaa keessaatti afaan Oromootti fayyadamuun baayyee mijataa ta'uufi qamoleen tokko tokko immoo, afaan Oromootti fayyadamuun waan isaan rakkisuufi dhaddaacha ijibbaata Federaalaa irraatti afaan oromoo fayyadamuun maamiltoota isaanii gargaaruu dhabuurraa kankaa'e afaan oromootti fayyadamuun rakkisaadha jedhaniiru

**Gabatee 6. Haala itti fayyadaama hiika Jechootaa**

| **Haqa mirkaneessuu keessatti jechoota haraa isiin qunaman haala kamiin hiiktu?** | **Deebi lakk** | **%** |
|---|---|---|
| Galmee jechootaa Afaan Oromoo fayyadamuun | - | |
| Haala galumsa isaatiin hiikuun | 6 | 16.67 |
| Akkuma jirutti afaan maddaatiin fudhachuu | 10 | 27.77 |
| hunduma fayyadamuun | 20 | 55.56 |
| Ida'ama | 36 | 100 |

Gabatee (6) fayyadama galmee jechootaa ilaalchisee akka agarsiisuutti, haalli hiika jechootaa laachuu keessatti wanti dhaabbataa ta'e akka hinjireettiidha. Kuniis deebistoonii %16.67 haala galumsa hima keessatti inni qabuun yeroo hiikan deebistooni %27.77 immoo afaan maddaa duraan jiru saniin akka ittifayyadamaniidha deebistooni %55.56 immoo hunda isaaniitti haala mijateefiin fayyadamuun akka tajaajilaman agarsiisa.

Kana irraa akka hubanutti jechoota seeraa hiika barbaadan hiikuu keessatti rakkooleen galmee jechootaa Afaan Oromootiin naannoo qaamolee haqa mirkaneessaniif mana murtii, Wajjira Pooliisii, Waajira  Haqaafi kkf bira qopha'anii akka hinjirreedha. Kun immoo, dhibbaa maal qaba isa jedhu kana  yoo illaallu baayyee ifa. Namni hundi jecha akka isaaf galuufi hubatetti nihiika yoo ta'e bakka seeraa namni murtii argatuutti qofa mitii bakka kaanittuu rakkisaadha. Jechooni naannoo qaamolee haqa mirkaneessan bira jiran immoo baay'ee walxaxaafi hiika barbaadaniidha. Jechoon kunis yoo hiika dhaabbataa argachuu baatan qaamooleen seeraa tajaajila haqa qabeessa ta'e, kennuu irratti abbootiin dhimmaas tajaajila haqa qabeessa argachuu irrattifi qaamolee haqaa giddutti walhubacchuufi waan tokko jedhe tokkof galuu dhiisuu danda'a. Jchoonni seeraa jechoota nuti naannootti hubannu irraa adda. Kan hiikuun immoo murteessaadha.

**Gabatee 7. Haalaa Jijjirraa Afaanii haqa mirkaneessuu Keessatti.**

| **Akka mana murtii Olaanaa Godiina Wallaaga Bahaatti Jijjirraan Afaan tokko irraa gara afaan birootti taasifamu haqa mirkaneessuu keessatti gahee hagam qaba?** | **Deebi lakk** | **%** |
|---|---|---|
| Baay'e ol'aanaa | 5 | 13.89 |
| Olaanaa | 6 | 16.67 |
| Giddugaleessa | 10 | 27.77 |
| Xiqqaa | 15 | 41.67 |
| Ida'ama | 36 | 100 |

Gabatee armaan olii irraa akka hubanutti deebistooni %13.89 ta'an baay'e ol'aanaa yeroo jedhan %16.67 ta'an olaanaa % 27.77 giddugaleessa % 41.67 ta'animmoo,xiqqaadha jechuun deebisanii jiru. Akka mana murtii Olaanaa Godiina Wallaaga Bahaatti hiikkoon afaanii afaan tokko irraa gara afaan birootti taasifaamu fakkeenyaaf, Afaan Oromoo irraa gara Afaan Amaaraatti Afaan Amaaraa irraa gara Afaan Oromootti taasifamu haqa mirkaneessuu keessaatti baayyee gadi bu'aa ta'uu odeeffannoo argame kanarraa hubachuun danda'ameera. Kun immoo kanibsu, akka mana murtii Olaanaa Godiina Wallaaga Bahaatti jijjiirraan afaanii seera jijjiirraa egee ogeessa afaaniin raawwatu kanhinjirreefi akkafeeteen namuuma qarumattiin kanraawwatu waanta;eef bu'aan hojii kanarraa argaamu baayyee xiqqaa ta'uufi qaamoleen jijjiirraatti fayyadaman akka mana murtii Olaanaa Godiina Wallaaga Bahaatti miidhamoo ta'uu odeeffannoo kanarraa hubachuun danda'ameera. Akka odeeffannoon af-gaaffii abbootii dhimmaa irraa argame ibsuutti akka mana murtii Olaanaa Godiina Wallaaga Bahaa kanaatti keessumattuu jijjiirraan afoon Amaaraa irraa gara afaan Oromootti taasifamu quubsaa ta'uu dhabuurraan kankaa'e abbootiin dhimmaa afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti gargaaramaani mana murtii Olaanaa kanaatti dhimma

isaanii fidan haqa dhabuun baayyee akka rakkataniifi dhimma isaanii mana murtii kana fiduu kanyaadahaani ta'uu odeeffannoo argame irraa qorataan mirkaneeffatee jira. Kun immoo kanta'eef :

- Ogeessi Afaanii afaan lachuu sirriitti danda'ee jijjiirraa raawwatu kanhinjirreefi nama waa'ee afaanii hinbaranneefi ogeessa afaanii hin taaneen jechuunis, nama galiima argatee ittiin jiraachuuf qofa hojii kanaatti bobba'ee jiruun jijjiirraan gaggeeffamaa jiraachuu.
- Qaamni heeyyama kennuus ta'e kanneen kanaan hojechaa jiran dhimma jijjiirraa afaaniif xiyyeeffannaa kennuu dhabuu.
- Akka mana murtii Olaanaa Godiina Wallaaga Bahaatti ogeessi jijjiirraa raawwatu kan hinqacaaramne ta'uu.
- Dhimma jijjiirraa Afaanii kana irraatti labsiifi danbiin keessa deebi'amee ilaalamuu dhabuufi haala yeroo irraatti hundaa'ee haareffamaa deemuu dhabuu.
- Naannoo dhaddaacha ijibbaata federaalaarraatti abbootiin seeraa afaan Oromoon hojetan ramadamuun dhaddaachi Afaan Oromoon hojeetu dhaabachuu dhabuufi kkf.dha.

Haluuma kanaan, akka daawwannaa dhaddachaafi af-gaaffii gaggeeffame irraa hubachuun danda'ameetti dhimmoonni hariiroo hawwaasaafi dhimmoonni yakkaa martiyyuuirraatti jijjiirraan afaanii nigaggeeffama. Fakkeenyaaf, akka odeeffannoon af-gaaffii itti gaafatamtoota waajjiraaf taasifaame ibsuutti dhimmoonni jijjiirraa afaanii gaggeessuf dirqisiisan:

➢ Yakkoota gosa adda addaa qulqulleessuuf
- Dirqisiisanii gudeeduu
- Reebicha gosa adda addaa
- Nama sababa hinbeekamneen du'e reeffa qorachiisuufi kkfdha.

➢ Ragaalee,waligalteefi sanadoota afaan Oroomootiin ala hojjataman
- Waliigaltee bittaa gurgurttaa
- Raga lafa durii
- Ragaa fuudhaaf heerumaa

- Sanadoota motummaa
- Dookomentoota bara afaan Amaaraa afaan hojii mootummaa Naannoo Oromiyaa ture kanneen barraayaniifi kkf ta’u danda’ u.

**Gabatee 8. Haaloota fayyadaama afaan dubbii mana murtiirraatti dhiibbaa taasisanii**

| **Dhimmooni Armaan gadii itti fayyadama Afaan Mana murtii keessatti dhibbaa qabu moo hinqaban** | **Deebi lakk** | **%** |
|---|---|---|
| Sodaa | 20 | 55.56 |
| Dhiphuu | 12 | 33.33 |
| Gammachu | 4 | 11.11 |
| Ida’ama | 36 | 100 |

Akka odeefannoo gabatee armaan oliirraa argame ibsutti mana murtti keessatti dhimmoonni armaan olii Afaan fayyadamu irratti dhibbaa qabumoo? hin qaban jedhame gafatameef sodaan dhibbaa qaba kan jedhuu %55.56 yoota’an dhiphuun immoo%33.33 akkasuma Gammachuun%11.11 akka dhibbaa qabu ibsanii jiru.

Akka odeefannoon gabatee kanaa agarsiisuti ittifayyadama afaanii irratti sodaan sadarkaa olaanaan yoo dhibbaa qabu dhiphachuuniis haala salphaa hintaaneen dhibbaa akka qabu ragaan kun niagarsiisa. Karaa birootiin gaaffii banaa dhiyaateef irratti saboota dhimmoonni kun dhibbaa qabaniif  haala ibsaniin kanneen armaan gadii kaa’anii jiru.

- Yeroo ammaa kana mana murtii keessaatti ragaan sobaa waan babal’achaa dhufeef sabaaba raga sobaan dhugaakoo dhabuu niin dandaa’a jedhanii waan sodaataniif dhaddaacha irraatti waanjedhaan harkaa babbaada.
- Fayyaadaama afaanii mana murtii irraatti hubannoo gahaa dhabuurraan kankaa’e.
- Waan sukkanneessaa yoota’e, dhimma himataman ykn himatan sanaa yaaduun dhiphachuu.

- Yeroo jalqabaaf dhaddaacha  mana murtiitti kan dhiyyaatan yoota’e.
- Nama yakka irraatti raawwaate yooargaan miira aarii keessa galuu irraa kankaa’e.
- Waan gaafataman sana sirriittan beeka jedhanii ofiitti amanamummaa humnaan olii (over confidence) keessa ta’uun gamaduu irraan kankaa’e ta’uu mala jedhu.

Haata’u malee afgaaffii ittigaafamtoota waajjiraatiif dhiyaate irraa hubachuun akka danda’ameetti guyyaa duraa mana murti dhiyaataniifi  yeroo lamaa sadi erga dedebi’ani booda sodaanifi dhiphuun  akka dhiisaa deemuufi itti fayyadamni afaanii akka dabalaa deemu odeefannoon argame nimul’isa. Kana immoo, afaan adeemsaan baramaa kan deemamu ta’uufi yeroo sirna ittifayyadama afaan bakka ittifayyadamnu baraa yoo deemnu haalli ittifayyadamni keenyaa waan dabaluuf sodaanifi dhimmoonni kana fakkaatan xiqqaachaa akka deemu niibsu.

**Gabatee 9. Fayyadaama afaanii waliin dubbii daangeessan**

| **Fayyaadaama afaanii mana murtiirraatti rakkooleen waliin dubbii keessan daangeessan jiruu?** | **Deebi lakk** | **%** |
|---|---|---|
| Eeyyeen | 22 | 61 |
| Lakkii | 14 | 39 |
| Ida’ama | 36 | 100 |

Akka odeeffannoon gabatee (9) kana irraa argame ibsutti garagarummaan afaanii waliin dubbii akka daangeessuudha. Kanas, Odeeffnnoo kennitooni %61 eeyyeen yeroo jedhan %39 immoo lakkii jechuun kennaniiru. Kun, kan agarsiisu garaagarummaa afaanii kan jennuun kan akka looga naannoo adda addaafi jechoota walmakaa abbaan Seeraa  yookiin abbaan alangaa fayyadamu, Jechoota isloogaanii garee adda addaa qofa biraatti beekaaman kanneen akka: **“lashbel”, “zapa”, “kortata”, “ckiikii”“kooyinii”, “deechii” “cheentoo” “duu”, Jalasii**fi k.k.fn yeroofis yoo ta’u, waliin dubbii isaanii akka daangeessuudha. Afaan Oromoo afaan barnootaafi kan hojii erga ta’e haaturu malee looga adda addaa walitti

fiduun waaltessuunlooga tokko taasisuun itti fayyadamuu bira hingeenye. Kanaaf immoo afgaaffii gaggeeffameefi daawwannaa dhaddachaatiin odeeffannoon argaame akka ibsuutti jechootna seeraa tokko tokkoof kallattiidhaan jechi afaan oromoo bakka bu'u dhabamuurraan kanka'e Abbootiin seeraa, abbootiin Alangaafi Abukaatoonni jechiicha sana kallattiidhaan yommuu itti fayyadamaani abbootiin dhimmaa yommuu rakkataan hubachuun danda'ameera. Fakkeeynaaf jecha Amaareeffaan "**ammaakiroo**" jedhu jechoota Afaan Ingilizii **"ofiseera", "annex"**kanneen jedhanafaan Oromoon jechi bakka bu'e waan hinjirreef, kallattiin jechichaatti yeroo fayyadaman abbootiin dhimmaa hubachuuf yommuu rakkatan hubachuun danda'ameera.

**Gabatee 10. Haala hubannoon jechoota seeraa hawwaasaaf kennaamu**

| **Abbootiin dhimmaa mana murtii dhufan jechoota seeraa karaan ittin baratan diriirefi jiraa?** | **Deebi lakk** | **%** |
|---|---|---|
| Eeyyeen | 29 | 80.56 |
| Lakkii | 7 | 19.44 |
| Ida'ama | 36 | 100 |

Akka odeeffannoo armaan olii irraa argame ibsutti, haalli abbootiin dhimmaa jechoota seraan wal qabatan ittihubannoo argatan akka jiruudha. Kanaafiis gaaffii dhiyaate keessaa %80.56 eeyyeen yeroo jedhan %19.44 immoo lakkii jechuun deebii kennanii jiru. Ragaan kun kan mul'isu Akka mana murtii Godiina WallaggaBahaaatti haalli abbootiin dhimmaa afaan seeraa kana irratti hubannoo itti argatan diriiree akka jiru odeeffannoon daawwannaa dhadachaafi afgaaffii irraa qarataan argate mirkaneessanii jiru. Gaaffii kana afgaaffii itti gaafatamtootaaf dhiyaateefi daawwannaa qorataan taasiseenn akka mana murtii Olaanaa Godiina wallaagga Bahaatti abbootiin dhimmaafi hawwaasni naannoo daawwannaa dhaddachaaf gara mana murtii olaanaa kanaa dhufan guyyaa kibxataa saa'atii lamaa hanga sadiitti yeroo hundumaa haala itti fayyaadama seeraa mana murtichaafi haala dhiyyeenya

dhadachaa, ittisa yakkaafi kkf galma mana murtichaa keessaatti barnoonniifi hubannoon seeraa nilaatamaaf. Karaa biraatiin midiyaatti gargaaramuun hubannoo seeraa kennamaa akka jiruufi kuniis, torbanitti al tokko sagantaan seeraafi ummata jedhuun darbaa akka jiru ibsaniru. Haata'u malee, hanga gandaatti karaan ittiin diriire akka jechoota siyaasaatti jechoonni seeraa gadi buusuun barsiisuun akka hinjirre afgaaffii taasifame irra hubatameera. Kanaaf, abbootiin dhimmaa hubannoo seeraa kan argatan yoo mana murtii dhufan qofaadha. Barruuleen dhimma kana irratti yeroo yeroon afaan Oromootiin qophaa'ee darbu hinjiru.

Gama birootiin dhimma kanneen irratti yeroo daawwannaa dhaddachaa gaggeefamu keessatti haala hubanneen, Caasaan sadarkaa gandaa jiru mataa isaatiitiin sababa hojiif mana murtii yeroo dhufu afaan seeraa kana akka fayyadamuufi karaa biroo hanga sadarkaa gandaatti haalli diriire akka hinjirre hubachuun danda'amee jira. Manni murtii hawaasummaa gandaa sadarkaa gandaa jiru labsii 128/1999 haadhaabatu malee

- Sirna dhaddachaa mataa isaanii akka hinqabne,
- Humna seera barateen akka hingaggeeffamane
- Leenjii gabaabaa dhimma seeraa akka hinqabanne yeroo dawwannaa hubachuun danda'amee jira.

Walumaagalatti ragaaleen bargaaffiifi afgaaffiin akkasumas, daawwannaa dhaddachaatiin argaman akka mul'isanitti karaan hubannoo seeraa abbootii dhimmaatiif mana murtii keessaatti qofaa kennamaan gahaa akka hintaaneefimanneen barnootaa walgahii hawwaasaa adda addaa, afooshaa adda addaafi manneen amantaa garaa garaa keessaatti waa'een itti fayyadama afaanii mana murtiifi hubannoon seeraa saganteeffamee barsiifamuu akka qabu qamoleen hawwaasaa afgaaffii gaafataman qorataaf yaada isaanii kennanii jiru.

Kanarraa hubachuun kandandaa'aamu dhimmi fayyadaama afaaniifi seerri waliitti dhufeenya guddaa waanqabaniif hawwaasni keenya bal'inaan hubannoo seeraafi ittifayyadama afaanii mana murtii wallaaluurraan kan ka'e:

- ❖ Abukaatoof gatii guddaa waangaafatuuf dhimma isaanii mana murtiitti geeffatanii haqa argachuurra rakkina isaanii waliinjiraatu.
- ❖ Qabeenyaa isaanii abukaatootti fixu.
- ❖ Malaammaltummaa irraa kankaa'e dhugaan isaanii dhokatee hafa. Kana jechuun dhimma isaanii ofii isaanii falmachuuf dandeettii fayyadaama afaanii waanhinqabneef, abukaatoo qacaraatu. Abukaatoon qacaratan immoo, harka wayyaajalaan himataa/himatamaa waliin waliigaluun dhugaa isaanii ukkaamsa jechuudha.
- ❖ Mirga isaaniif dubbatachuuf falmachuu sodaatu.

**Gabatee 11. Qajeelfama heera mootummaa haala fayyadaama afaan oromoo mana murtii keessaatti**

| **Afaan Oromoo dhaddacha ijibbaataa kan feederaalaa irratti akka hingaggeeffamne qajeelfamni daangeessu jiraa?** | **Deebi lakk** | % |
|---|---|---|
| Eeyyeen | 28 | 78 |
| Lakkii | 8 | 22 |
| Ida'ama | 36 | 100 |

Akka ibsa Gabatee (11) armaan olii irraa agarutti %78 Eeyyeen qajeelfamni dhorkaa jira yeroo jedhan odeeffnnoo kennitooni %22 ta'an immoo qajeelfamni daangeessu akka hinjire ibsu. Odeeffannoo kennitooni haala itti daanga'uf sababoonni kaasan Afaan hojii mootummaa Federaalaa afaan Amaaraa waan ta'ef dhaddacha ijibbaataa Federaalaa irratti afaan Oromoon gaggeessuu akka hindanda'amne ka'u kanaafis Heera Mootummaa Rippabliika Dimookraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa keewwata 5 lakk. 2 irratti "Afaan Amaaraa qooqa hojii mootummaa Feedraalawaa ta'a." jedha. Kanaaf, afaan Oromootiin dhddacha ijjibbaataa gaggeessuun hindanda'amu yeroo jedhan, Odeeffannookennitooni qajeelfamni daangeessu hinjiru jedhan immoo, Abbootii seeraa Oromoo ta'anii Afaan

Amaaraa dubbachuufi barreessuu danda'an mana murtii ijibbaata Federaalaatti qacaruun kanneen ubbattoota Afaan Oromoo ta'an afaansaaniitti fayyadamuun dhadacharraatti falmii akka gaggeessan gochuun murtoo kennamu afaan Amaaraan akka darbu gochuun waandanda'amuufwanni daangeessu hinjirru jedhu. Afgaaffii hogantoota adda addaatiif dhiyaateen immoo kun Heera Motummaa  Naannoo Oromiyaa wajjiin akka walitti bu'u ibsu. Kuniis, Heera Mootummaa Naannoo Oromiya kewwata 64 waa'ee gurmaa'insaafi aangoo manneen murtii ilaalchisee lakk. 2 qubee (a) jalatti "dhimmoota naanicha keessaa ilaalchisee aangoo ol aanaafi isa dhumaati jedha.Murtiin manni murtii waligala Oromiiyaa kennuu kan dhumaati jedha." kanaafi ijibbaata irratti ijibaanni hinbaarbaachisu jedhu. Karaa birootiin sababa dhaddacha ijibaata Federaalatiin ummanni hiikkoo afaanii galmee baay'ee guddaa ta'e tokkoofi baasiwwan humnaa ol ta'ef saaxilama jechuun ibsu. Kan dhimma seeraan walqabatu ogeessoota seeraatiif dhiisuun qorataan akka afaanii qofatti rakkoolee jiran faloo kan barbaadan ta'u agarsiisa.

## 4.5. Qaaccessa odeeffannoo Abbootii dhimmaarraa argamee

**Gabate 12 A- C.  Itti Fayyadama Afaanii abbootii dhimmaa.**

| | **Dhimma keessan mana murtiitti afaan kamiin dhiyeeffattu?** | Deebi lakk | % |
|---|---|---|---|
| 12A | Afaan Oromoo | 48 | 80 |
| | Afaan Amaaraa | 12 | 20 |
| | Kan biroo | - | - |
| | Ida'ama | 60 | 100 |
| 12B | **Fayyadama afaanii Mana Murtiitti qabdan wantooni daangeessan jiruu?** | | |
| | Eeyyee | 47 | 78 |
| | Lakkii | 13 | 22 |
| | Ida'ama | 60 | 100 |
| 12C | **Haala itti fayyadama Afaanii mana murtiitti qabdan haala kamiin madaaltu?** | | |
| | Baay'ee gaarii | 21 | 35 |
| | Gaarii | 23 | 38 |
| | Xiqqaa | 16 | 36 |
| | Ida'ama | 60 | 100 |

Akkuma Gabate 12A irraa hubachuun danda'amutti abbootiin dhimmaa mana murtiitti olaanaa Godiina Wallaagga Bahaatti dhimma isaanii dhiyeefatan lakkoofsi isaanii % 80 ta'an Afaan Oromoo yeroo jedhan lakkoofsi isaanii %20 ta'an immoo, Afaan Amaaraa jechuun deebisanii jiru. Gabate kana irraa akka agarutti dhimmooni mana murtiitti dhiyaatan harki caalaan Afaan Oromootiin akka ta'ehubachuun danda'ameera. Sababiin isaa immoo, Tokkoffaan, manneen murtii Oromiyaa afaan hojii isaanii Afaan Oromoo akka ta'u Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa keewwata 5 Afaan Hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Afaan Oromoo ta'ufi kan barreefamus qubee Afaan Oromootiin jedha.

Gama birootiin Labsiin Manneen Murtii Oromiyaa irra deebi'anii hundeessuuf bahe labsii 141/2000 lakkoofsa 14 lakkoofsa xiqqaa 1 jalatti "*Afaan Hojii Manneen Murtii Oromiyaa Afaan Oromoti*" jedha. Bu'ura kanaan dhimmooni barreefamaaniis ta'e falmiin afaanii ittigaggeeffamu akkasuma dhimmi kamiyyuu mana murtiitti dhiyaatu Afaan Oromoon ta'u waan agarsiisuufidha. Haaluma kanaan kanneen %20 ta'an immoo afaan Amaaraa sababiin jedhaniif akka qorataan odeeffannoo daawwannaa dhadachaafi afgaaffiin dhiyyaate irraa argateen mirga sabaafi sablammoota godiiniicha keessa jiraatan eeguuf jecha kanneen saba biro ta'anhimaata barreeffamaa afaan Oromoon kan dhiyyeeffatan ta'ee falmii dhadachaa irraatti Afaan Amaaraan akka fayyadamaani waan ta'eefi.

Gama biroon, gabatee (12B) jalatti "Itti fayyadama Afaan Mana Murtiitti qabdan wantooni isiin daangeessan jiruu?" jedhamee gaaffilee ka'ef deebistooni %78 ta'an eeyyeen yeroo jedhan deebistooni %22 immoo lakkii jechuun deebisanii jiru. Odeeffannoo argaame kanarraa hubachuun kandandaa'aamu, abbootiin dhimmaa baayyeen isaanii fayyadaama afaanii mana murtii kanaa irraatti akka rakkaatan kan agarsiisuudha.Akka Odeeffonnoon afgaaffiifi daawwannaa dhaddachaa irraa argame agarsiisuutti fayyadaama afaanii isaanii mana murtii wantoonni dangessan: Hubannoo seeraa dhabuu; muuxannoo gahaa dhabuu; looga abbootiin seeraafi Alangaa fayyadaman hubachuu dhabuu; jechoonni seeraa Abbootiin Seeraafi Alangaa fayyadaman tokko tokko afaan biroon kanwalmake ta'uufi kkf akka ta'e hubachuun danda'ameera.

Karaa birootiin madaallii itti fayyadama Afaan Oromoo mana murtiitti qabaniif Gabatee (12C) dhiyaateef irratti deebistooni %35 baay'ee gaariidha yoo jedhan%38 immoo gaariidha akkasuma %27 xiqqaadha jechuun deebisanii jiru.

Egaan odeeffannoon gabatee armaan olii irraa argaame kun abbootiin dhimmaa mana murtii olaanaa Godiina Wallaaga Bahaatti gargaaraman madaallii isaan fayyaadama afaanii isaaniif qaban gaarii akka ta'e kanmul'iisu ta'uus, ammas fayyadaama afaanii kana naannoo mana murtiitti jiru fooyyessuuf wantoonni baayyeen qaamoota garaa garaa biraa hojetamuu qaban akka jiru ni agaarsiisa.

**Gabatee 13. Madaallii hubannoo jechoota Seeraa odeffannoo bargaaffiirraa argamee**

| **Jechoota** | **Sirritan hubadha** | | **Giddugaleesa a hubadha** | | **Hubachuf natti cima** | | **Ida'a ma** | **Pars antii** |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % | Lakk | % |
| Keezii | 17 | 47 | 31 | 51.7 | 12 | 20 | 60 | 100 |
| Fitaabeerii | 15 | 25 | 36 | 60 | 9 | 15 | 60 | |
| Abukaatoo | 38 | 63 | 12 | 20 | 10 | 16.7 | 60 | 100 |
| Dubbii fixaa | 13 | 21.7 | 14 | 23.3 | 33 | 55 | 60 | 100 |
| Jecha kakuu | 26 | 43 | 17 | 47 | 17 | 47 | 60 | 100 |
| Amakiroo | 7 | 11.7 | 19 | 31.7 | 34 | 56.7 | 60 | 100 |
| Turtiiyeroo( yirgaa) | 24 | 40 | 25 | 41.7 | 11 | 18.3 | 60 | 100 |
| Rogummaa | 11 | 18.3 | 9 | 15 | 40 | 66.7 | 60 | 100 |
| Sanada | 21 | 35 | 15 | 25 | 24 | 40 | 60 | 100 |
| Dhoorka | 32 | 53.3 | 20 | 33.3 | 8 | 13.3 | 60 | 100 |
| Dhaddacha (Chilooti) | 35 | 58.3 | 16 | 26.7 | 9 | 15 | 60 | 100 |
| Gaaffii Qaxaamuraa | 48 | 80 | 8 | 13.3 | 4 | 6.7 | 60 | 100 |
| Xalayaa waamichaa | 57 | 95 | 3 | 5 | - | - | 60 | 100 |
| Adabbii salphisuu | 28 | 46.7 | 13 | 21.7 | 19 | 31.7 | 60 | 100 |
| Adabbii cimsuu | 39 | 65 | 17 | 28.3 | 2 | 3.3 | 60 | 100 |
| Ol iyyannoo | 43 | 71.7 | 17 | 47 | - | - | 60 | 100 |
| Turjumaana | 19 | 31.7 | 11 | 18.3 | 30 | 50 | 60 | 100 |
| Ida'ama | 473 | 46.4 | 293 | 29 | 262 | 26 | 60 | 100 |

Akka odeeffannoon bargaaffii Gabatee (13) armaan olii ibsuutti abbootiin dhimmaa Jechoota seeran walqabataanii naannoo mana murtiitti dubbataman ilaalchisee jechoota sirritti hubatan, gidugaleessaan hubataniifi hubachuuf itti cimu tokko tokkoon madaalanii lafa kaawwanii jiru. Gaaffii dhiyaateef irraa baay'inni deebiistooni %46.4 jechoota kana sirritti akka hubataniifi deebistoonii %29 ta'an immoo jechoota kana giddugaleessaan akka hubatan ibsu. Gama birootiin deebii kennitoonii %26 ta'ani immoo jechoota kana hubachuuf akka itti cimu kaasu. Odeeffannoo argame kana irraa kanhubatamu danda'u akka mana murtii olaanaa Godiina Wallaagga Bahaatti abbootiin dhimmaa naannoo mana murtii dhufan haallii jechoota seeraa beekanii ittifayyadamani gaarii ta'us haala hawwaasa naannoo sanaa mara fayyadamaa taasiisuutti fayyadama afaanii mana murtiifi jechoota seeraa hawwaasa hubachiisuurraatti hojiin hojetamaa jiru laafaa ta'uufi gama kanaan mana murtii olaanaa Godiina wallagga bahaarras ta'e, qaamolee seeraa olaanoo ta'an irraa hojii guddaan akka eegamu odeeffannoon argame kun ifaatti mul'isee jira. Gaafannoo kana jalatti sababoota sirritti hubatani, giddugaleessaan hubatanifi hubachuuf maaliif akka itti cimu gaafatamanii deebii laatan irraa hubachuu akka dana'ameetti, warrii jechoota kana sirrrittifi gidugaleessaan hubanna jedhan sababoota himatanii, himatamaniifi ragaa ta'ani mana murtiitti dedebi'u isanitiin akka hubachuu danda'aniifi altakka takka oolmaa dhadachaa daawwachuuf mana murtiitti goruun achumaan jechoota seeraa hedduu akka barataniifi qophii seeraa TV OBN irraan tamsa'u waan hordofaniif achirraan hubannoo akka argataani ibsanii jiru. Deebistooni hubachuuf nutti cima jedhan immoo warra reefu gara mana murtii dhufaa jiraniifi jechoota kunniin beekuuf carraa tokkollee kan hinargatiin ta'uu ibsanii jiru.

Kun kan agarsiisu jechooni mana murtii yeroo baay'e kan barataman naannoo mana murtii dhimmaaf yoo dhaqan ta'uu agarsiisa. Kun immoo dhibbaa guddaa qaba. Fakkeenyaafgaaleewwan "Gaaffii qaxxaamuraa", "Gaaffi keessa deebbii", "Gaaffii qulqulleeffannaa" kanneen jedhan kana abbootiin dhimmaa kan hinbeekne henna ta'an dhaddachaarraatti baayyee rakkaatu. Kun immoo, haqa qaban jechoota seeraa wallaaluurraa kanka'e otuu hin argatiin hafu jechuudha.

Kana kan nuuf mirkaneessu qorataan wayiita dhaddaacha seenee daawwachaa tureetti abbaan dhimmaa tokko yakka yaalii ajeechaan himatamee raagoleen dhiyyaatanii raga

wayiita irraatti bahaa turaniitti Abbaan seeraa jecha ragoolee sanarraatti “gaaffii qaxxaamuraa qabdaa?” jedhee himatamaan akka gaafatuuf wayita carraa kennuuf gaalee kana hubachuu dhabuu irraan kankaa’e yaada biraa yoo kaasu abbaan seeraa dhaabsisee murtoo cimaan itti keennamee jira. Kanarraa kanhubachuun dandaa’aamu hawwaasni keenya naannoo baadiyaarraa himatanii yookan immoo, himatamanii gara mana murtii dhufan baayyeen isaanii abukaatoo qacarachuuf diingdeen kanisaan daangessuufi fayyadama afaanii naannoo mana murtii wallaaluurraa kankaa’e baayyee miidhamoo akka ta’an odeeffannoon argaame ni ibsa. Karaa biraatiin immoo,jechoota “adabbii salphisuu’ fi ‘adabbii cimsu’ yoo ilaallee abbaan dhimmaa tokko himatame murtiin yeroo ittimurtaa’u abbaan seeraa yaada adabbii yeroo gaafatu dhimmoota addabbii isaaf salphiisu yoo beekuu baate hinkaasu kanaaf, jechoota sana walaaluu isaatti adabbiin itticima jechuudha.

Walumaagalaatti akka mana murtii Olaanaa Godiina wallaagga Bahaatti haalli abbootiin dhimmaa dhaddaacha seenuun dura hubannoo jechoota seeraa itti argatan sagantaan ifaatti diriiree jiru jiraatus, bal’aa kanhintaaneefi namootuma dhimmaaf mana murtii deeman qofaaf kandhiyyaateedha. Kanaan immoo, hawwaasa bal’aa barsiisuun yookan hubachiisuun waanhindanda’amneef itti yaadamuu qaba. Dhimmi inni biroon immoo, manni murtii hawwaasummaa Ganda baadiyaa kangaggeeffamaa jiru namoota seera barataniin yookan immoo leenjii seeraa fudhatanii osoo hintaane, akkasumaan namoota muuxannoo qabu jedhamanii yaadamaniin waanta’eef ,hawwaasni keenya bal’aan naannoo baadiyaa jiraatu wayita gara mana murtii yeroo dhufu akka rakkaatu qorataan wayiita afgaaffii hawwaasa gaafatu odeeffannoon argate ibsee jira. Kanaafuu qaamni dhimmi isaa ilaallatu itti yaaduu akka qabu ibsa.

# BOQONNAA SHAN (5)
# CUNFAAFI YAADA FURMAATAA

Boqonnaa kana jalaatti cunfaa, argannoofi yaboo qorannichaa  meeshaalee funaansa ragaa garaa garaatiin waliitti qabamanii xiinxaala adda addaa keessa darbanii hiika sirrii argataantu  cunfamee dhiyaata. Kuniis, hojii qorannichaa irratti hundaa'uniifi yaadoota ka'an bu'ureeffachuun kan raawwatamu ta'a. Kana malees, haaloonni ittifayyadama afaan Oromoo mana murtii keessa jiran maal akka fakkaataniifi adeemsa qorannichi keessa darbe cunfaa keessatti ibsama. Itti aansuun argannoo qorannichaafi yaadi furmaataa duraa dubaan dhiyaatanii jiru.

## 5.1. Cuunfaa

Qorrannichi boqonnaa shanitti qoqqoodamee kan dhiyaate yeroo ta'u, boqonnaa tokko keessatti Afaan haala jiruufi jireenya dhala namaa keessaatti gahee olaanaa taphachaa jiraachuufi dhala namaatiif riqiicha tokkummaa, hundee jireenya isaa, mallattoo eenyummaa isaafi ibsituu aadaa isaa ta'uufi erga afaaniitti fayyadamuu jalqabee jireenya isaa guyyaadhaa gara guyyaatti fooyyeffachaafi jijjiirama bu'uuraa argisiisaa jiraachuu bal'inaan ibsamee jira. Fayyadaamni afaan isaaniis garee garaa garaa biraatti adda adda ta'uufi gareewwan kunis sirna fayyadama mataa ofii qabaachuu ibsamee jira. Kanarraa ka'uun qorataan fayyadaama afaanii mana murtii qorachuuf maaliif akka dirqamellee,matadureema kana jalaatti ibsamee jira.Kaayyoon qorannoo kanaas itti fayyadama afaan Oromoo haala mana murtii OlaanaaGodiina Wallaaga Bahaa maal akka fakkaatu qaacceessuun rakkoolee dhimmoota itti fayyadama afaanii waliin wal qabataniifiafaan seeraa waliin hidhata qabaniifi dhiibbaa jijjiirraan murtee fudhachuufi dabarsuu irraatti qabu furmaata kaa'uf akka gaggeeffamu ibsameera.

Boqonnaa lama keessatti yaada rimeewwan ittifayyadama afaanii waliin wal qabataniifi sakatta'i barruu aantee gaggeeffameeera. Kuniis, yaadawwan maalummaa afaaniifi faayidaa afaanitiin hidhata qabaniin yeroo ilaalaman sakatta'a barruu aantee keessattiis qorannoowwan kanaan dura sadarkaa digirii jalqabaafi eebba booda mata duree kana waliin

hidhata qaban, itti fayyadama afaan dhaabbileefi iddoowwan adda addaatti hojjataman ilaaluuf yaalameeera.

Malli iddattoofi meeshaalee funaansa ragaa boqonnaa sadi keessatti qindaa’era. mala qorannoo ammamtaafi akkamtaatiin fayyadamuun qaamolee barbaachisoo ta’an hirmaachiseera. Isaaniis, qaamolee haqa mirkaneessan soddomii jahaafi himataa, himatamaafi ragaa jaatama mala carraafi akka jiranitti fudhachuun hojiirra oolee jira. Dhimma kana galmaan ga’uf meeshaalee funaansa ragaa adda addaa hojiirra oolanii jiru. Kunis, bargaaffii, afgaaffii, daawwannaafi sakatt’a dokmantii adda addaatti. Bargaaffiin qaamolee haqa mirkaneessaniifi abbootii dhimmaa mana murtii dhufaniif rabsameera. Akkasumas, af-gaaffiin itti gaafatamtoota waajjiraa afur waliin taasifamee jira. Qabxiilee daawwannaaf qophaa’en dhaddacha yeroo hedduu gaggeessuunifi sakkatta’i kitaabilee seeraa taasifamee jira.

Qaaceessi ragaalee boqonnaa afuur jalaatti kandhiyyaate yoota’u ragaaleen meeshaalee funaansa raga adda addaan argaman mala isaaniif ta’uun xiinxalamanii dhiyyaatanii jiru. Dhimmoonni waligalaan qaacceessi irratti gaggeeffames, adeemsa hojiifi ittifayyadama afaan Oromoo mana murtii, itttifayyadama afaanii qaamoolee haqaafi abbootii dhimmaa, rakkoolee ittifayyadama afaanii naannoo mana murtii, jijjirraa afaanii, kitaabolee seeraafi dhiibbaalee fayyadaama afaanii mana murtiirraatti gahaniifi murtee kennuufi fudhachuurraatti dhiibbaa taasisan kanneen jedhan giddugalleessa godhachuun qaacceessuuf yaalameera.

## 5.2. Argannoo qorannichaa

Qaacceessa ittifayyadama Afaan Oromoo haala mana murtii Olaanaa Godiina Wallaaga Bahaa xiinxaluuf bargaaffii, afgaaffii, daawwannaa dhaddachaafi sakatta'a dookimantii gaggeeffame bu'ura godhachuun argannoowwan qorannichaa akka armaan gaditti dhiyaatanii jiru.

- ❖ Adeemsa fayyaadaama Afaanii Mana murtii keessaatti fayyadaamni afaan dubbii agarsiiffannaa ragaa irraa jalqabuun isaa beekamaadha. Kun immoo haalaan itti gargaaramnaan haqa mirkaneessuu keessaatti ifaajee xiqqeessuu akka danda'uufi yakka ittisuu irraatti gahee olaanaa qabaachuu.
- ❖ Fayyadaamni afaanii "*Abbaa seeraafi Abbaaalangaa"* jedhan sirnoota darban bara olaantummaan dhiiraa qoofti bakka maraatti waamamuufi hojiin dubartootaa **gorroooliitti** jedhamaa ture sana kanitti fayyadamaa turaame sanaatu, har'aas bara walqixxummaan koorniyaa dagaage kana keessa fayyadaama afaanii dhiirotaaf moggaafameen dubartoonni waamamaa jiraachuun ilaalcha ammayyuu dhiibbaan dubartootarra ture qullaa'ee hinxumuramne jedhu hawwaasa keessaatti kaasaa jiraachuu.
- ❖ Akka labsiin lakkoofsa 46/1994 keewwata 5 bahe ibsuutti "Afaan hojii manneen murtii Oromiyaa Afaan Oromoo ta'uu qaba."Jedha. Haataa'u malee, faallaasaatiin Kitaabileen seeraa, dandbiiwwaniifi labsiiwwaan tokko tokko Afaan Amaaraan kanneen sirna darbaan keessa bara afaan Oromoo hacuuccaa jala ture maxxanfaman yeroo ammaa manneen murtii Oromiyaa keessa tajaajila kennaa jiran waan ta'eef, murtee haqa qabeessa dabarsuu irraatti rakkoon gurguddaan jiraachuu.
- ❖ Mana murtii keessaatti qaamoleen haqaa murtee haqa qabeessa dabarsuu irraatti waantoota danqaa ta'uun hawwaasni mana murtii irraa fayyadamaa akka hintaaneefi amanamummaa akka irraa hinqabaanne kanneen taasisan: Kitaabilee seeraa sirna durii keessa afaan Amaaraan maxxanfaman, lakkoofsoota **Gi'iizii** kitaabilee kunneen keessaatti barreeffamanii jiraniifi kkf. Yommuu ta'an,qaamoleen haqaa kitaabilee kunniiniin deeggaramuun murtee haqa qabeessa dabarsuuf kanrakkataani ta'uu.

- Dhimmi kitaabilee seeraa kun immoo, hawwaasa keessaatti ammayyuu dhiibbaan afaan Oromoorra ture har'aas mataa dhokfatee sekteroota muraasa keessa jira ilaalcha jedhu uumaa jiraachuu.
- Wantoonni fayyaadaama afaanii mana murtii irraatti dhiibbaa taasiisan kanneen akka: Aadaa/barsiifaata hawwaasaa, safuu hawwaasaaa, haala abbaan dhimmaa keessa jiru, miira abbootiin dhimmaa keessa jiraan, ilaalcha dhuunfaa, looga naannoofi kanneen kana fakkaatan murtee haqa qabeessa dabarsuufi fudhachuu irraatti dhiibbaa olaanaa taasisuu.
- Akka mana murtii olaanaa Goodiina Wallaaga Bahaatti namni Turjumaanaan/Hiiktuu afaanii ta'ee hojechaa jiru nama afaan baraate kanhintaaneefi waa'ee jijjiirraa sirriitti kanhinbeekne waanta'eef, namoota afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti fayyadamaa jiraniifi qaamolee haqaa gidduu walamantaan akka hinuumamneefi murtee haqaa dabarsuufi fudhachuu irraatti rakkoon uumamaa jiraachuu.
- Namoonni dhimmi isaanii sababa adda addaan mana murtii olaanaafi jalaatti ilaalamuu hindandeenyeefi namoonni sabaaba malaamaltummaan, rakkoo gahuumsa abbotii seeraaniifi kkfn haqi isaanii seeraan ala isaanjalaa ukkanfamee seeraan ala murtoo dogoggoraa fudhatanii dhimma isaanii gara mana murtii ijibbaata Federaalaatti olfudhachuuf fedha qabaatanii hataa'u malee, rakkoo jijjiirraa afaanii irraa kankaa'e rakkoo keessa jiraachuu.
- Jijjiirraan naannoo mana murtiitti gaggeeffamaa jiru bu'aan isaa baayyee gadaanaa ta'uu. Sababiin isaa:
    - Jijjiirraan naannoo mana murtiitti gaggeeffamaa jiru ogeessa afaaniin osoo hintaane nama seera barate qofaan ta'uu.
    - Namni jijjiirraa afaanii raawwatu kun ogeessa jijjiirraa waan hinta'iiniif jijjiirraan raawwatamaa jiru: Seera afaanii eeguun kanraawwatu ta'uu dhabuu; qubee sirriin barreeffamuu dhabuu; Ergaa afaan maddaa irraa gara afaan jijjiirraatti darbuu malu dabarsuu dhabuufi kkf.
    - Rakkoolee kunniin irraa kankaa'e hawwaasni murtee haqaa argachuurraatti rakkoo adda addaaf saaxilamaa jiraachuu.

- Abukaatoonni mootummaas ta’e dhuunfaa dhimma(case) akkasii fudhatanii hawwaasa keenya gargaaruuf fedha dhabuu.

- ❖ Akka mana murtii Olaanaa Godiina Wallaaga Bahaatti Manni murtichaa: Hawwaasa naannoof xiyyeeffannoo kennuun bakka hawwaasni hedduun argamu: Manneen barnootaa, afooshaalee, walga’ii uummataafi manneen amantaa garaagaraatti argamuun fayyaadaama afaanii mana murtiirraatti hubannaa hawwaasaaf kennuu dhabuufi gara fuula duraattis kennuuf karoora isaanii **bara2012** keessa kan hinjiirre ta’uu.
- ❖ Namoonni baayyeen fayyadaama afaanii mana murtii walaaluun himaata erga jalqabanii otuu haqa qabanii dhimma isaanii kanaddaan kutan baayyee ta’uu.

## 5.3. Yaada Furmaataa

Qorataan bu'a bahii hedduu keessa darbuun odeeffannoo meeshaalee garaa garaan sassaabbate gadi taa'ee xiinxaluun argannoowwaan armaan oliitti tarreeffaman argachuun isaa beekamaadha.Haaluma kanaan argannoowwan kanneen bu'ura godhachuun ittifayyadama afaan Oromoo mana murtii keessatti maal akka fakkaatufi dhiibbaawwan fayyadaama afaaniirraan gahuun murtee dabarsuufi fudhachuurraatti dhiibbaa taasisan, argannoo keessatti ibsamanii jiru. Rakkoowwan argaman kana maksuun gara fuula duraatti hawwaasni rakkoo tokko malee mana murtiitti fayyadamuun haqa isaa akka hindhabneef yaada furmaataa kaahuun barbaachisaa waanta'eef qorataan akka armaan gadiitti kaa'ee jira.

- Hubannoo fayyadaama afaanii mana murtiirraatti hawwaasni qabu gad-aanaa waanta'eef, qaamoleen haqaa sadarkaa sadarkaadhan jiran martii hojii idilee isaanii bukkeetti sagantaafi karoora baafachuun jalqabbii uumaama yakkaatii kaasee hanga mana murtiitti jiru irraatti bakka waliitti qabaama uummataa, miidiyaa uummataafi kkf. Fayyadamuun hubannoo gadi fageenyaa kennuu.

- Fayyadaama afaanii dhuga baatii (kakuu) kan aadaa yakka ittisuufi haqa baasuu keessaatti gahee olaanaa qabaachaa ture, yeroo ammaa kana sababoota adda addaan hawwaasa keessaa badaa jiru deebisanii dhaabuu irraatti hojii bal'aa hojechuu.

- Fayyadaamni afaanii mana murtii keessaatti "*Abbaa seeraafi Abbaa Alangaa*" jedhan walqixxummaa koorniyaa gaaffii kaasaa waanjiruuf, karaa biraa hawwaasa keessaatti dhiibban gama fayyaadaama afaaniin dubartootarraan gahaa ture ammallee mana murtii keessaatti hiika hinargaanne ilaalcha jedhu kaasaa waan jiruuf Seeraa Inistitiyuutiin Leenjii Qorannoo Oromiyaa hayyoota afaanii hirmaachisuun jechoota kan akkaataa walqixxummaa koorniyaa eeganiin bakka buusuu.

- Manneen murtii Oromiyaa murtii haqa qabeessa dabarsuufi tajaajila kennamurraatti hawwaasa fayyadamaa taasisuuf kitaabileen seeraa gaheen isaanii olaanaa ta'uun beekamaadha.

Haataa'u malee yeroo ammaantana akka qorannoon kun ifa baaseetti yoota'e, kitaabileen seeraa manneen murtii oromiyaa keessaatti ogeessoonni seeraa haqa mirkaneessuuf itti gargaaramaa jiran kitaabilee bara afaan oromoo hacuuccaa jala ture barreeffaman waan ta'eef, Inistitiyuutiin Leenjii Qorannoo Oromiyaa hayyoota afaanii, abbootii qabeenyaa quuqaama lammii qaban, dhaabbata miti mootummaa dhimma akkasiirraatti hojetaniifi kkf hirmaachisuun kitaabilee kana gara afaan oromootti jijjiiruun maxxansiisuu.

- Akkuuma beekama eddoowwaan jijjiirraan afaanii bal'inaan gaggeeffamu keessaa naannoon mana murtii isa tokko ta'uun isaa beekamaadha. Mana murtii keessaatti jijjiirraan afaanii mana murtii jalaatii kaasee hanga mana murtii ijibbaata oromiyaatti sadarkaa barreeffamaati hanga sadarkaa dubbiitti raawwataa akka jiru qorataan daawwannaa dhaddachaa taasisaa tureefi sakattaa'a dookomentii taasisaa tureen mirkaneeffatee jira. Haata'u malee, jijjiirraan adeemsifamaa jiru kun tasumaa seera jijjiirraafi ulaagaa jijjiirraa eeguun ogeessa afaaniin kantaasifamaa jiru waan hintaaneef hawwaasarraan dhiibbaan geessisaa jiru salphaa akka hin taane argannoo qorataa keessaatti ibsamee jira. Kanaafuu, Inistitiyuutiin Leenjii Qorannoo Oromiyaafi Mootummaan Naannoo Oromiyaa:

- Jijjiirraan afaanii naannoo mana murtii keessaatti taasifamu tokkoofi tokko ogeessa afaaniin qofa akka raawwatu taasisuu.

- Turjumaanni(hiiktuun afaanii) naannoo mana murtii keessaatti hojeetu nama afaan baraate qofa taasisuu.

- Labsiiwwaniifi danbiiwwan jalqaaba bahan bara afaan Oromoo hacuuccaa jala ture waanta'eefi Sabni Oromoo saba bal'aa waanta'eef, labsiiwwaniifi danbiiwwan kana haaressuun afaan Oromoo dhaddaacha ijibbaata Federaalaarraatti afaan hojii akka taa'u gochuu.

## Wabiiwwan


Abiy Zegeye, and. (et al.). (2009)**.** *Introduction to Research Methods*: Preparatory Module for Addis Ababa University Graduate Programmes, Graduate Studies, and Research office AAU.

Addunyaa Barkeessaa. (2010).*Natoo*:*Yaadrimee Caasluga AfaanOromoo*. Finfinnee:Mega Printing Press.

Addunyaa Barkeessaa. (2011) *Sanyii*: *Jechaafi Caasaa Isaa*. Finfinnee: Alem Printing Plc

Antilla,R. (1972).*An Introductionto Historicaland Comparative Linguistics* Macmalain Published Co. New York.

Atkins et al, T. (1996). *Skills development methodology-II*. Adds Ababa: AAU

Ayub Esma`el. (2008*).“Language Use of the Jamaican and Rastafarian Community in Shashamane A Sociolingustical Study”MA Thesis*. Addis Ababa University.

Baily, D. (1994). *Methods of Social Research***.** (ed). New York: The Free Press.

Baxter,R.(1983). “*The Problem of the Oromo the Problem for the Oromo?”*in I.M.

Lewis(ed.) Nationalism and Self Determination in the horn of Africa.

Loondon:Ithaca Press.

Bahru Zewude. (2002). The challenge of Democracy from below: Prented in sweden by Elanders Gotab, Stockholm.

Bender,ML.et al.(1976). Language in Ethiopia.London:University Press.

Best, J. (1981). *Research in Education*: New Delhi. Prentice Hall Inc**.**

Bovee,C.andArens,W. (1989). *Contemporary Advertising Chicago*: IrwinHom Wood. Illinois.

Caffee Oromiyaa. (1994). *Seera Mootummaa Naannoo Oromiyaa*. Finfinnee: Mana Maxxansa Gutenbergi.

Caffee Oromiyaa. (1996). *Seera Maatii Naannoo Oromiyaa*. Finfinnee:

Caffee Oromiyaa. (1999). *Labsii Mana Murtii Hawaasummaa Gandaa*. Finfinnee.

Caffee Oromiyaa. (2000). *Labsii Mana Murtii Oromiyaa Hundeessuuf Bahe* Lakk. 141/2000. Finfinnee.

Clark, H. (1996). *Using Language*. Cambridge: Cambridge University Press.

Cooper, L, R. and Carpenter, S. (1976). "*Language in the Market*" In Bender, M.L. etal. (eds.) Language in Ethiopia. London: Oxford University Press, 244-255.

Cooper, L, R. and Nahum, F. (1976). "*Language in the Court"*. In Bender, M.L. etal. (eds.) Language in Ethiopia. London: Oxford University Press, 256-263.

Cooper, L, R. etal.(1976). "*Mother Tongue and Other Tongue in Kefa and Arsi"*. In Bender, M.L. etal. (eds.) Language in Ethiopia. London: Oxford University.

Cooper, L. and Horvanth, R. (1976). *"Language Migration and Urbanization.*" In: Bender, M.L etal. (eds). Language in Ethiopia. London: Oxford University Press.

Cooper, R. (1976). *The Study of Language Use*. In M.L. Bender, J.D. Brown, R. L. Cooper, and C.A.Ferguson(eds.), Languagein Ethiopia. London:Oxfird University Press.

Cotterill,J.(2003).*LanguageandPowerin cour*t:A Linguistic Analyis of the O.J.Simpson trial. Palgrave Macmillan:New York.

Coulmas, F. (1997). *The Handbook of Sociolinguistics*. UK: Blackwell Publishers.

Crystal, D. (1997). *A dictionary of Linguistics and Phmetics*, *4th ed*. Oxford, UK: Black Well.

Crystal,d.(1997).*The Cambridge Encyclopedia of Language*. Great Britain: Cambridge University Press.

Crystal.D.(1987). *The Cambridge's Encyclopedia of Language. Cambridge*: Cambridge University press.

Daniel,J.P.(2000).*Translation. University of cd. Del Carmen*, Campeche, Mexico. Retrieved on November 18, 2011, http:// translation directory. Com/ article 414. Htm.

Dastaa Dassaalany. (2002). *Bu'uura Qorannoo*. Yuunivarsiitii Addis Ababaa: Finfinnee.

Donald donham.(1999). *Southern Marches of Imperial Ethiopia*: Essays in History and Social Anthropologyby . Cambridge University Press.

Faircllough, N. (1992 ). *Discourse and Social change*. London: Black Well Publishing Ltd.

Finch, G.(2003). *How to Study Lingustics: A guide to Understand Language* (2nd ed.). Great Britain: Palgrave Macmillan.

Fishman, J. A. (1971). *"The Relationship between Micro- and Macro – Sociolinguistics inthe Study of Who Speaks what Language to Whom and when"*. In Pride, J. Brork: Oxford University Press.

Fishman. (1972a). *Advances in the sociology of Language Mouton and Co*: the Hague..

Gadaa Melbaa. (1988). *Oromia*: An Introduction. Khartoum, Sudan.

Galmee Jechoota Afaan Oromoo, (1996). *Wirtuu*: Qo'annnoof Qorannoo afaanoota Itoophiyaa Yunbarsitii Finfinnee.

Gammachiis Zewudee. (2008/2016). *Xiinxaala Haasbarruufi Fayyadaama Afaan Oromoo Mana murtii Aanaa Hidhabuu Abootee.* Yuunveersiitii Addis Aababaa (Kanhin maxxanfamiin).

Geetaachoo Rabbirraa. (2004). *Furtuu: Seerluga Afaan Oromoo*. Finfinnee: Mana Maxxansa Meeggaa.

Geetaachoo Rabbirraa.(2006). *Furtuu*: Seerluga Afaan Oromoo. Fifinnee: kuraz Intnl.

Gibbons,J.(2001).*Language and Law*, in Daves. A and Elder, C, Appliide Linguistics.UK: blakwell Peblishing Ltd.

Graagg. G. (1976). *Oromo of Wallaga in The Non Semitic Language Of Ethiopia*: Ed. Ml

Bender, pp. 166-195. East Lansing. Michigan state university press.

Grewendort, G.and Rathert, M.(2009).*Formal Linguistics and the Law*: Trends in Lingustics. Walterde Gruyer: Berlin.

Gudykust, W. and Kin, Y. (2003). *Communicating with Strangers an approach to intercultural Communicatio*. New York: McGraw Hill.

Heutger,V. (2003). *Law and Language in theEuropean Union:* Journal of Multilingualism 7,3:11.

Holmes, J. (1992). *An Introducation to Sociolingustics*. London and New York: Longman.

Holmes. (1972). *Sociolinguistics.* USA: Penguin Books.

Hudson, R.A. (1980). *Sociolinguistics.* Cambridge: Cambridge University Press.

Jupp, Victor. (2006). *The Sage-Dictionary Of Social Research Methods*. London: Pine Forge press.

Kothari C.R., (2010), *Research Methodology*: Methods and Technique, New Delhi: New Age International Publishers.

Kumar, R. (2005). *Research methodology*: step by step guide for beginners. London: sage publishers.

Langan, J. (2005). College writing skill. Network: Mc Growth.

Larson, M. L. (1984). *Meaning-based Translation*: A Guide to Cross-Language Equivalence. Lanham, MD, University Press of America.

Liulseged Erikum (1994). *Language Use in Resettlement Sites.* The Case of Angerguttin, Dimtu,Ilu Aba Bora and Gambela. In Bahiru Zewude etal (eds.). Preceding of the Eleventh International Conference of Ethiopian Studies. Addis Ababa: Institute of Ethiopian Studies.

Long Man. (1987). *Dictionary of Contemporary English:*Great Britain by Richard caly Ltd.

Lyons, J. (1981). *Language and Linguistics: An introduction*. Cambridge: Cambridge University Press.

Maher,C. ( 1996). *Language on trial: The Plain English guide to legal writing*. New Delhi: Univesal Law Publishing CO.PVT.Ltd.

Makodia,V. (2007). *Communication miscommunication: a pragmatic study of Legal discourse.* Kan Sai Gaidi University Japan (un pulished).

Mana Maree Federeeshinii. (1987). *Heera Mootummaa Federaalaa*. Finfinnee.

Mana Murtii Waliigalaa. (2004). *Qajeelfama Sirna Dhaddachaa Lakk.6*. Finfinnee.

Matras, Y. (2009). *Language Content*. Cambridge: Cambridge University Press.

Mehal, M. (2003). *Psychological aspects of Natural Language our Words, Our Selves*. Austin: University of Texas.

Meyer,Ronny(2006). "*Amharic as Lingua Franca in Ethiopia"in LISSAN-Journal of African Languages and Linguistics*,volume XX,no.1/2,2006.

Milkeessaa Midhaagaa,(2015). "Afaan Oromoofi Imaammata Afaanii Biyya Itoophiyaa

1855-2015.Finfinne, Oromiyaa.

Mulugeetaa Warquu. (2005/2013). *Qaacceessa Itti fayyadaama Afaan Oromoo Aanaa Daandii*. Yuunveersiitii Addis Aababaa. (Kanhin maxxanfamiin).

Newmark, P. (1988). *Approaches to Translation*. Landon: Cambridge University Press.

Nida, E. an Taber, C. (1974) *The Theory and Practice of Translation*. Netherlands: The United Bible Societies.

Olsson,J. (2009). *World Crime*:Solving Crime Through Forensic Linguistics.

New York:Continum international Publishing Group.

Owens, R, (ed). (1996). *The Translators Handbook*. Landon Bell and Bain Ltd. Glasgow.

Pincas, A. (1982). *Teaching English writing*. Oxford: Oxford university press.

Rechard Nordquist. (2019). *Shared Language Usage Practices inSpeech and Writing.https://www.thoughtco.com/richard-nordquist-1688331*

Sarantakos,S.(2005).Social Research.Beiljing:Palgrave Macmillan Ltd.

Schiffrin, D. ( 1994 ). *Approaches to Discourse Analysis*. London: T.J Ltd Press, Padstow Corn Well.

Sharon l. Pywell .(1994). *Writing that works*. Business one IRWIN/ MIRROR press.

New York

Spolsky, B. (1998). *Sociolinguistics*. New York: Oxford University Press.

Stephen,C.(1991). *An Introduction to plian language*.htpp://plian language net work.org/stephens/intro.htms.

Stockwell, P. 2002. *Sociolinguistics*: A Resource book for Students. London and New York:Routledge.

Stubbs, M. (1983). *Discourse Analysis:* The Socio Linguistics Analysis of Natural Language. Horshman: Unicus graphics L. t. d

Shuy,R. (2005). *Creating Language crimes*: how law enforcer uses and misuses. language.

New York:Oxford University Press.

Teubert, W. (2010). *Meaning, Discourse and Society*. Newyork: Cambridge University press.

Tierms, P. 1999. *Legal Language*. Chicago: Chicago University Press.

Tiersma, P.an SOlan, (2005). *Speaking of Crime*: the Language of Criminal Justice Chicago and London: The University of Chicago Press.

Tilahun Gamta. (1993). *Qubee Afaan Oromoo*: Reasons for Choosing the Latin Script for developing an Oromoo Alphabet in The Journal of Oromoo Studies. (Vol.1,No.1)

Wareing, Sh. and Thomas, L. (1999). *Language, Society and Power*. An Introduction. London: Routledge

Wasanee Bashaafi. Kaawwan. (2000). Bantuu Haaraa: Caas-lugaafi Og-Barruu Afaan Oromoo.Finfinnee. Oromiya.

William,G. (2006) .*Learning the law (13th ed.)*. UK:Sweet and Maxwell Ltd.

Wodak, R and Meyer, M. (2001). *Methods of Critical Discourse Analysis:* London: Sage Publications Ltd.

Wolff, E. (2000). "*Language and Society*". In Heine, B. and Nurse, D. (eds.)

African Languages: An Introduction. Cambridge University Press.

Wooffit, R. (2005). *Conversation Analysis and Discourse Analysis:* A Comparative and Critical Introduction. London: SAGE Publications Ltd.

Xahaa Maammaa, (2008/2016). Qaacceessa Itti Fayyadaama Afaan Oromoo Mana murtii Aanaa Agaarfaa. Yuunveersiitii Addis Aababaa(Kanhin maxxanfamiin).

Yule, G. (2010). *The Study of Language.* (4th ed.) New York: Cambridge Universtity Press.

Yule, G. (1985). *The Study of Language*. Cambridge: Cambridge University Press.

Yule, J. (2006). *The Study of Language* (2nd ed.). Cambridge: Cambridge University Press.

ሙሉነሽበቀለ (1976)፡፡"የቋንቋአጠቃቀም በነገሌቦራና፡፡" በኢትዮጵያቋንቋዎችና ስነ-ጽሑ ትምህርት ክፍል፤

ለቢኤዲግሪማሟያ የቀረበጥናት፡፡አዲስአበባ ዩኒቨርሲቲ፡፡ (ያልታተመ)

ባሳዝን (1991) የቲሲዬ ቋንቋ አጠቃቀም በአዲስ አበባ፡፡ ጎጃም በረንዳ፣ ፒያሳን አንበሳ ግቤ፡፡በኢትዮጵያ ቋንቋዎችና ስነጽሑፍ ትምህርትፍክፍል፤ ለቢኤ ዲግሪማሟያ የቀረበጥናት፡፡ አዲስአበባዩኒቨርሲቲ፡፡ (ያልታተመ)

ተመስገን (1978) "የቋንቋ አጠቃቀም በዕድገት ጥጥፋብሪካ" ፡፡በኢትዮጵያ ቋንቋዎችና ስነ-ጽሑፍ ትምህርት ክፍል፤ ለቢኤዲግሪ ማሟያ የቀረበ ጥናት፡፡አዲስ አበባዩኒቨርሲቲ፡፡ (ያልታተመ)

ትዕግስትአሰፋ (1982) ፡፡ "የፍርድ ቤቶች ሥነ-ልሳን አጠቃቀም፡፡" በኢትዮጵያ ቋንቋዎችና ስነ-ጽሑፍ ትምህርት ክፍል፤ ለቢኤ ዲግሪ ማሟያ የቀረበ ጥናት፡፡ አዲስአበባ ዩኒቨርሲቲ፡፡ (ያልታተመ)

ታደሰ (1976) የጉራማይሌ ቋንቋ አጠቃቀም፡፡በኢትዮጵያ ቋንቋዎችና ስነ-ጽሑፍ ትምህርት ፍክፍል፤ ለቢኤ ዲግሪ ማሟያ የቀረበጥናት፡፡ አዲስአበባ ዩኒቨርሲቲ፡፡ (ያልታተመ)

ነጋሽቶላ (1978)፡፡ "የቋንቋ አጠቃቀም በአዲስ አበባ እስታደዮም፡፡" በኢትዮጵያ ቋንቋዎችና ስነ- ጽሑፍ ትምህርት ክፍል፤ ለቢኤ ዲግሪ ማሟያ የቀረበ ጥናት፡፡ አዲስ አበባ ዩኒቨርሲቲ፡፡ ( ያልታተመ)

አዲስታደሰ (1997)፡፡ "በኢትዮጵያ ውስጥ ከህግ ጋር ተያያዥነት ያላቸው ጽንሰ ሀሳቦች ስያሜና አሰያየማቸው"፡፡ በኢትዮጵያ ቋንቋዎችና ስነ-ጽሑፍ ትምህርት ክፍል፤ ለቢኤ ዲግሪ ማሟያ የቀረበ ጥናት፡፡አዲስ አበባ ዩኒቨርሲቲ፡፡ (ያልታተመ)

አብደላ (1980) የቋንቋ አጠቃቀም በፓዌ ፡፡በኢትዮጵያ ቋንቋዎችና ስነ-ጽሑፍ ትምህርት ፍክፍል፤ ለቢኤ ዲግሪ ማሟያ የቀረበጥናት፡፡ አዲስ አበባ ዩኒቨርሲቲ፡፡ (ያልታተመ)::

ደረጀመንገሻ (1979)፡፡ "የቋንቋ አጠቃቀም በአዲስ አበባ ማረሚያቤት"፡፡ በኢትዮጵያ ቋንቋዎችና ስነ-ጽሑፍ ትምህርት ፍክፍል፤ ለቢኤ ዲግሪ ማሟያ የቀረበ ጥናት፡፡ አዲስ አበባ ዩኒቨርሲቲ፡፡ (ያልታተመ)

ጫኔ (1980) ልሳነ ብዙህነትና የቋንቋ አጠቃቀም በባቲ ከተማ በኢትዮጵያ ቋንቋዎችና ስነ-ጽሑፍ ትምህርት ፍክፍል፤ ለቢኤ ዲግሪ ማሟያ የቀረበ ጥናት፡፡ አዲስ አበባ ዩኒቨርሲቲ፡፡ (ያልታተመ)

# DABALEEWWAN

## Dabalee A

### Waraabbii Madda Afaanichaatiin

- who speaks to whom" refers to the participants; 'what' refers to the topic participants talk about)' "where and when" refers to the setting and socio-cultural context; "why and what" refers to the pragmatic function of the particular variety 'elect' 'code' or register is being used.
- language is a system of arbitrary vocal symbols by means of which a social group co-operates
- Language is a purely human and non-institutive method of communicating ideas, emotion and desires by means of voluntarily produced symbols
- Can focus on changes or variations that occur with a single language or dialect (different in pronunciation, grammar or vocabulary) or it can focus on changes that occur between language or dialects (switching from one language variety to another)
- Language learning and language use are a seam less whole and all of the various elements interact with each other in complex ways
- Translation is a craft consisting in the attempt to replace a written message and or statement in one language by the same message and/or statement in another language.
- Names of Firms, Private Institutions, Schools, Universities, Hospitals, etc… are in principle not translated since they are related to the SL culture.
- Translation theory main concern is to determine appropriate translation methods for the widest possible range of text or text categories. Further, it provides a frame work of principles, restricted rules and hints for translating texts and criticizing translations, a back ground for problem solving."
- Using of different instruments of data collections provides powerful research strategies for study.
- Observation is one way to collecting primary data and also purposefully systematic and selective way of watching phenomena.

# Dabalee B

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa**

**Faakaaltii Saayinsii Hawwaasummaa fi Namoomaatti**

**Muummee Afaan Oromoo**

**Bargaaffii Abbootii Seeraa, Abbaa Alangaa, Pooliisiifi Abukaatoota Mana Murtii Godiina Wallaaga Bahaafi Magaalaa Naqamtee keessaatti Hojjataniif Qophaa'e.**

**Kutaa 1.Yaada Waligalaa**

Gaaffiiwwan armaan gadii qorannooitti fayyadama Afaanii haala mana murtii Godiina Wallaaga bahaaxiinxaluuf kan qophaa'anidha. Kaayyoon qorannichaas, qorannoo digirii lammaffaa guutachuuf kan karoorfame ta'ee, argannoo qorannichaatiin immoo haalli itti fayyadama Afaan Oromoo mana murtii keessatti maal akka fakkaatu hubachiisuun yoo hanqinni mul'ate yaada furmaataa kennuufidha. Qoratichi, deebii isin laattan hundaaf duraan dursee isin galateeffachaa, deebiin isin laattan kamiyyuu akka dogongorratti akka hin ilaalamne isin hubachiisuu barbaada.Kanaaf, deebiin isin amanamummaan laattan milkaa'ina qorannoo kanaatiif iddoo guddaa qaba. Deebii keessan irratti maqaa keessan barreessuun hin barbaachisu.

**Galatoomaa** !

**Kutaa 2. Odeeffannoo Waliigalaa**

A. Gaaffiiwwan haala waliigalaaitti fayyadama Afaan Oromoo mana murtii keessatti raawwatu kanilaallaatudha.Kanaaf, gaaffiiwwan kanneen qabxii isiiniif kennamerratti hundaa'uun akkaataa hojiirra oolmaasaanii haala adeemsa hojii qabatamaa amma keessa jirtan bu'uura godhachuun malattoo √ gochuudhaan deebii keessan kennaa.

1. Saala Dhiira ☐ Dubara ☐
2. Sadarkaa barnootaa Dipiloomaa ☐ Digirii lammaffaa ☐ Digirii ☐ Sartafikeetii ☐
3. Gosa Barnoota itti leenjifame ___________________
4. Muxxannoo Hojii ____________________
5. Haala hojii Abbaa Seeraa ☐ Abbaa Alangaa ☐ Poolisii ☐ bukaatoo ☐
6. Umurii: 20-25 ☐ 26-30 ☐ 31-35 ☐ 36-40 ☐ 41fi ol ☐

**Kutaa 3.Bargaaffii**

B. Gaaffiiwwan armaan gadii haala waligala itti fayyadama Afaan Oromoo mana murtii keessatti raawwatu kan ilaallatu. Kanaaf, gaaffiiwwan kana qabxii isiniif kennamerratti hundaa'uun, akkaataa hojiirra oolmaasaanii haala adeemsa haqa mirkaneessuu amma keessa jirtan bu'uura godhachuun deebii keessan kennaa.

7. Murtee haqa qabeessa kennuudhaaf Afaan kamitti fayyadamtu ?

Afaan Oromoo ☐ Afaan Amaaraa ☐ Afaan Inglizii ☐ Hunda ☐

8. Abbootiin dhimmaa fi ragooleen afaan kamitti fayyadamuun yaada isaanii ibsatu?

Maaliif_________________________________________________________________

_______________________________________________________________________

9. Mana murtii keessatti afaan Oromoo ga'umsaan dubbachuun dirqamaa?

Eeyyeen ☐ Lakkii ☐

10. Murtee haqaqabeessa dabarsuuf kitaabolee seeraa afaan kamiin barreeffameetti fayyadamtu?

Afaan Oromoo ☐ Afaan Amaaraa ☐ Afaan Inglizii ☐

11. Itti fayyadama Afaan Oromoo mana murtii keessa jiru haala kamiin madaaltu?

Mijataadha ☐ Rakkisaadha ☐

12. Haqa mirkaneessuu keessatti jechooni haaraan yeroo isiin mudatan haala kamiin hiiktu?

Galmee jechootaatti fayyadamuun ☐ Haala galumsa isaatiin ☐

Akkuma jirutti fudhachuun ☐ Hunduma fayyadamun ☐

13. Hiikni afaan tokko gara afaan birootti taasifamu haqa mirkaneessuu keessatti gaheen inni qabu hagam ?

Baay'ee olaanaa ☐ Olaanaa ☐ Giddugaleessa ☐ Xiqqaa ☐

Sababni isaa haa ibsamu

______________________________________________________________________________

______________________________________________________________________________

14. Dhimmoonni armaan gadii itti fayyadama afaanii mana murtii keessatti dhiibbaa qabu moo hinqaban ?

a) Sodaa ____________________________________________________________
   Maaliif ?____________________________________________________________________
   ______________________________________________________________________
b) Dhiphuu(anxiety)________________________________________________________
   ______________________________________________________________________
   __________
c) Gammachuun ______________________________________________
   Maaliif________________________________________________________________
   Wantoonni biroo yoo jiraatan haa ibsaman

______________________________________________________________________________
______________________________________________________________________________
___________________________________________________________________________

15. Itti fayyadama afaanii irratti rakkooleen kan akka jechootaa, garaagarummaa afaanii waliin dubbii keessan daangeessan jiruu?

Eeyyeen ☐ Lakkii ☐

16. Gaaffii lakkoofsa 15 deebiin keessan eeyyeen yoo ta'e wantoota waliin dubbii keessan daangeessan ibsaa

___________________________________________________________________________

___________________________________________________________________________

______________________________________________________________________

17. Abbootiin dhimmaa fi ragooleen jechoota seeraa karaan ittiin baratan diriireefi jiraa?

Eeyyeen ☐ Lakkii ☐

Sababoota isiinitti fakkaatu ibsaa

___________________________________________________________________________

___________________________________________________________________________

______________________________________________________________________

18. Afaan Oromoo dhaddacha ijibbaataa kan federaalaa irratti akka hingaggeeffamne qajeelfamni daangeessuu jiraa?

Eeyyeen ☐ Lakkii ☐

Sababni isaa osoo ibsamee______________________________________________________

___________________________________________________________________________

______19. Adeemsa Murtee dabarsuufi Murtee fudhachuu keessatti rakkoolee itti fayyadama afaanii irratti isin mudaate tarreessaa?_____________________________________________________

___________________________________________________________________________

___________________________________________________________________________

20. Afaan Oromoo Afaan seeraa ta'ee erga hojiirra oolee waggoota muraasa lakkoofsiseera.Yeroo ammmaa kanas haala gaariin itti hojjatamaa jira.Hojii seeraa mirkaneessuu keessaatti ciminaafi hanqina isiin qunaman nuuf ibsituu?

___________________________________________________________________________

# Dabalee C

## Kutaa 4.Bargaaffii

D. Gaaffiiwwan haala waliigalaaitti fayyadama Afaan Oromoo mana murtii keessatti raawwatu kanilaallaatudha.Kanaaf, gaaffiiwwan kanneen qabxii isiiniif kennamerratti hundaa'uun akkaataa hojiirra oolmaasaanii haala adeemsa hojii qabatamaa amma keessa jirtan bu'uura godhachuun malattoo √ gochuudhaan deebii keessan kennaa.

| Lakk | Gaaffilee Dhiyyaatan | Eeyyee | Lakki | Hamma tokko |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Maamiltoonni koo dhimma isaanii rakkoo Afaanii tokko malee xumuratanii galu | | | |
| 2 | Jechootaa seeraa mana murtii keessaatti itti gargaaraman sirriitti beekuunn itti gargaaraamu. | | | |
| 3 | Yeroo baayyee jechoota mana murtii keessaatti dubbataman beekanii itti fayyadamuu dhabuurraa kan kaa'e dhugaan qaban duraa miliqa. Ykn immoo baasii hintaaneef nisaaxilamu. | | | |
| 4 | Jechoota mana murtii keessaatti dubataman haala salphaa ta'een itti fayyadamuu nin dandaa'u. | | | |
| 5 | Maamila keenyaaf haala itti fayyaadaama afaanii mana murtii keessaarraatti yeroo yerootti hubannoo nikeennina. | | | |
| 6 | Haqa qabaniin falmii isaanii moo'achuuf afaan Oromoo qofaatti fayyadamu. | | | |
| 7 | Murtee dabarsuufis ta'e murtee fudhachuuf itti fayyaadaamni afaanii dhiibbaa qaba. | | | |
| 8 | Mana murtii keessa jechoonni haaraan namoonni baayyeen hubachuu hindandeenye hedduun jiru. | | | |
| 9 | Jechoota abbootiin alangaa, habukaatooniifi abbootiin seeraa waltajjiirraa dubbatan hundayyuu salphaatti hubachuu nidandaa'u. | | | |
| 11 | Kitaabilee seeraa ,Danbiiwwaniifi qajeelfamoota seeraa akka isaan dubbisan hubannoo nikeenniina. | | | |

**Dabalee D**

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa**

**Faakaaltii Saayinsii Hawwaasummaa fi Namoomaatti**

**Muummee Afaan Oromoo**

**Bargaaffii Abbootii Dhimmaafi Ragooleef Itti Fayyadama Afaan Oromoo Haala Mana Murtii Godiina Wallaaga Bahaatti qophaa'e**.

**Kutaa 1. Yaada Waliigalaa**

C. Gaaffiiwwan haala waliigalaa itti fayyadama Afaan Oromoo mana murtii keessatti raawwatu kanilaallaatudha. Kanaaf, gaaffiiwwan kanneen qabxii isiiniif kennamerratti hundaa'uun akkaataa hojiirra oolmaasaanii haala adeemsa hojii qabatamaa amma keessa jirtan bu'uura godhachuun malattoo √ gochuudhaan deebii keessan kennaa.

**Galatoomaa!**

**Kutaa 2. Odeeffannoo Waliigalaa**

1. Saalaa dhiira ☐ Dubara ☐
2. Umurii 18-25 ☐ 26-35 ☐ 36-55 ☐ 56 ol ☐
3. Afaan tokkoffaa___________ Afaan lammaffaa__________ Afaan sadaffaa__________
4. Haala Barnootaa Kanbarate ☐ Kan hinbaratiin ☐
5. Bakka Jireenyaa Magaalaa ☐ Baadiyyaa ☐
6. Dhimmi isaa Himataa ☐ Himatamaa ☐ Ragaa ☐

**Kutaa 3. Bargaaffii**

Gaaffiiwwan armaan gadi haalli waliigala Itti fayyadama Afaan Oromoo mana murtii keessatti maal akka fakkaatu agarsiisuu irratti xiyyeeffata.Kanaaf, gaaffiiwwan armaan gadii akkaataa hojiirra oolmaasaanii haala adeemsa amma qabatamaan mana murtii keessatti argiitan bu'uura godhachuun deebii keessan kennaa.

7. Dhimma keessan mana murtiitti afaan kamiin dhiyeeffatu?

Afaan Oromoo ☐ Afaan Amaaraa ☐ Kan biro ☐

8. Itti fayyadama afaanii mana murtii keesatti qabdan wantoonni daangeessan jiruu?

Eeyyeen ☐ Lakkii ☐

Deebiin keessan "eeyyn" yoota'e sababa isaa osoo ibsitanii

______________________________________________________________________

______________________________________________________________________

______________________________________________________________________

9. Itti faayyadama afaan mana murtii  keessatti qabdan haala kamiin madaaltu?

Baayy'ee gaarii ☐ Gaarii ☐ Xiqqaa ☐

Sababa isaa osoo
ibsitanii?____________________________________________________________

Jechoota armaan gadii dubbiisuun "sirrittan hubadha" "gidugaleessaanan hubadhaafi" "hubachuuf natti cima" jechuun gabatee armaan gadii keessatti mallattoo √ guutuun agarsiisi.

| **Jeechoota** | **Sirritan hubadha.** | **Giddugaleesaanan hubadha.** | **Hubachuuf natti cima.** |
|---|---|---|---|
| Abukaatoo | | | |
| Jecha kakuu | | | |
| Amaakiroo | | | |
| Turtii yeroo(Yirgaa) | | | |
| Sanada | | | |
| Dhorka | | | |
| Dhaddacha | | | |
| Gaaffii qaxxaamuraa | | | |
| Mexriyaa(xalayaa waamichaa) | | | |
| Adabbii salphiisuu | | | |
| Adabbii cimsuu | | | |
| Kisaaraa | | | |
| Dubbii fixaa | | | |
| Ol iyyannoo | | | |
| Turjumaana | | | |

10. jechoota armaan olii irratti hundaa'un

A.sirrittan hubadha yoo jette, sababa isaa osoo ibsamee?

________________________________________________________________________________
________________________________________________________________________________
________________________________________________________________________________
__________

B. Hubachuuf narakkisa yoo jette sababa isaafi furmaata isaa osoo ibsite

________________________________________________________________________________
________________________________________________________________________________
________________________________________________________________________________
___________

11. Dhimmoota Abbaan Seeraa dhaddacha irratti dubbatu ifaan iffatti hubattuu?

Eeyyeen ☐ Lakkii ☐

Lakki yoo jettan sababa isaa

________________________________________________________________________________
________________________________________________________________________________

12. Waliin dubbii Abbaa Seeraa waliin mana murtii keessatti gootan haala kamiin madaaltu?

Olaanaa ☐ Giddugaleessa ☐ Xiqqaa ☐

Deebii keessaniif sababni maal akka ta'e osoo ibsaman

________________________________________________________________________________
________________________________________________________________________________

13. Haaloonni mana murtii keessa jiran hawaasni afaan isaa seeraan akka itti fayyadamu taasiisaa?Eeyyen ☐ Lakk ☐

Lakki yoo ta'e sababa isaa osoo ibsamee

______________________________________________________________

______________________________________________________________

14. Hiika afaan biro gara afaan Oroomotti ta,u eenyuutu isiiniif hiika?

Ogeessa seeraa ☐ Ogeessa afaanii ☐ Nama eeyyama hiikaa qabu ☐ Kan ☐ biro

15.Yeroo Abbaa Seeraa fuldura dhaabbattan maaltu isinitti dhagahama?

Sodaa Gammachuu ☐ Dhiphina ☐ ☐

Maaliif______________________________________________________

______________________________________________________________

16. Itti fayyadama afaanii mana murtii keessatti akka rakkootti kan argitan barreessaa

______________________________________________________________

______________________________________________________________

17. Yaada itti fayyadama afaan mana murtiitti jiraniif furmaata ta'uu danda'u jettu barreessi

______________________________________________________________

______________________________________________________________

______________________________________________________________

**Dabalee E**

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa**

**Faakaaltii Saayinsii Hawwaasummaa fi Namoomaatti**

**Muummee Afaan Oromoo**

**Kutaa 4.Bargaaffii**

D. Gaaffiiwwan haala waliigalaaitti fayyadama Afaan Oromoo mana murtii keessatti raawwatu kanilaallaatudha.Kanaaf, gaaffiiwwan kanneen qabxii isiiniif kennamerratti hundaa’uun akkaataa hojiirra oolmaasaanii haala adeemsa hojii qabatamaa amma keessa jirtan bu’uura godhachuun malattoo √ gochuudhaan deebii keessan kennaa.

| Lakk | Gaaffilee Dhiyyaatan | Eeyyee | Lakki | Hamma tokko |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Dhimmakoo rakkoo Afaanii tokko malee xumuradheen gala. | | | |
| 2 | Jechootaa seeraa mana murtii keessaatti itti gargaaraman sirriitti beekeen itti gargaaraama. | | | |
| 3 | Yeroo baayyee jechoota mana murtii keessaatti dubbataman beekee itti fayyadamuu dhabuurraa kan kaa’e dhugaan qabu naduraa miliqa. Ykn immoo baasii hintaaneef nasaaxila. | | | |
| 4 | Jechoota mana murtii keessaatti dubataman haala salphaa ta’een itti fayyadamuu nin dandaa’a. | | | |
| 5 | Ogeessoonni seeraa haala itti fayyadaama Afaanii mana murtii keessaarraatti hubannoo nuuf kennu. | | | |
| 6 | Haqan qabu mirkaneeffachuuf afaan oromoo qofaatti fayyadama. | | | |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| 7 | Murtee dabarsuufis ta’e murtee fudhachuuf itti fayyaadaamni afaanii dhiibbaa qaba. | | | |
| 8 | Murtee dabarsuufis ta’e murtee fudhachuuf itti fayyaadaamni afaanii dhiibbaa tokkollee narraatti hinqaabu. | | | |
| 9 | Mana murtii keessa jechoonni haaraan namoonni baayyeen hubachuu hindandeenye hedduun jiru. | | | |
| 10 | Jechoota abbootiin alangaa, habukaatooniifi abbootiin seeraa waltajjiirraa dubbatan hundayyuu salphaatti hubachuu nandaandaa’a. | | | |
| 11 | Kitaabilee seeraa ,Danbiiwwaniifi qajeelfamoota seeraa tokko tokko nindubbiisa. | | | |
| 12 | Kitaabilee seeraa ,Danbiiwwaniifi qajeelfamoota seeraa dubbisee hinbeeku | | | |
| 13 | Abbaa alangaa fuuladura ijaajjee soda tokko malee jechoota seeraatti fayyadamee falmii gaggeessuu nindandaa’a. | | | |
| 14 | Himatas ta’e, deebii himata koo bilisa ta’ee Afaan Oromoonan dhiyyeeffadha. | | | |

**Dabalee F**

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa**

**Faakaaltii Saayinsii Hawwaasummaa fi Namoomaatti**

**Muummee Afaan Oromoo**

**Afgaaffii Itti Gaafatamtoota Waajjiraatiif Dhiyaate**

Afgaaffiin kun gaaffiiwwan afaanii itti gaafatamtoonni waajjiraalee dhimma itti fayyadamni afaan Oromoo mana murtii keessatti maal akka fakkaatu qaacceessuuf qophaa'edha.

**Kutaa 1. Odeeffannoo Waliigalaa**

1. Maqaa mana hojii ________________________
2. Guyyaa gaaffiin dhiyaate ___________ 3. Sa'aatii ________ 4.Saalaa ___

5. Umurii _______________ 6.Sadarkaa barumsaa _________

7. Gahee hojii _______________________

**Kutaa 2. Qabxii Ijoo Gaaffii Afaaniif Dhiyaatan**

1. Murtee haqaa kennuuf afaan kamitti fayyadamtu?
2. Abbootiin dhimmaafi ragooleen afaan kamitti fayyadamuun yaada isaanii ibsatu?
3. Adeemsa hojii keessatti rakkooleen itti fayyadama afaanii abbootii dhimmaafi ragoolee biraa isiin qunaman jiruu?
4. Namoota itti fayyadama afaanii irratti hubannoo hinqabneef deegarsa akkamitu godhamaaf?
5. Afaan Oromoo afaan haqa ittiin mirkaneessan ta'uu isaatti yaada maal qabdu? Ciminaafi hanqina naannoo kana jiran maaljetu?
6. Hiikni afaan biroo gara afaan Oromootti hiikamu Ogeessoota afaaniitiinfi jechoota teekniikaa ogummaa xiyyeeffatanii haalaan hiikamuu?
7. Abbootiin dhimmaa Afaan seera akka baraniif haalli diriire jira?
8. Qajeelfamni ittifayyadamni Afaan Oromoo hanga mana murtii waligala Oromiyaa qofatti jedhu jiraa?

9. Abbootii dhimmaa afaan seeraa mana murtii hinbeekne yoo isin mudaate maalgootu?

Abbaan dhimmaa mana seeraa dhufu kamuu afaan seeraatti fayyadamuun dirqamadhaa?

10. Abbaa dhimmaa turjumaanaan falmii gaggeessu akka carraa afaan maddaa sirriitti hiikuu dadhabee dhugaan maamilasaa jalaa hafuu yoo hubatan maalgootu?

**Galatoomaa!**

**Dabalee G**

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa**

**Faakaaltii Saayinsii Hawwaasummaa fi Namoomaatti**

**Muummee Afaan Oromoo**

**GAAFFILEE SAKATTAA'A DOOKOMENTIIF DHIYYAATE**

1. Himaatniifi deebiin himataa dookomentii adda addaa keessa barrreeffamaan jiraachuu.
2. Galmeen Himataafi himatamaa,ragooleefi abbaa dhimmaa jiraachuu.
3. Murteen dhimmoota yakkaa, Hariiroo hawwaasaa adda addaa barreeffamaan jiraachuu.
4. Itti fayyadama afaanii galmeewwaan adda addaa kan duriifi kan ammaa walbira qabuun ilaaluu.
5. Qajeelfamootni, dambiiwwaniifi kitaabilee seeraa ilaaluu.
6. Tarkaanfiiwwan adda addaa fudhataman ilaaluu.
7. Dhimma garaa garaaf fkn, ragaaf deemee rakkoo itti fayyadaama afaaniirraa kan ka'e kantarkaanfiin irraatti fudhataame yoo jiraate ilaaluu.
8. Itti fayyadaamni afaanii kan qaamolee adda addaa karaa ifa ta'een barreeffamaan jiraachuu isaa adda baasuu.
9. Galmeewwan dhuunfaa ,Gareefi kan mootummaa adda baasuun ilaaluu.
10. Galmeewwan daa'immaniifi dubartootaa akkaataa itti faloo argatan sakatta'uu.